# XIINXALA HARIIROO MOGGAASA MAQAA GUYYOOTAAFI AYYAANA GUYYOOTAA JI'AA DHAHA GUJII

**WAAQUMAA WAAMII**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMATAA (MA) GUUTTACHUUF MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOOLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**HAGAYA, 2010/2018**

**FINFINNEE**

**XIINXALA HARIIROO MOGGAASA MAQAA GUYYOOTAAFI AYYAANA GUYYOOTAA JI'AA DHAHA GUJII**

**WAAQUMAA WAAMII**

**GORSAA:**

**XILAHUUN TALIILAA (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO DIGIRII LAMMATAA (MA) GUUTTACHUUF**

**MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUUFI FOOKLOORIIF DHIYAATE**

**YUUNIVARSIITII FINFINNEE**

**KOOLEEJJII NAMOOMAA QO'ANNOO AFAANII, JORNAALIZIMII FI QUUNNAMTII MUUMMEE AFAAN OROMOO, OGBARRUU FI FOOKLOORII**

**HAGAYA, 2010/2018**

**FINFINNEE**

**Yuunivarsiitii Finfinnee Dhaabbata**

**Qorannoo Digirii Lmmataa Booddee**

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii ittiin guuttachuuf Waaqumaa Waamiitiin, mata –duree: Xiinxala Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa Ji’aa Dhaha Gujii irratti qophaa’e deemsa barbaachisu guutee dhiyaateedha.

Koree Qormaataa

Qoraa Alaa _______________________Mallattoo ______Guyyaa _________

Qoraa Keessaa ____________________Mallaattoo _____Guyyaa ________

Gorsaa ___________________________Mallattoo ______Guyyaa ________

## Waraqaa Mirkaneeffannaa

Qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame kun waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa kootii ta'usaafi yaadawwan qorannoo kanaaf dubbise hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaan Qorataa ____________________________________________________

Mallattoo ____________________________________

Guyyaa _____________________________

Ani Dr.______________________________________ barataan kun hojiin isaa of ittisuuf dhiyaachuu danda'uu isaa mallattoo kootiin mirkaneesseera.

Maqaa _______________________________________________________________

Mallattoo ____________________________

Guyyaa ___________________________

***Axeerara***

*Qorannoon kun hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa jJi'aa Dhaha Gujii xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatedha. Bu'uura kanaan, maqaaleen guyyootaa ji'aa kanneen ji'a Hagayaa keessatti argaman funaanamanii akkaataa tartiiba isaaniin erga taa'anii booda, ragaa haala moggaasa itti argatanii funaaname irratti hundaa'uun hariiroon moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa gidduu jiru xiinxalamuun dhiyaataniiru.  Dabalataanis, hariiroo moggaasaa maqaa ji'ootaafi ayyaana ji'ootaa, haala hedannaa tibbaafi gadaa xiinxaluun qaaccessuun danda'ameera. Moggaasni maqaa namaafi dhaha Gujiis hariiroo qabaachuu qoqqoodamiinsa yeroo guyyaafi halkanii, ayyaanota ji'aa, ji'aafi haala ji'aa, tibbaafi gadaan wolqabtee ilmaan Gujiif moggaafamaa turaniifi jiran turtiifi ittifufiinsa dhahaaf bu'uura ta'anilleen ibsameera. Haaluma kanaan, haala hedannaa dhahaafi seenduubee abbentaa dhaha Gujii (qaalluufi abbootii gadaa); akkasumas, sirna bulchiinsa qaalluufi sirna gadaan wolqabsiisuun haala dhahi Gujii keessa tureefi keessa jiru xiinxaluun dhiyeesseera. Kana keessattis, dhimmoota hedannaan dhaha Gujii cimee akka itti hinfufneefi laafu taasisan jedhamanii qorannoo kanaan bira ga'aman xiinxaluun dhiyaateera.Kana malees, ga'ee dhahi Gujii jiruufi jireenya Gujii keessatti qabu duudhaalee biroo utubaa turmaata dhaha Gujii ta'aniin wolqabsiisuun xiinxalamee dhiyaateera. Qorannoon kunis, dhimmamtoota dhaha Oromoofi waa'ee dhaha Oromoo qorachuufi beekuu barbaadanii qarqarumatti moggaasni maqaalee dhaha Oromoo bakka adda addaatti ibsaman keessummaa itti ta'u hanga tokko furuu keessatti nilakkaawama jedhameeti malee guutumaa guutuutti waa'ee dhaha Oromoo(Gujii) dhiyeesse jechuu akkaa hintaane hubatamuu qaba.Kana waan ta'eef, duudhaa Oromoo calaqqee beekumsa, qaroomina, falaasama, hayyummaafi woyyummaa Oromoo(Gujii)ta'e, dhaha Oromoo Gujii caalaatti qorachuun gara fuulduraatti  tajaajila idilaawaa ummatni Oromoo akka woliigalaatti bara ittiin lakkaawatu gochuuf namoonni dhuunfaafi dhaabbileen dhimmi ilaallatu cufti ga'ee isaanii ba'uu qabu. Dhahi Oromoo gadaa Oromooti! Gadaan Oromoos waahallee Oromooti!*

## Galata

Hunda dura hayyootaafi qabsaa'ota Oromoo ofbarree, wolis barree, afaan keenyaan barannee akka wolbarsiisnu aarsaa qaalii kanfalaa turaniifi kanfalaa jiraniif galanni koo dachaadha. Akkasumas, abbootii beekumsaa, qaroominaa, hayyootaafi woyyuu dhaha Gujii qomatti qabattanii labata haaraa qomootti nuffii tokko malee laattan galanni keessan umrii dheerachuu haata'u! Dhuguma isin hayyuufi woyyuu Oromooti. Yoomiyyuu hayyummaafi woyyooma qabaadhaa! Itti aansuudhaan, adeemsa koorsii Fookiloorii barsiisuu keessatti, seexaa waa'ee fookiloorii Oromoo yaaduufi qorachuu akka horannu nutti horuutii  hanga gorsa karaa milkaa'ina qorannoo kanaatti nuffiifi ifaatuu tokko malee gorsa hayyummaafi sabboonummaa roobsuun na cina dhaabbatan, gorsaa koo Dr. Xilahuun Xaliilaaf galannin qabu olaanaadha.

Akkasumas, abbaa koo utuu ofiif hinbaratiin dheebuu barnootaa isaanii karaa koo dhuganii dheebuu ba'uuf, haala rakkisaa keessa taa'anii anaaf haala mijataa uumuun kanaan naga'an obbo Waamii Nagawoon baga gammdde jechaa; deessuu koo milkaa'ina ilmaan ishee arguuf, mana jige utubuufi maatii bittinnaa'e wolitti fiduuf utuu rooratuu wayitan barnoota sadarkaa lammaffaa baradhutti addunyaa kanarraa boqotte, aadde Obsee Guutaa ganni koo niga'a yoo ta'e kan jannatati. Ittiin si yaadachuuf ga'aadha taanan, barruuf barri kun yaadannoo kee naaf haata'an!

Dabalataanis, firiin qorannoo kanaa akka milkaa'u haalduree barbaachisan guutuudhaan, fulaan laafetti humna kan naaf taate haadha manaa koo aadde Hawwii Kabbeefi mucaa koo ganna lamaaf nuusaa yeroon qorannoo kana dalagutti najeequ akka humna gargaarsaatti waanan lakkaa'uuf Singitan nangalateeffadha.Qoonni qorannichaas, eebbi eebbifamaas kan woliinii waan ta'eef, hoodhaa! Ammoo, baga gammaddan!

Dhumarrattis, namoonni kallattii adda addaan qorannoo kana keessatti deeggarsa taasistan hundi, hoggansiifi ogeeyyiin sona aadaa Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii Bahaa, Gujii Lixaafi Aanaa Abbayaa odeeffannoo kennuutii hanga haala mijeessuutti tumsi milkaa'ina qorannichaaf taasiftan olaanaa waan ta'eef galannin isiniif qabu guddaadha.

**Hiikaa Jechoota Barbaachisoofi Gabaajee**

1. **Hiikaa Jechoota Barbaachisoo:**

Addeessa – 1. Ji’a, Baatii

2. Ifa, faallaa dukkanaa

Ayyaana Ilmaan Ormaa – ayyaana eebbaa, guyyaa eebbaa

Baallii – aangoo, gadaa

Beellama sangaa - sangaa baay’ee guddaa ta’e

Bidirsaa – kanniisa/ kinniisa bifa diimatu

Buusaa - urjii torba taatee wolbira teessu kan torbii buusaa waaqaa jedhamuun beekkamtu

Dhaala miiloo – sirna obboleessi yoo du’e obboleessi dhaalu

Dimma - dukkana Ji’a hinqanne, dukkana cillima, dukkana limixii

Dukkana – guyyoota goobana ji’aatiin boodaa

Gabalaa – daangaa, timjii

Gaddabara – guyyaa dhuma ji’aa, kan baay’ee dukkanaa’uufi sodaatamu, milkidhabeessa

Goobana – ji’a guutummaatti ba’e

Kaayoo – ayyaana, milkii, faroo

Lu’oo/Lo’oo – ji’a xiqqoo yeroo jalqabaa baatu, kan name hundi akka salphaatti hinargine

Qumbii – muuda, eebba

Qumbii nyaate – muudame, kakuu seene, woyyuu ta’e

Qachaan - Qussumni/qubsuma, bakka yaa’i itti qubatu

Woyyuu – eebba waaqaa

Yaa’a – yuubota jilaaf ardaa jilaatti woliin hiriira galanii deeman, gurmuu yuubaa

2. **Gabaajeefi Kottoonfachiisa**

| | |
|---|---|
| ALW | Akka Lakkoofsa Waaqeffannaa |
| Fkn | Fakkeenya |
| JOS | Journal of Oromo Studies |
| Kkf | Kan kana fakkaatan |
| OSA | Oromo Studies Association |
| WADO | Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo |
| WAT | Waajjira Aadaafi Turizimii |
| Ykn | Yookaan |

**Baafata**


Axeerara ..... i

Galata ..... ii

Hiikaa Jechoota Barbaachisoofi Gabaajee ..... iii

Baafata ..... v

Tartiiba Fakkiiwwanii ..... x

Tartiiba Gabateewwanii ..... x

BOQONNAA TOKKO: SEENSA ..... 1

1.1. Ariirrata ..... 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa ..... 3

1.3. Kaayyoo Qorannichaa ..... 5

1.3.1. Kaayyoo Gooroo ..... 5

1.3.2. Kaayyoo Gooree ..... 5

1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa ..... 6

1.5. Daangaa Qorannichaa ..... 6

1.6. Hanqina Qorannichaa ..... 7

1.7 . Haala Waliigala Bakka QorannoonItti Gaggeeffamee ..... 8

1.7.1 Haala Teessuma Lafaafi Haala Qilleensaa ..... 8

1.7.2 Baay'inaafi Jiruuf Jireenya Ummataa ..... 8

1.7.3 Hidda latiinsa Gujii ..... 9

1.7.4 Qabeenya Uumamaafi Hawwata Tuurizimii ..... 12

1.7.5 Fookiloorii Hawaasichaa ..... 14

1.7.5.1 Sirna Bulchiinsa Qaalluu ..... 16

BOQONNAA LAMA: Sakatta'a Barruu ..... 25

2.1 Yaadrimee Fookloorii ..... 25

2.1.1 Maalummaa Fookiloorii ........ 25
2.1.2 Akaakuu Fookloorii ........ 26
2.1.2.1 Afoolaafi Gosoota Afoolaa ........ 26
2.1.2.2 Meeshaa Aadaa ........ 29
2.1.2.3 Aartii Duudhaa Hawaasaa ........ 30
2.1.2.4 Duudhaa Hawaasaa ........ 30
2.1.3 Faayidaa Fookiloorii ........ 31
2.2 Dhaha ........ 32
2.2.1 Seenaa Dhaha Addunyaa ........ 33
2.2.1.1 Dhaha Chaayinaa ........ 34
2.2.2 Bu'uura Dhaha Addunyaa ........ 35
2.2.2.1 Akaakuu Dhaha Addunyaa ........ 37
2.3 Seenaa Dhaha Oromoo ........ 41
2.3.1 Akaakuu Dhaha Oromoo ........ 43
2.3.2 Bu'uura Moggaasa Dhaha Oromoo ........ 44
2.3.2.1 Ayyaanaa ........ 45
2.3.2.2 Ayyaantuu ........ 46
2.3.3 Fuulleffata Moggaasa Dhaha Oromoo ........ 47
2.3.3.1 Guyyaa ........ 47
2.3.3.2 Torbee ........ 49
2.3.3.3 Ji'a ........ 50
2.3.3.4 Waktii/Tibba ........ 50
2.3.3.5 Gadaa ........ 51
2.4 Hariiroo Dhahaafi Duudhaalee Oromoo Biroo ........ 52
2.5 Yaaxxina Xiinsammuu ........ 52

2.6 Qorannoowwan Walfakkii ........ 53
BOQONNAA SADI: Mala Qorannoo ........ 56
Seensa ........ 56
2.7 Mala Qorannichaa ........ 56
2.7.1 Iddattoo ........ 57
2.7.2 Adeemsa Funaansa Ragaawwanii ........ 57
2.7.2.1 Afgaaffii ........ 58
2.7.2.2 Marii Garee ........ 58
2.7.2.3 Daawwannaa ........ 58
2.8 Muuxannoo Dirree Aloolaa ........ 59
2.8.1 Meeshaalee Waraabbii ........ 59
2.8.2 Naamusa Ogummaa ........ 59
2.9 Mala Xiinxala Ragaawwanii ........ 60
BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA ........ 61
Seensa ........ 61
4.1 Haala Woliigalaa Dhaha Gujii ........ 61
4.2 Hariiroo Moggaasa Maqaafi Ayyaana Dhaha Gujii ........ 65
4.2.1 Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa ........ 65
4.2.1.1 Karaabicha ........ 66
4.2.1.2 Gardaaduma ........ 66
4.2.1.3 Busaawaa qaraa ........ 67
4.2.1.4 Busaawaa gidduu ........ 67
4.2.1.5 Busaawaa eegee ........ 67
4.2.1.6 Gidaadaa ........ 68
4.2.1.7 Ruuda ........ 69

4.2.1.8 Areerii Badhoo ........................................................................................ 70
4.2.1.9 Areerii Garbittii ...................................................................................... 70
4.2.1.10 Adulaa qaraa ......................................................................................... 71
4.2.1.11 Adulaa eegee......................................................................................... 71
4.2.1.12 Harrattuu............................................................................................... 72
4.2.1.13 Deettii ................................................................................................... 72
4.2.1.14 Garba .................................................................................................... 72
4.2.1.15 Bita qara................................................................................................ 73
4.2.1.16 Bita gidduu ........................................................................................... 73
4.2.1.17 Bita eegee ............................................................................................. 73
4.2.1.18 Soorsa ................................................................................................... 74
4.2.1.19 Algaajima.............................................................................................. 74
4.2.1.20 Arba ...................................................................................................... 74
4.2.1.21 Bolla...................................................................................................... 75
4.2.1.22 Basaa qaraa .......................................................................................... 75
4.2.1.23 Basaa eegee.......................................................................................... 75
4.2.1.24 Carraawa .............................................................................................. 76
4.2.1.25 Dureettii ................................................................................................ 76
4.2.1.26 Dullattii ................................................................................................. 77
4.2.1.27 Shalbaana bidirsaa ............................................................................... 77
4.2.1.28 Salbaana deettii..................................................................................... 78
4.3 Hariiroo Moggaasa Maqaaa Ji’ootaafi Ayyaana Ji’ootaa ................................................ 78
4.4. Hariiroo Moggaasa Maqaa Tibbaafi Ayyaana Tibbaa ..................................................... 85
4.5. Gadaa........................................................................................................... 86
4.6. Sadarkaa Dhahi Gujii Irra Jiru ..................................................................... 87

4.7 Ga’ee Dhahi Gujii Jiruuf Jireenya Gujii Keessatti Qabu .................................................. 88

2.8.Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi  Dhahaa Gujii ....................................................... 89

1.8.1 Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Dhahaa Haala Guyyaafi Halkanii Keessatti....... 89

1.8.2 Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Dhaha Gujii Ayyaana, Ji’a, Tibbaafi Gadaa Keessatti.................................................................................................................. 91

BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOO FI YABOO ..............................................94

5.1 Gudunfaa ...................................................................................................................... 94

5.2 Argannoo ...................................................................................................................... 94

5.3 Yaboo ........................................................................................................................... 98

Wabii.............................................................................................................................100

**Tartiiba Fakkiiwwanii**

Fakkii 1 - Kaartaa Godina Gujii .......................................................................................9
Fakkii 2 - Hidda latiinsa Gujii (Waajjira Aadaafi Tuurizimii Gujii Lixaa) ................................10
Fakkii 3- Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Gujii Jemjem & Dhadacha(2011:62fi 66) ................11
Fakkii 4- Buna, Soodduufi Bobbacaa .........................................................................12
Fakkii 5- Fincaawaa laga gabartichaa (WAT godina Gujii) .......................................................13
Fakkii 6- Bosona Naannawa Me'ee Bokkoo( qorataan 16/08/2010 kaafame) .............................13
Fakkii 7 – Meeshaalee Aananii Bu'aa Aartii Haawwota Gujii .....................................................14
Fakkii 8 - Faayaafi Faayama Durrafi Hawwootaa Gujii (Youtube.com TVOromiyaa) ...............15
Fakkii 9 - Taattoo hortee Qaalluu mul'isu ........................................................................17
Fakkii 10 - Abbootii Qaalluu Oromoo Gujii(WAT aanaa Abbayaa) ...........................................17
Fakkii 11 -Yaa'a Qaalluun Durfamuu ........................................................................18
Fakkii 12 - Aagaa Saqoo Qaalluu Gujii 16ffaa ...........................................................19
Fakkii 13 - Mokkonnaa Nagawoo( Abbaa Qaalluu, gorsa qaalluu ammaa) ................................20
Fakkii 14 - Yaa'aa Sirna Wolharkaa Fuudhinsa Baallii 2008 .....................................................21
Fakkii 15 - Ragaa Abbootii Gadaa Gujii jalqabaa hanga ammaatti argisiisu ..............................22
Fakkii 16 - Obbo Garasuun qorannoo dhahaa yoo dhiyeessu .....................................................41
Fakkii 17- Soodduu arkiyoo-astiroonoomii Namoraatungaa kaaba Keenyaa keessatti argamuu..42
Fakkii 18 - Bakkalchaafi Urjiilee Buusan ....................................................................43
Fakkii 19 - Gurmuuwwan Urjii .............................................................................44
Fakkii 20 – Bocawwan ji'aa .................................................................................62
Fakkii 21- Haala Addeessaafi Dukkanaa .......................................................................64
Fakkii 22 - Marsaa qoqqoodinsa hedannaa yeroo gyyyaafi halkanii(Akkaataa dhiyyaannaa filannaa qorataani) .......................................................................................90
Fakkii 23 - Maqaalee qoodamiinsa yeroo guyyaa irratti hundaa'uun namaaf moggaafaman ......91
Fakkii 24 - Maqaalee qoodamiinsa yeroo halkanii irratti hundaa'uun namaaf moggaafaman.....91
Fakkii 25 – Maqaalee dhaha Gujii irratti hundaa'uun moggaafaman..........................................92

**Tartiiba Gabateewwanii**

Gabatee 1 - Abbootii Gadaa Gujii (bara 1424 A.L.H. hanga 2008 A.L.H.) ..................................24

Gabatee 3 – Hedannaa Tibbaa Chaayinaa haala ji'aa irratti hundaa'u ..........................................35

Gabatee 2 – maqaa bineeldotaa ji'oota Chaayinaaf Moggaafaman...............................................34

# BOQONNAA TOKKO: SEENSA

## 1.1. Ariirrata

Ummanni Oromoo hambaalee killayyaa fookiloorii Oromoo jalatti ibsamaniifi eenyummaa, amantii, beekumsa, qaroominaafi falaasama isaa ibsan,kanneen dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsaa tureefi dabarsaa jiruhedduu qaba.Hambaalee killayyaa fookiloorii Oromoo ibsan kanniin keessaa ammoo kanneen akka sirna gadaa, dhahaa, dhugeeffannaafi kkfwalitti dhufeenya cimaa qabaniifi tokko kaan malee qofaatti beekumsa, amantii, falaasamaafi qaroomina ummata Oromoo ibsuun rakkisu heeruun nidanda'ama.

Hariiroo qabaachuu hambaalee Oromoo fookoloorii Oromoon beekumsi, amantiin, qaroominniifi falaasamni Oromoo ibsaman qaban keessaa tokko yeroo itti raawwataman qabaachuudha. Akkuma wantoonni baay'een yerooitti raawwataman qaban; hambaaleen killayyaa fookiloorii Oromoo ibsaman kunniinis,yeroo itti raawwataman qabu jechuudha.Fkn qoonni dhalli Oromoo sirna gadaa keessatti qabu, turtiin aangoofi jila baallii/aangoo kennuu yeroo/umriidhaan murtaa'a.Kunimmoo, jilli baallii kennuu sirna gadaa:bara, ji'aafi guyyaa fedhanitti kan raawwataman osoo hintaane; bara, ji'aafi ayyaana/guyyaa dhaha Oromoo irratti hundaa'uun kan raawwataman ta'uun sirni gadaafi dhahi Oromoo hidhata cimaa qabaachuu agarsiisa.Yaada kanaan kan walqabatu, Jamjamfi Dhaddacha (2011:323), "In the historical progress of the oromo people in general but the Guji community in particular gada, on top of representing the sum total of political and religious philosophy also involves the most sopheticated system of time reckoning," erga jedhee booda, "In the traditional and original oromo such as the Guji Oromo, therefore, the gada system also involves a time reckoning tecknique, which is a most sophisticated system,*"* jechuun deeggara.

Akka yaanni kun ibsutti, seenaa Oromoo, keessaahuu Oromoo Gujii biratti falaasamni siyaasaafi amantii Oromoo haala hedannaa yeroo ykn Dhaha Oromoo adda ta'eefi beekumsa cimaa gaafatu irratti hundaa'a.Duudhaa Oromoo (Gujii) keessaas kanneen akka sirna gadaa haala hedannaa yeroo/dhaha irratti kan bu'uureffatan ta'uutu hubatama.Dabalataanis, yaaduma kana kan cimsu, Jaatanii (2014:108) akka ibsutti, *"*Akka himana jaarsa dhageettaa Booranaafi haala qabatama ammaa Booranni keessa jirutti, jecha Kalaandera jedhu kana akka kalaandera biraa dhimma akka guyyaafi ji'aa qofa ka itti gargaaramu wanni jedhan hinjiru. Maal jennaan aadaafi haalli jireenna ummataa kan aadaa sirna dhahaa kana waliin deemu hedduun waan jiruuf kalaanderii Booranaa

waan hedduu ibsa.Fkn. kaleendarri Booranaa guyyootaafi ji’oota waggaa ibsuu bira darbee sirna akka gubbisaa,fuudhaafi jiloota sirna gadaa isaan tolchan,” jedha. Akka yaada kanaattis, Oromoon Booranaa jilootaa akka gubbisaa, fuudhaa- heerumaafi sirna gadaa raawwachuuf kalaandarri/dhahi/haalli hedannaa yeroo barbaachisaadha.Kunis, jiloonni heeramniifi kanneen biroo yeroo itti raawwataman qabaachuun dhahi Oromoo yeroo himuu qofaaf kan gargaaru osoo hintaane raawwii jilaas kan murteessu ta’uu heera. Kunimmoo, hambaaleen killayyaa fookiloorii Oromoon ibsaman walitti dhufeenya qaban keessaa haalli hedannaa yeroo tokko ta’uusaa addeessa.

Dhugeeffannaas yoo fudhanne, haalli Oromoon waggaatti aal lama: Birraafi Arfaasaa malkaafi tulluutti ba’ee uumaasaa kadhatuufi galata galfatu yeroon ala kan ibsamu miti.Yaada Filee(2016:84-85) jedhu keessattis, dhugeeffannaan Oromoo, woggaatti aal lama: birraa-malkaatti; Arfaasaa ammoo, tulluutti kan gaggeeffamu ta’uun ibsameera.As keessatti waa lamatu hubatama. Tokko, dhugeeffannaan fookiloorii Oromoo keessaa tokko akka ta’eefi kan lammataa, fooklooriin Oromoo haalli itti raawwatu yeroon kan walqabatu ta’uusaati. Kunis, damee fookiloorii Oromoo kan ta’e dhaha Oromoo ibsuu isaa ji’oota waggaa dhugeeffannaan Oromoo itti gaggeeffamu: Birraafi Arfaasaa jedhanirraa hubachuun nidanda’ama.Haaluma walfakkaatuun, Dirribii(2012:74-5)yeroon murtaa’uu dhugeeffanna Oromoo yoo ibsu, “Oromoon durii yoo xiqqaate waggaattiyeroo lama gamtaan Birraa malkaatti; Arfaasaa tulluutti bahee waaqasaa galateeffata,” jedha.Yaanni kunis yeroo waliin hidhata qabaachuu dhugeeffannaa Oromoo kanneen heeran jechoota:waggaa, Arfaasaafi Birraa jedhaaniin ifa ta’eera.

Wolumaagalatti, ummanni Oromoo akkuma saba kammiituu jiruufi jireenya isaa kan ittiin gaaggeessu fookloorii qooddii yeroo: qaroomina, beekumsaafi falaasama; akkasumas, hayyummaa ummatichaa ibsuufi qabeenya killayyaa/gulummaa isaa ta’e qabaachuutu heerame.Kunis Fookloorii Oromoo hambaalee killayyaa Oromoo kan ummanni Oromoo beekumsa yookiin falaasama ittiin wantoota mul’ataniifi hinmul’anne ittiin too’atuufi ibsu keessaa tokko marsaa jireenya baraaykn dhaha Oromoo akka ta’e ifatti heera.

Dhahi Oromoo biyyoota mudhii Afrikaa Sahaaraa gadi jiran keessaa kan jalqabaa akka ta’eefi ummanni Oromoo dhaloota kiristoosiin dura waggoota 300n duraa jalqabee itti gargaaramaa akka tureefi jiru Asmaroom(1973), Dirrib(2012), JOS(1995), Filee(2016) wabeeffachuun ibsanii

jiru.Dhahi Oromoo falaasama dhala namaa keessaa kan jalqabaafi adda akka tahes dhaha Oromoo Booranaa urjiiwwaniifi ji'a waliin walqabatu heeruun dhugoomsa. Akka dhaha Oromoo Booranaatti, guyyoonni ji'aa haala ji'aa/baatii/addeessaa irratti hundaa'uun 27 olillee ta'uu akka danda'aniifi kunneenis lakkoofsaan osoo hintaane maqaa mataa isaanii akka qabantu heerama. Akkasumas, maqaaleen jalqabaa guyyoottan ji'aa jechaan ibsaman kunneen Boorana, Gujiifi kutaalee Oromiyaa garagaraa keessatti moggaasaafi ayyaana adda addaa akka qaban Filee(2016) ibseera.Kunimmoo, qoratichi qorannoo guutuu bu'uura dhaha Oromoo gadifageenyaafi bal'inaan kutaa Oromiyaa hunda giddugaleeffate gaggeessuun dhaha Oromoo gara tokkootti fidu nigaggeeffama jedhee abdatuuf galtee ta'a jedhee waan amanuuf qorannicha gaggeessuuf akka filatu taasiseera.

Qorannoon kunis, Hariiroo Moggaasa Maqaafi Ayyaanota Guyyootaa Ji'aa Dhaha Oromoo gadifageenyaan xiinxaluun ibsuudha.Kanaaf, qorannoo kana keessatti hariiroon moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa ji'aa dhaha Oromoo Gujii: guyyoonni ji'aa, ji'oonni waggaa, waktiileefi baraan walqabatan xiinxaluun ijoo qorannoo ta'ee, dhimmoonni dhahaan walqabatanii raawwataman, himamaniifi barraa'anis kan keessatti ibsaman ta'u.

### 1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Seenaa jiruufi jireenya Oromoo keessatti duudhaalee beekumsa, qaroominaafi falaasama Oromoo ibsan keessaa dhahi Oromoo tokko akka ta'eefi faalaasama lakkoofsa baraa addunyaan qabdu kamirraa iyyuu kan hinfudhatamne, hambaafi kalaqa killayaa Oromoo akka ta'eyaadrimee kitaabileefi qorannoo dhaha Oromoo walqabatanii Asmarom (1973), Jaatanii(2014), Dirribii (2012), Filee(2016), Jamjamiifi Dhaddacha(2011), OSA/JOS(VII) barraa'an keessatti ibsameera. Akka Asmarom(1973:180), "The oromo time reckoning is unique in East Africa and has been recorded in very few cultures in the history of man kind.The best known examples of this type of reckoning are Chinese, Mayan and Hindu calenders; it very doubtful that this system derives fromany of this cultures,"jechuun ibsutti, dhahi Oromoo galmee kalqa duudhaalee gaanfa afrikaa keessatti kan adda ta'eefi kalaqni akkanaa seenaa aadaa dhala namaa muraasa keessatti kan beekkamu ta'uu ibsa. Sirnoonni lakkoofsa baraa akka addunyaatti beekaman kanneen akka lakkoofsa baraa Chaayinaa, Maayaafi Hinduus fakkeenya dhaha Oromoo akka ta'anniifi ammoo malleen lakkoofsa baraa ibsaman kamiinuu kan wal hinfakkaanne ta'uunibsameera.

Haata’umalee, ilmaan Oromoo coba beekumsa ammayyaafi sabboonummaan ijaaramaa, seenduubee qaroomina ummata Oromoo qorachaafi qorachuuf kaka’umsa cimaa horachaa jiran baay’een qoraticha dabalatee Oromoon lakkoofsa baraa/dhaha mataasaa qabaachuu malee hubannoo dhahaa gahaa ta’e niqabu jechuun hindanda’amu.Sababni, dhahi Oromoo beekamtii argatee, sirna barnootaa keessatti bal’inaan hammatameefi dagaagee tajaajilli barbaadamu bal’inaan akka hinkennamne golgaan bara dheeraa waan irra tureefi adeemsi hedannaa baraa kun akkuma sirna gadaa walxaxaafi beekumsa olaanaa kan gaafatu ta’uu isaati.Akkasumas, ogummaan ykn dandeettiin hedannaa baraa/dhaha Oromoo ga’ee kutaa hawaasa Oromoo baay’ee muraasa ta’an keessaa irra caalaatti Ayyaantuuf kan kennameefi isaaniin kan raawwatu ta’uu isaati.Ga’een hedannaa baraa/dhaha Oromoo kan Ayyaantuu ta’uu ilaalchisee, Jamjamiifi Dhaddacha(2011:323) “…this time reckoning in the Guji society is administered by Ayantu(astronomers) who make up an organ in the gada system,” jechuun ibsa.Akkasumas, Dirribii(2012:113), “Ayyaantuun guyyaa Jimaataa alatti abidda bobeessaa bulee waaqa kadhatee, urjii ilaalee dhaha(calendar)qopheessa,”jechuun ga’een lakkoofsa waggaa/dhaha qopheessuu kan Ayyaantuu akka ta’e balballoomsa.

Inni biraa, kutaalee Oromiyaa hedduu keessaa duudhaaleen Oromoo kan ganamaa bal’inaan kan keessatti gaggeeffamaniifi dhahi Oromoo akkuma sirna gadaa bal’inaan keessatti dagaage kanneen akka Booranaa, Gujiifi Arsiifaadha. Godinaalee kanatti, haalliifi maqaaleen ji’ootaafi ayyaanotaa/ guyyootaa adda addummaa muraasa qabaachuufi hiikaan ayyaanota baatii tokkoo hawaasa Oromoo biroof akka salphaatti kan hinhubatamne ykn hinwaalta’in ta’uun sababa birooti.Akkasumas, yeroo ammaa ummanni Oromoo akka biyyaatti dhaha mataasaa kanaan bal’inaan akka biyyaatti gargaaramaa hinjiru.Kunimmoo, qoraticha dabalatee sabboontota, beektota Oromoo waa’ee dhaha Oromoo yaadaniifi yaadda’an ykn gadi fageenyaan baruu barbaadaniif rakkoodha.Gama biroon, yaanni Dirribii(2012:148) “Nuti dhaloonni Oromoo ammaa kennaa abbootiin keenya sanyii namaatii kennanii darban gabbisnee itti fayyadamuu dadhabnee jarreen karaa amantaa, aadaafi dhahaan nu irraa adda ta’an jala hiriiraa jirra.Keenya yaa barru! Of yaa taanu!” jechuun kaa’u, Oromoon dhaha mataa isaa qabaatee dhiibbaa karaa adda addaa irra gahaa tureefi jiruun qaroominaafi faalaasama dorgomaa hinqabne kanatti gargaaramee caalaatti gabbifachaa deemuu dhiisee dagachaafi kan hambaa faana bu’aa jiraachuu ibsa. Akkasumas, daawitii dhaamsa of baruufi duudhaa ofii gabbifachuu dhaloota ammaaf dabarsuun qoratichaaf humna addaa ta’eera.

Akkuma kana, Fileen (2016:150) Asmaroom wabeeffachuun Dhaha Oromoo Booranaa: Bitaa Qara, Bitaa Lama, Sorsa, Algaajima, fikkf jechuun erga tarreessee booda, "Haata'umalee, hiikaawwan maqaalee ji'ootaafi guyyoota ji'oota Oromoo keessa jiran kanneen gadi fageenyaan ibsuudhaaf qorannoon daran barbaachisaadha,"jedha.Yaanni kunis, hiikaa ayyaanota baatii keessatti argamanii wallaaluun warra hubannoo dhahaa caalaatti gabbifachuu barbaadaniifi hawwii Oromoon lakkoofsa ofii kalaqateen bara hedachuu akka idileeffatuuf qaban dhugoomsuuf kan rakkisu ta'uu addeessa.

Kanaaf, duudhaalee Oromoo ummanni Oromoo beekumsa yookiin falaasama ittiin wantoota mul'ataniifi hinmul'anne ittiin too'atuufi ibsu,Hariiroo Moggaasa Maqaafi Ayyaana guyyootaa ji'aa Dhaha Oromoo qorachuun caalaatti namoota hundaan akka beekkamuufi idileeffamu taasisuuf murteessaadha.Qoratichis Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa Ji'aa Dhaha Oromoo Gujii gidduu jiru xiinxaluun karaa itti Dhahi Oromoo caalatti beekkamuufi bal'inaan hojiirra itti oolu ni'uuma jedheet abdata.Kana keessattis gaaffileen bu'uuraa armaangadii xiyyeeffannoo kan argatan ta'u. Kunneenis:

1. Dhahi Oromoo Gujii akkamitti ibsama?
2. Hariiroon moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'aa Dhaha Gujii qaban kan akkamiiti?
3. Dhahi Oromoo Gujii amma sadarkaa maaliirra jira?
4. Ga'een Dhahi Gujii jiruuf jireenya hawaasichaa keessatti qabu maali?

## 1.3. Kaayyoo Qorannichaa

Qorannoon kun kaayyoo adeemsifameef qaba. Kunis gooroofi gooreetti adda bahuun gaditti kan ibsamu ta'a.

### 1.3.1. Kaayyoo Gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'aa Dhaha Gujii xiinxaluudha.

### 1.3.2. Kaayyoo Gooree

Dhuma qorannoo kanaatti kaayyoon gooree qorannichaa:

- Haala woliigala Dhaha Gujii dhiyeessuu
- Hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'aa Dhaha Gujii ibsuu

- Sadarkaa Dhahi Gujii irra jiru ibsuu
- Ga’ee Dhahi Gujii jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabu ibsuu

### 1.4. Barbaachisummaa Qorannichaa

Fookilooriin ummata Oromoo dhiibbaa siyaasaafi amantii yeroo gara yerootti bifa geeddaratee irraa ga’aa tureefi jiru irraa kan ka’e aslummaa isaa eegee hawaasa tajaajilaafi hawaasnis irraa tajaajilamaa jira jechuun rakkisaadha. Qabanni, akaakuu fookiloorii eenyummaa Oromoo, qaroominaafi faalasama Oromoo ibsuudhaan jiruufi jireenya Oromoon gargarba’ee hinilaalamne, hambaa killayyaafi daawitii Oromoo ta’e, Dhahi Oromoo, ammayyuu faajjii oromummaa ta’ee dhaloota qubeetti alaalaa mul’achuu hindandeenye. Kanaafuu, dhaha Oromoo jiruufi jireenyi Oromoo ittiin ibsamuufi oromummaan caalaatti guutuu ta’ee ittiin ibsamu kana dhaloonni haaraan galaa qabsoo eenyummaafi tokkummaa isaa akka taasifatu qorannoon deeggaruun filannoo hinqabu.

Bu’uura kanaan, qorannoo xiinxala hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa Dhaha Gujii kana gaggeessuun waan barbaachiseef qaba. Jalqaba irratti, Oromoon Gujii dhaha/ haala lakkoofsa baraa kan mataasaa qabaachuu addeessuun qooda dhaha Oromoo beeksisuu keessatti qabu ibsuudha.Kunis beekumsa, qaroominaafi falaasama Oromoon Gujii guyyaa, ji’aa, tibbaafi waggaa lakkaawuufi jiruufi jireenya ofii keessatti maayii itti ba’u addeessuudha.Kan itti aanu, hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa ji’aa akka Dhaha Gujiitti Ji’a Hagayaa keessatti argamanii qaban bal’inaan ibsuudha. Kunis, namoota Dhaha Gujii caalaatti qorachuu barbaadaniiif ka’umsa ta’a jedhamee abdatama.Kan biroo,yeroo qorannoon kun gaggeeffametti sadarkaan dhahi Gujii irra ture ibsuudha.Kunimmoo, fedhii guddaa Oromoon dhaha mataa isaatiin bara lakkaawwachuuf qabu guutuuf dhimmamtoota qorannoo bal’aa akka taasisaniif kakaasa jedhamee abdatama.Kan dhumaa, ga’ee Dhahi Gujii, sirnoota Oromoo Gujii kanneen akka sirna gadaa, jila(dhalootaafi du’aan), fuudhaaf heerumafi kkf keessatti qaban ibsuudha.

### 1.5. Daangaa Qorannichaa

Dhahi Oromoo eenyummaa, beekumsa, qaroomina, falaasama, duudhaafi jiruufi jireenya hawaasa Oromoo ibsuu keessatti ga’een inni qabu guddaadha. Akaakuun fookiloorii Oromoo eenyummaa Oromoo ibsuufi akka addunyaatti biyyoota kalaqa kanaan beekaman baayyee muraasa ta’an keessaa tokko ta’e kun Gaanfa Afrikaatti garuu kan hangafaati. Kanaaf, akaakuun fookiloorii Oromoo hambaa killayyaa Oromoo ta’eefi hanga ammatti tajaajila idilee guutuu ta’e

hawaasichaaf kennaa hinjirre kana bali’inaan akka guutuu oromiyaatti qoratamee beekamtiifi tajaajila idilaawaa ummata Oromoo hundaafi biyyoota afrikaaf akka kennu taasisuun bu’aa olaanaa qaba.

Haata’umalee, qorannoon kun godinaalee Oromiyaan qabdu keessaa godina Gujiitti; akaakuu fookiloorii Oromoo keessaa dhaha Oromoo qofarratti gaggeeffama. Fuulleffannaan qorannichaas, akka Dhaha Gujiitti, Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa ji’aa kan ji’a Hagayaa keessatti argamanii xiinxaluudha.Guyyoota ji’a Hagayyaa filachuun kan barbaachiseef keessaa inni ijoon, akka hedannaa Oromoo Gujiitti guyyoonni/ayyaanonni ji’oota waggaa keessatti argaman ji’aa ji’atti tartiiba walfakkaataa waan hinqabaanneef.Fkn. Hagayya Ayyaanni/guyyaan Shalbaana-deettiin jalqabee Karaabichaan xumurama. Ji’a Hagayatti aanu, Birraa ammoo, Gardaaduma jalqabee Busaawaa qara dhaabbata. Qorannoo kanaaf ji’i Hagayaa kan filatameefis akka dhaha Gujiitti ji’oottan 12 keessaa kan jalqaba woggaa waan ta’ef.

Adeemsa hariiroo maggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji’aa dhaha Gujii xiinxaluu keessattis dhimmoonni gurguddoon hammataman nijiru. Isaanis: haala hedannaa baraa hawaasichi qabu, hariiroo dhahi Oromoo Gujii fookiloorii/duudhaalee hawaasichaa waliin qaban heeruu, sadarkaa dhahi godinichatti irra jiruufi barbaachisummaa dhaha Oromoo Gujii qorachuun qabu balballoomsuu irratti kan daanga’u ta’a.

### 1.6. Hanqina Qorannichaa

Dhaha Oromoo irratti qorannoo adda addaa gaggeessuun daran barbaachisaadha.Qabanni dhahi Oromoo hedannaa yeroo addunyyaa irratti beekaman sadan irratti dabalamuun barbaachisummaafi addummaan isaa hayyoota adda addaatiin bal’inaan ibsama. Haata’umalee, xiinxalaafi beekumsa olaanaa kutaa hawaasaa muraasa kan bu’uureffateefi akka gahee kutaa hawaasaa muraasaa ta’eetti ilaalamaa waan tureef kallattii hedduun xiyyeeffannaa osoo hinargatin tureera. Kana irraa kan ka’e, moggaasni maqaalee ji’ootaafi guyyoota ji’ootaa illeen hawaasa bal’aa biratti haalaan hinbeekamu. Kunimmoo, xiyyeeffannaan guddaan kennameefi kallattii adda addaan qoratamuun caalatti hawaasa bal’aan hubatamuu waan barbaaduuf qorannoon kun irratti gaggeefamuuf filatameera.

Haata’umalee, qorannoon kun amala bal’aafi xiinxala bal’aa kan gaafatu waan ta’eef yeroo gabaabaa kana keessatti qixa barbaachisuun adeemsisuuf waan hanqatu qaba. Kanniin keessaa ijoon, namoota qorannoo kanaaf barbaachisan yeroo barbaachiseefi akkaataa barbaachiseen

dhiyeenyatti argachuu dhabuudha.Inni biraa, qoratichi giddugaleessa biyyaarraa fagaateefi hojii baruu barsiisuu qaawwa hinbarbaanne hojjachaa qorannicha gaggeessuuniifi kitaabilee wabii mataduricha deeggaran dhiyeenyatti akka dansaa argachuu dhabuun hanqina qorannoo kanaati.

### 1.7. Haala Waliigala Bakka QorannoonItti Gaggeeffamee

Adeemsa qorannoo keessatti haalli wolii gala naannawaafi hawaasa qorannoon irratti gaggeeffamuu addeessuun murteessaadha. Haala kanaan, qorannoon kun Godina Gujiitti duudhaalee qaroominaafi hayyummaa ummatni Gujii beekumsa ammayyaa malee kalaqee qomaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa dhufeefi dabarsaa jiruun walqabatee kan gaggeeffame. Kanaaf, haala woliigalaa godinichaa hanga tokko ni'ibsa jedhameet abdatama. Bu'uura kanaan, godina Gujii dachii irriifi jalli waa cufaan gabbaa ta'eefi madda duudhaalee ta'e kana hunda daangaa hanga daangaatti ibsuun rakkisus haala teessumaafi haala qilleensaa, baay'inaafi haala jiruufi jireenya ummataa, qabeenya uumamaa, hidda latiinsa ummataafi fookiloorii ummataa(Duudhaalee hawaasichaa:sirna bulchiinsaa, sirna fuudhaafi heerumaa) hangi tokko kaartaan deeggaramuun walduraa duubaan ibsamaniiru.


### 1.7.1 Haala Teessuma Lafaafi Haala Qilleensaa

Godinni Gujii Bahaafi Gujii Lixaa godinaalee Naannoo Oromiyaa keessaa takko yoo ta'u, Magaalaa guddoofi handhuura Oromiyaa kan taate Finfinnee irraa fageenya gara km 600 irratti argama. Godinni Gujii karaa kaabaan Naannoo Ummattoota Kibbaa, karaa kibbaatiin Naannoo Somaaleetiin, karaa bahaan, Godina Baaleefi Arsii Lixaatiin, karaa dhiyaatiinimmoo Godina Booranaatiin waldaangessiti.Baldhinaafi olka'iinsa lafaan godinni Gujii bal'ina $km^2$ 18,577.05 ta'u kan qabduufi galaana irraas olka'iinsa lafaa m500 hanga m350 kan qabduudha.Akkasumas, godinichi wolumatti aanaalee baadiyaa 26fi bulchiinsa magaalotaa 4irraa kan ijaarrame te'ee haalli qilleensasaa baddaa, badda dareefi gammoojjiidha.Uwwisi baldhina lafa baddaa%27, badda-daree %33fi gammoojjii ammoo %40 akka qabaatu; ho'i lafa baddaa 10-15 $^0$c, badda-daree 15-24 $^o$cfi gammoojjjii 20-30 $^0$c akka qabaatu ragaan waajjira Aadaafi Tuurizimii godinichaa irraa argameefi barruun Cululleettii(2008:05) waajjirichaan maxxanfame ni'ibsa.

### 1.7.2 Baay'inaafi Jiruuf Jireenya Ummataa

Baay'inni ummata Gujiis akka lakkoofsa ummataa biyyattii bara1999 gaggeeffameetti kan bara 2008 1,827,022tti akka tilmaamamu ragaan barruu Cululleettii(2008) waajjirachaan

maxxanfamee ni’agarsiisa.Jiruufi jireenyi ummata Gujii irra jireessaan qonnarratti kan bu’uureffatu yoo ta’u, oomishni midhaanii adda addaa, bunniifi kkf, kutaan hawaasichaa muraasni immoo horsiisa looniifi bushaayeen foon, dhadhaafi aannaniin kan beekkaman, horsiisa kinniisaan damma akaakuu adda addaafi hojii albuudaan walqabaturratti hundaa’a.




*Fakkii 1 - Kaartaa Godina Gujii*

### 1.7.3 Hidda latiinsa Gujii


Oromoon Booranaafi Baarentuu hore. Boorannis Boorana Kaabaa, Boorana Kibbaatti qoodame. Booranni Kaabaas Tuulamaafi Maccatti qoodama, Booranni kibbaa ammoo Gujiifi Boorannatti qoodame. Haala kanaan, akka Jamjam& Dhadacha(2011)fi ragaan waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii Lixaa argisiisutti, Gujiin gosoota gorguddoo 4qaba. Isaanis: Uraagaa, Maattii, Hookkuufi Sheelloo/Haloodha. Uraagaan balbala jaha: Galalcha, Waajituu, Sarboortuu, Agantuu, Golla,Daraartuufi Haloodha. Maattiin balbala sadi: Handooya, Hinsaallefi Hirqaantuudha. Hookkuun

balbala torba qaba: Galalcha, Oborraa, Michillee, Heeraa, Bun’ituu, Baallaafi Kinnoodha. Sheelloon balbala lama qaba: Obbituufi Horrituudha.




*Fakkii 2 - Hidda latiinsa Gujii (Waajjira Aadaafi Tuurizimii Gujii Lixaa)*

Haata’umalee, akkaataa caasaa Jamjam&Dhadach(2011:66) balbalaan Hidda latiinsa Gujii ibsutti, Gujiin daameelee gurguddoo torba qaba. Isaanis: Haloon balbala torba, Oottuun balbala jaha, Sheelloon balbala lama, Weessituun balbala afur, Maattiin balbala sadi, Uraagaan balbala torbafi Hookkuun balbala torba qabu. Kanas, caattoon armaan gadii ni’ibsa.




*Fakkii 3- Caasaa Hidda Dhaloota Oromoo Gujii Jemjem & Dhadacha(2011:62fi 66)*

### 1.7.4 Qabeenya Uumamaafi Hawwata Tuurizimii

Akka ragaan Waajjira Aadaafi Tuurizimii godina Gujii ibsutti godinichi qabeenya uumammaa hawwata tuurizimiif oolaniifi dinagdee utubuun kanneen akka bobbocaa, soodduu, albuuda, laggeen, bosona, fincaawaa, bunafi kkf niin badhaatuudha.




*Fakkii 4 – Buna, Soodduufi Bobbacaa*

*(Gujii Lixaa Aanaa Abbayaa, waajjira aadaafi tuurizimii aanichaarraa fudhatame)*

Albuudota qaqqaalii godinichatti argaman kerssaa kanneen akka Warqee, Taantalemii, Ayirenii, Nikeelii, Koopparii, Kiromaayitii, Mayikaafi kkf niheeramu. Fincaawaawwaniifi Laggeen gurguddoo bonaa ganna hingonnefi oomisha kuduraafi muduraaf akkasumas madda humna

ibsaaf oolan kan akka Gannaalee, Hawwaaxaa, Daawwaa, Mormoraa, Abaabaa, Gabarticha, Iyyaa, Kojowaa, Hilaa, Buqqisaafi Diimtuu niheeramu.



***Fakkii – 5 Fincaawaa laga gabartichaa (WAT godina Gujii)***

Qabeenya uumamaa godinni Gujii ittiin beekamtu keessaa kan biraa bosona. Godinichatti, bosona hektaara 531,810 ta'u baldhatuufi bineensota bosonaa garagaraa of keessatti hammachuun hawwata turizimiif oolaniifi dinagdee hawaasichaa tumsuu keessatti qooda olaanaa qaban baay'ee of keessatti hammate niheeramu.



***Fakkii 6- Bosona Naannawa Me'ee Bokkoo( qorataan 16/08/2010 kaafame)***

### 1.7.5 Fookiloorii Hawaasichaa

Godinni Gujii Godinaalee fookiloorii isaanii akka dansaa eeganiifi kunuunsanii dhaloota har'an gahan keessaa isa tokko. Gooroolee Fookiloorii hawaasichi caalaatti ittiin beekamuu keessaa afoolli tokko yoo ta'u, mammaaksaalee, durduriilee, hibboolee, taphoota ijoollee,weelluu, geerarsa, eebba, faaruulee, sirbootaafi kkf niheeramu.Akkasumas, gooroo fookiloorii keessatti kan hammatamu,wanta aadaa kanneen akka faayaafi meeshaalee harkaan hojjetaman kan akka meeshaalee aananiifi bu'aa aanaanii, uffata aadaa hawwolii, abbootii gadaa, durra, dargaggeeyyii, nyaata aadaa, ijaarsa manaa adda ta'aniifi godinicha ibsan qabdi.



*Fakkii 7 – Meeshaalee Aananii Bu'aa Aartii Haawwota  Gujii*

*(WAT Godina Gujii Irraa fudhatame)*

Aartii sochii qaamaatiinis sirboota yeedaloofi shubbisa dhiiraafi durra nama maalalchiisaniifi ittiin adda ta'an qabu. Irra caalaatti ammoo, duudhaalee hawaasaa kanneen akka Cehumsa sadarkaa keessatti heeraman sirna gadaa,qaalluu, sirnoota fuudhaaf heerumaa:fuudha kadhaa, fuudha hawwadii, addibaanafi duudhaalee fuudhaafi heerumaan wolqabatan kan akka biriitiifi harka nyaachisaa, Waaqeffannaafi Amantaalee, Kabaja Ayyaanaa, Qoricha Aadaafi dhahaa isa qoratichi gaggeessefaan niheeramu.

Madda kalaqa aartii killayyaa, hayyummaafi qarummaan Gujii alaalaa ifee itti mul'atu keessaa faayaaleefi uffannaa haawwoliifi durraa, abbootiifi dardarranii irraa nihubatama.




***Fakkii 8 - Faayaafi Faayama Durrafi Hawwootaa Gujii (Youtube.com TVOromiyaa)***

Fakkeenyaaf, duudhaalee hawaasaa keessaa sirna bulchiisaa: Bulchiinsa Gadaafi Qaalluu qorannichaa waliin hariiroo cimaa waan qabaniif bal'inaan ilaaluun barbaachisaadha.

Gujiin sirnoota bulchiinsaa lama kan tokko isa kaan malee hiika hinqabaanneefi inni tokko kaan irratti hundaa'ee walta'umsaan hoggansi hawaasa gaggffamu qaba.Isaan keessa tokko hoggansa olaanaa kan ta'e bulchiinsa qaalluuti.


#### 1.7.5.1 Sirna Bulchiinsa Qaalluu

Akka afseenaa Yuubonniifi abbootiin qaalluu obbo Kuraa Bariisoo, obbo Waaccuu Buudeefi obbo Jaarsoo Bonayyaa jedhaman gaafa 10/09/2010 fi obbo Mokkonnaa Nagawoo gaafa 12/11/2010 qoratichatti himanitti, qaalluun wayyuu wayyummaan dur Adoolaa Woyyuu Malkaa Kallachaa cinaa bakka Rossoo jedhamutti akkuma Gujiin gosoota sadi: Uraagaa, Maattiifi Hookkuutti ba’ee haganaa isaanii qofaatti baqaffataniin nagaasaanii eeguufi jiruuf jireenya Gujii cufa akka qajeelchuuf waaqni ruufaan maree buuse jedhama. Akka afseena kanaatti, yoo kana nama lamat dhagge: Galalchaafi Heeraadha. Galalchi, “An ruufa argadhe” jedhe. Ruufni waan akka uffataa qaalluun ittiin maramee bu’e. Heeraan ammoo, “Kan ruufa keessaa dhaggadhe” jedhe. Kanarraa kan ka’e, waan ruufa keessaa ilaaluuf, Dhipheessa Heeraa Gobiyyaa itti yaaman. Innis, ila takka dunuunfatee miila tokkicha olcaffatee ruufa kaan baqasse. Yoo baqassu nama akka daa’imaa fuula diqqaatutu keessa jira. Dubbisnaan dubbachuu dide. Dhuma irraa durra Galalchaa itti geessinaan seeqqate jedhama. Kan booda, Galalchi ruufa, Heeraan mucaa kaan fudhate. Haata’u malee, nama ruufa baqasse sanaaf rakkoo ta’e. Ilti dunuunfate ballaa, miilli caffates asumatti naafatee hafe. Ergsaniis Gujiin,“Akaakuu ilti takka ballaa, miilli takka naafa” jedhee mammaaka jedhama.

Haaluma kanaan, akka himansa afaaniifi Jamjam&Dhaddacha (2011:312)ibsaniitti, yeroo sanatti Booranni, Gujii, Arsiifi Sidaamaa gidduu walitti bu’iinsi waan tureef nageenya woyyuu waaqaa ergamee(qaalluu) eeguuf jecha gara ardaa Halloo Mokonnaa/Alaadduu amma Gujii Lixaa Aanaa Abbayaatti akka ergame ibsama.Ergasaniis hanga ammaatti, galma jaarrachuun achumatti horee, haala jiruufi jireenya Gujii cufa qajeelchaafi sirna bulchiinsa Gujii hogganaa jiraachuutu ibsame.


Qaalluun gaafa waaqarraa ruufaan bu’u nama cufatti dubbachuu didee durra Galalchaa itti geessinaan seeqate, achiis dubbate jedhamee waan himamuuf durri sun haadha manaasaa taate jedhama. Ergasiis, qaalluu ta’ee kan tajaajilu nama durra Galalchaa irraa dhalate qofa akka ta’etti beekkama. Kana jechuun nami durra Galalchaa irraa dhalte kamiyyuu Qaalluu ta’a jechuu miti. Nami tokko qaallomuuf ulaagaa guutu qaba.Kunis, kan ila hindabsine, kan dhaabbata qajeelu, harki bitaacha kan hintaane, qaama guutuu kan qabu, gadaannisa kan hinqabne, ruufaan kan dhalateefi kkf. Daa’imallee yoo ta’e woggaa 10tti qaallomee hanga guddatutti hayyuulee qaalluun gorfamaa tajaajila. Gaa’ela gaafa ga’es durra Galalchaa fuusisuun Qaalluu ta’ee nimoggaafama, abbaa qaalluu guutuu ta’ees of danda’ee tajaajiluu eegala. Haati manaa isaas

Haadha Ambaa jedhamuun yoo moggaafamtu, haati isa deette ammoo hanga inni fuudhutti Haadha Ambaa, erga fuudhee booda Haadha Odaa jedhamuun moggaafamti.Horteen isaas akkaataa armaan gadii kanaan ibsama.




*Fakkii 9 - Taattoo hortee Qaalluu mul'isu*

Akka ragaan barruulee haala woliigala aanaa Abbayaa 2006-2009tti maxxaneefi suuraan qaalluu keenyaa waajjirichaatti maxxanee jiru ibsutti, Qaalluun  Gujii 16ffaa irra jira.Haala kanaan qaalluun muudamuun bulchiinsa qaalluu Gujii hogganaa turan duraa duubaan: 1ffaa Qullubbee Lookoo, 2ffaa Lookoo Gadaayyuu, 3ffaa Gadaayyuu Aagaa, 4ffaa Aagaa Dabii, 5ffaa Galaanii Aagaa, 6ffaa Boruu Galaanii, 7ffaa Addaayyoo Boruu, 8ffaa Saqoo Addaayyoo, 9ffaa Koyyoo Saqoo, 10ffaa Bariisoo Koyyoo, 11ffaa Eeluu Bariisoo, 12ffaa Hirbaayyee Eeluu, 13ffaa Tottee Hirbaayyee, 14ffaa Nagawoo Tottee, 15ffaa Saqoo Nagawoofi 16ffaan Aagaa Saqooti.




***Fakkii 10 - Abbootii Qaalluu Oromoo Gujii(WAT aanaa Abbayaa)***

**Tajaajila Qaalluun Kennu**

Qaalluun hawaasa Oromoo Gujiitiif tajaajiloota gurguddoo kennu qaba.Tajaajiloota kanniin keessaa ijoon:

- Fala Koobaa raawwachuu

Koobatti dhibeefi waan hantuu namaafi loonitti dhufu kamifuu nifala.Koobni ardaalee qaalluun itti falu. Isaanis: Kooba Shomboo horii gurraacha booqaan, Kooba Goolaa, Kooba Qilixoo, Kooba Mi'eessaa, Kooba Ejersaa, Kooba Gimbaafi Kooba Galmaati.Kooba Shombootti horii gurraacha booqaan, kanneen hafan immoo re'ee korbeessa koshima ta'een falata/badaafata.

- Waraanni yoo dhufe waaqa kadhatee deebisa
- Caamni yoo dhufe roobaaf kadhata
- Nama waldhabe ykn lubbuu baase illee ni araarsa. Haala kanaan namni waa yaakke namallee yoo ajjeese qe'ee qaalluutti baqannaan matiinsaafi qabeenyisaallee hintuqamu. Kan bade akka badiitti/akka waan hindeebineetti ilaallamee fuulduraaf akkaataa irraa barachuun danda'amuun bali'inaan ilaallamee araarri akka bu'u taasifama.
- Gadaa nigadoomsa ykn abbootii gadaa nimuuda
- Haqummaan tajaajiluu abbootii gadaa nitoo'ata



*Fakkii 11 -Yaa'a Qaalluun Durfamuu*

*(Gujii Lixaa Aanaa Abbayaa, waajjira aadaafi tuurizimii aanichaarraa fudhatame)*

Haata'umalee, akka ragaan odeeffannoo abbaan qaalluu obbo Mokkonnaa Nagawoo irraa gaafa 12/11/2010 argame ibsutti, tajaajiloota olii keessaa inni bu'uura ta'e abbootii gadaa gadoomsuun

erga hafaa dhufee gadaa 3ffaa akka ta'e himu. Akkuma beekkamu, abbootiin gadaa Gujii kan Uraagaa, Maattiifi Hookkuu gadaasaanii xumuruuf waggaan tokko yoo hafu sadan isaanituu jabbilee 33fi Hoolee tokko, wolitti 100 qaalluuf geessuun haalli turtii isaanii keessatti hawaasa haqummaan itti tajaajilaa turaniifi hujiin osoo hinhojjatamin hafan ilaallamanii sirreeffamni erga itti kennamee booda qumbii nyaachisuun ebbisaanii muuduun gadoomsu. Sirni kunis guut-dhawa yookiin muuda qaalloo jedhama. Qumbii nyaachuun haqummaan tajaajiluuf waadaa seenuudha. Akkasumas, Abbootiin gadaa yoo waaqa kadhatan akka dhageessisan, eebbisan akka dhageessisaniifi  abaaranis kan balleessan ta'anii muudamu. Akka ragaan kitaaba Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii(2008:64) seera haaraa wolharkaa fuudhinsa baallii gadaa bara 2008 keeyyata 14ffaa jalatti seera qaalluu jechuun tumame ibsutti, "Angafi abbaa gadaa qaallu'uu aada'aa! Abbaan gadaa qaalluu irraa qumbii eebbaan fudhatee, nyaatee, kakatee gadoomaa aada'aa! Gadaan eebba qaalluu irraa fudhachuuf jabbii dhibba fooyaa aada'aa! Qaalluun waayyuu Bunoo angafa  gadaatii seera! Qaalluu hindikanu; hinaggatanu; dhiiga hinbuusanuu seera! Nami qaalluu dike yookiin dhiiga buuse Qodha kennaa seera! Qodhillee, goromman torbaa seera!" jedha. Yaada waraabbii kana keessattis qaalluun abbootii gadaa olitti aangoo qabaachuufi abbootii gadaaf aangoon qaalluun kan kennamu, aangoon beekamtii qqaalluu malee abbootii gadaaf kan hinkennamneefi kanaan ala yoo ta'e seeraan ala ta'uutu ibsame.



*Fakkii 12 - Aagaa Saqoo Qaalluu Gujii 16ffaa*

*(Gujii Lixaa Aanaa Abbayaa, waajjira aadaafi tuurizimii aanichaarraa fudhatame)*

Haata'umalee, akka ragaan abbaa qaalluu obbo Mokkonnaa Nagawoo, gorsaan qaalluu ammaa gaafa 12/11/2010 himan irraa hubatamutti, Sirni abbootiin gadaa Gujii qaalluurraa eebbaafi muuda fudhatanii gadoomaa turan erga addaan cite gadaa afur ta'eera. Gadoonni akka Kinniisa ilkee hinqannetti ibsaman kunniinis: Gadaa Godaanaa Katoo, Gadaa Aagaa Xenxenoo, Gadaa Waaqoo Duubeefi Gadaa ammaa, Jiloo Maandhooti. Kana jechuun bara 1984 hanga 2008tiitti woggaa 26 ta'eera. Kunimmoo, dhufaatii sirna bulchiinsaa biyyoolessaa kana keessa ta'uusaati. Abbaan qaalluu kun himanitti, abbaan abbaa qaalluu ammaa wolitti bu'iinsa Gujiifi Gedi'oo keessaa harka qabda jechuun Mana Amala Sirreessaa Diillaa galuun achitti du'uun seera gadaa qaalluuf olitti tumame cabsuufi wayyooma qaalluu salphisuun duudhaa bulchiinsa ganamaafi dimokiraatawaa Gujii balleessuuf kan aggaamame akka ta'etti kan ilaalamu ta'uu ibsan. Dhumarratti, abbaan qaalluu kun haalli kunis qoratamee yeroo gabaabaa keessatti walitti dhufeenyi qaalluufi abbootii gadaa Gujii cimee bakka ganamaatti akka deebi'u waamicha dabarsaniiru.



***Fakkii 13 -  Mokkonnaa Nagawoo( Abbaa Qaalluu, gorsa qaalluu ammaa)***

## 2 Sirna Bulchiinsa Gadaa

Gadaan sirna bulchiinsa dimokiraatawaa sirnoota durii mootiin biyya bulchaniifi dimokiraatawaa hinta'in fonqolchuun ammayyummaafi hayyummaa ummata Oromoo addunyaatti mul'iseefi Hambaa Kiliyaa Addunyaa ta'uun Sadaasaa Bara 2009 UNESCO irratti galmaa'eefi addunyaaf gumaata ta'edha. Kanaaf ammoo, shoorri gadaan Gujii osoo sirnoota nafxanyaa kamiifuu hinjilbiifatin aslummaa isaa eeguun dhalootaa dhalootatti dabarsaa turaniifi jiran ga'ee guddaa taphateera. Sirni Gadaa Gujii baallii yookiin luba yookiin fincaan shan: Muudana, Halchisa, Dhallana, Harmuufaafi Roobalee kan qabu, aangoo/baallii karaa dimokiraatawaa ta'een woggaa saddet saddeetiin waliif dabarsu qaba Jamjam&Dhadacha(2011:32). Ardaan jilaa wolharkaa fuudhinsi baallii itti gaggeeffamu ammoo, Me'ee Bokkooti. Kunis, abbaan gadaa baallii harkaa qabu baallii kennuuf, abbaan gadaa itti aanee baallii fudhatu woliin gara qaalluu deemuun raawwiin hujii isaa madaalamee eebbaan baalliin akka abbaa gadaa haaraaf kennamu kallatiin kaa'ama. Abbootiin gadaa haarofnis erga qumbii qaalluun kennamuuf nyaatanii/kakuu raawwatanii yookaan qaalluun muudamanii booda Me'ee Bokkootti sirna wolharkaa fuudhinsaa hawaasa bal'aa hirmaachisu qopheessuun raawwatu.Kun jiruuf jireenyi Gujii kallattii hundaan kan daran duranatti haarawaafi abdiin badhaadhinaa horatamaa itti deemu ta'ee kabajama.



*Fakkii 14 - Yaa'aa Sirna Wolharkaa Fuudhinsa Baallii 2008*

*(WAT Godina Gujii Irraa Fudhatame)*

Akka Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii (2008:36-42) ibsutti, aangawootni sirna bulchiinsa gadaa abbaa gadaa jalatti jiran gurguddoon jaha yoo ta'an isaanis: Jaldhaaba,

Jalkeeya, Faga, Hayyuu, Waamuraafi Torbiidha. Sirna bulchiinsa gadaa gaggeessuu keessatti jiloonni beekkamoo ta’anii bulchiinsa gadaan wolqabatanii raawwataman nijiru. Isaanis: Jila Jaarraa Utaaluu, Jila Guutimalaafi Jila Maqbaasaati. Jilli Jaarraa Utaaluu, jila abbaan gadaa tokko aangoon bulchiinsaa erga itti kennamee duuba woggaa 4ffaa irratti sirna jaarraa utaaluutiif miseensota paartilee walaannaa warra gadaan duraan aangoo irraa fudhateefi miseensa qadadduu sadarkaa kuusaa irra jiran yaamee sirni wolitti himiinsa hanqina bulchiinsa gaarii/jaarraa utaaluu/ akka gaggeeffamu affeeramuudha. Jilli Guutimalaa, bulchiinsa gadaa Gujii keessatti sirna dubartiin aangoo gadoomaa ittiin horattu. Guutimalli, mallattoo gadooma dubartooti mataa isaanii irratti hidhaniidha. Jalqaba kan hidhattus haadha manaa Fagaati/gorsaa yaa’a gadaa/fi haadha manaa abbaa gadaati. Jilli Maqbaasaa, sadarkaa sirna gadaa keessatti, sadarkaa ilmi yookaan intalli gahan dhageessisuudhaaf kan raawwatamuudha Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii (2008:47-57).

Haala kanaan, akka ragaan WAT Godina Gujii lameen irraa argame ibsuutti, Gujiin erga sirna gadaan wolbulchuu eegalee gadaa 74ffaa irra ga’ee jira.




***Fakkii 15 -  Ragaa Abbootii Gadaa Gujii jalqabaa hanga ammaatti argisiisu***

*(WAT godina Gujii keessatti maxxanfame irraa qoratichi ggafa 11/11/2010 kaase)*

Ragaan fakkii kanaa caalaatti akka ifa ta’uuf akkaa taa gabatee armaan gadii kanaan ibsameera.

| TL | Maqaa Abbootii Gadaa | Fincaan | Bara | TL | Maqaa Abbootii Gadaa | Fincaan | Bara |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 1 | Jaajee Gobbaa | Halchisa | 1424-1431 | 39 | Birraa Luxee | Harmuufa | 1728-1735 |
| 2 | Jiloo Walaagoo | Muudana | 1432-1439 | 40 | Jiloo Xuulloo | Roobalee | 1736-1743 |
| 3 | Jirruu Utaa | Dhallana | 1440-1447 | 41 | Balakkoo Jiloo | Halchisa | 1744-1751 |
| 4 | Guluu Gaararroo | Harmuufa | 1448-1455 | 42 | Budhusoo Halakee | Muudana | 1752-1759 |
| 5 | Heebanuu Jaldoo | Roobalee | 1456-1463 | 43 | Soraa Bulultaa | Dhallana | 1760-1767 |
| 6 | Biilaa Mannakkoo | Halchisa | 1464-1471 | 44 | Iluu Gallabee | Harmuufa | 1768-1775 |
| 7 | Bariisoo Gumii | Muudana | 1472-1479 | 45 | Surroo Cekoo | Roobalee | 1776-1783 |
| 8 | Adoolaa Aanolee | Dhallana | 1480-1487 | 46 | Jiloo Waaree | Halchisa | 1784-1791 |
| 9 | Gobbuu Shaaroo | Harmuufa | 1488-1495 | 47 | Galchuu Kemaa | Muudana | 1792-1799 |
| 10 | Goluu Subbaa | Roobalee | 1496-1503 | 48 | Miidhee Niitii | Dhallana | 1800-1807 |
| 11 | Cirrii Galoo | Halchisa | 1504-1511 | 49 | Daadaa Kuraa | Harmuufa | 1808-1815 |
| 12 | Burcisaa Shaabuu | Muudana | 1512-1519 | 50 | Xiloo Soolee | Roobalee | 1816-1823 |
| 13 | Aagaa Kallachaa | Dhallana | 1520-1527 | 51 | Bunoo Dhaa’ee | Halchisa | 1824-1831 |
| 14 | Jiloo Bidoo | Harmuufa | 1528-1535 | 52 | Dasee Halakee | Muudana | 1832-1839 |
| 15 | Gannaalee Roobee | Roobalee | 1536-1543 | 53 | Bunee Boruu | Dhallana | 1840-1847 |
| 16 | Duuba Adii | Halchisa | 1544-1551 | 54 | Aagaa Kallachaa | Harmuufa | 1848-1855 |
| 17 | Abdoo Rasoo | Muudana | 1552-1559 | 55 | Adulaa Karaa | Roobalee | 1856-1863 |
| 18 | Halakee Lulee | Dhallana | 1560-1567 | 56 | Waaqoo Gararroo | Halchisa | 1864-1871 |
| 19 | Gobbuu Daayyee | Harmuufa | 1568-1575 | 57 | Birraa Cuqqee | Muudana | 1872-1879 |
| 20 | Gannaalee Lolee | Roobalee | 1576-1583 | 58 | Aanolee Badhaa | Dhallana | 1880-1887 |
| 21 | Qandhashoo Aanolee | Halchisa | 1584-1591 | 59 | Roobaa Boruu | Harmuufa | 1888-1895 |
| 22 | Jaboo Sibuu | Muudana | 1592-1599 | 60 | Jiloo Kendhoo | Roobalee | 1896-1903 |
| 23 | Qalgalcha Tukashoo | Dhallana | 1600-1607 | 61 | Galchuu Curruuqoo | Halchisa | 1904-1911 |
| 24 | Gololcha Shaaruu | Harmuufa | 1608-1615 | 62 | Jiloo Bokkoo | Muudana | 1912-1919 |
| 25 | Abbaa Doolaa | Roobalee | 1616-1623 | 63 | Jiloo Sayee | Dhallana | 1920-1927 |
| 26 | Aagaa Saqoo | Halchisa | 1624-1631 | 64 | Aagaa Adii | Harmuufa | 1928-1935 |
| 27 | Jiloo Dansaa | Muudana | 1632-1639 | 65 | Ushoo Jiloo | Roobalee | 1936-1943 |
| 28 | Haroo Shotee | Dhallana | 1640-1647 | 66 | Tukee Guyyee | Halchisa | 1944-1951 |
| 29 | Jaarsoo Dhugoo | Harmuufa | 1648-1655 | 67 | Jiloo Mixoo | Muudana | 1952-1959 |
| 30 | Ushoo Waaree | Roobalee | 1656-1663 | 68 | Adoolaa Jiloo | Dhallana | 1960-1967 |
| 31 | Gannaalee Danbalaa | Halchisa | 1664-1671 | 69 | Girjaa Jiloo | Harmuufa | 1968-1975 |

| | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| 32 | Godaanaa Aagaa | Muudana | 1672-1679 | 70 | Adoolaa Aagaa | Roobalee | 1976-1983 |
| 33 | Godoree Bokkoo | Dhallana | 1680-1687 | 71 | Godaanaa Kataa | Halchisa | 1984-1991 |
| 34 | Jaarsoo Soree | Harmuufa | 1688-1695 | 72 | Aagaa Xenxenoo | Muudana | 1992-1999 |
| 35 | Aagaa Duubee | Roobalee | 1696-1703 | 73 | Waaqoo Duubee | Dhallana | 2000-2007 |
| 36 | Turee Shifaa | Halchisa | 1704-1711 | 74 | Jiloo Maandhoo | Harmuufa | 2008-2015 |
| 37 | Jiloo Badhaa | Muudana | 1712-1719 | | | | |
| 38 | Aagaa Waaree | Dhallana | 1720-1727 | | Wolumatti: 2010 - 1424=586 | | |

*Gabatee 1 - Abbootii Gadaa Gujii (bara 1424 A.L.H. hanga 2008 A.L.H.)*

# BOQONNAA LAMA: Sakatta’a Barruu

Qorannoo tokko geggeessuuf  yaadotaafiodeeffannoowwan hayyootaan barruulee adda addaan dhimma qorannichi irratti geggeefamu sanawaliin walitti dhufeenya qaban irratti kennamaniifi rakkoo qorannichaan fala argata jedhamee qoratamaa jiruun hidhata qaban xinxaaluun barbaachisaadha.Bu’uura kanaan akka Yaalaw(2011:68) ibsutti,barruuwwan dhaha oromoo ibsaniifi mataduree qorannichaan walitti dhufeenya qabanfilachuufi akkaataa qorannoo kana waliin walfakkeenya itti qabaatantu boqonnaa kana keessatti xinxaalamee dhiyaata.

## 2.1 Yaadrimee Fookloorii

Fookilooriin yaadrimee, beekumsa ummanni yookiin hawaasni waliin jiraatuufi bakka jirutti waan waliin qoodatu qabu tokko jiruufi jireenya isaa moo’achuudhaaf, too’achuuf yookiin fala itti barbaaduudhaaf waan adda addaa kalaquudhaaf, beekumsaafi falaasamasaatti fayyadamee keessoo isaa karaa sochii qaamaa, meeshaa aadaatiifi afoolaan ittiin waliif dabarsu yookiin hawaasa biroof itti of beeksisuuf fayyadamu kan qabu akka ta’e Filee(2016:30) ni’ibsa.Bu’uura kanaan, fookilooriin calaqqee eenyummaa, beekumsaa, falaasamaa, qaroominaafi jiruufi jireenya hawaasa tokkooti.Kanaaf, wantoonni hawaasni tokko eenyummaasaa, beekumsasaa, qaroominasaa, falaasamasaa, duudhaasaafi jiruuf jireenyasaa ittiin ibsatu hundi qabeenyasaati. Kunimmoo, qabeenyi hawaasni waliin jiraatu tokko walitti qabuufi qixa qoodatee jiruufi jireenya gamtaasaa ittiin gaggeeffatuufi cimsatu waan ta’eef hawaasichaan adda ba’ee kan hin ilaalamneefi tokko kaan malee ibsamuun kan rakkisu ta’uu Melakne(2006:8), Filee(2016:30-31) ni’addeessa.

### 2.1.1 Maalummaa Fookiloorii

Kanarraa kan ka’e, haalli qabeenyiifi abbaan qabeenyichaa walitti jecha tokkoon itti ibsamaniifi adda ba’anii itti hiikaman bal’inaan mul’ata.Kunis, jecha Afaan Ingiliziitiin ‘folklore’ jedhuun bara 1846tti moggafamee kan ibsamu ta’ee, ‘folk’ hawaasa waliin jiraatuufi qabeenya eenyummaa, beekumsa, qaroomina, falaasama, duudhaafi jiruuf jireenyasaanii ibsan waliin qoodatani. Lore, ammoo, qabeenya hawaasini waliin jiraatu tokko walitti qabu ta’uu Oring (1986:135)fi Fileen(2016:31) Grenie(1998)fi Dorson(1972) wabeeffachuun ibseera. Haala kanaan, ummanni oromoos eenyummaa isaa, beekumsasaa, qaroomina isaa, falaasama isaa,

duudhaa isaafi jiruufi jireenya isaa kan waliin ittiin calqisiifatuufi hawaasummaa isaa ittiin ibsatu fookloorii mataa isaa akka qabu heeruun murteessaadha.

### 2.1.2 Akaakuu Fookloorii

Fookilooriin waa hunda garee hawaasaafi, sadarkaa kam irratti iyyuu waliin jiraatuu akka ta'e ibsameera.Waa hunda hawaasichaa ammoo bakka tokkotti ibsuufi qorachuun waan rakkisuuf akkaataa walitti dhufeenya isaan qabanirratti hundaa'uun akaakuu akaakuun qoqqooduun murteessaadha. Bu'uura kanaan, Filee(2016),Richard Dorson (1972:3) Afoola(Oral Literature), Duudhaa Hawaasaa (Social Folk Custome), Aadaa Meeshaa (Material Culture)fi Aartii Duudhaa Hawaasaa (Performing Folk Art) qooduun nidanda'ama.

#### 2.1.2.1 Afoolaafi Gosoota Afoolaa

Afoolli damee fookiloorii keessaa tokko ta'ee, qabeenya gareen hawaasaa tokko adeemsa keessa waggoota dheeraadhaaf maddisiisuun muuxannoosaa dhimmoota adda addaatiif itti gargaaramaafi jiruufi jireenyasaa ittiin ibsachaa, qajeelchaa jiraatuudha.Akkasumas, afoolli kan hawaasni tokko muxannoofi beekumsasaa yaadachuudhaan dhalootaa dhalootatti hima afaaniitiin dabarsaa tureefi dabarsaa jiru akka ta'e, sadarkaa jireenya uummata tokko kan mul'isu, fedhii, hawwii, gadda, gammachuufi bu'aa baayii ilma namaa ifa kan godhu, daawitii jireenyaa hawaasaa akka ta'e Wiirtuu Jiildii 5, (1992: 121 )fi Finnegan (1970:14) ibsameera.Qabeenya muxannoofi beekumsa hawaasaa ibsu kana akaakuu adda addaa karaa garagaraan ibsamu gurguddoo: raagoo (oral narratives), afwalaloo (oral poetry)fi qareeyyiitti (witticisms) qooduun qorachuufi itti garagaaramuun barbaachisaa akka ta'eOring (1986),Okpewho (1992) ni'addeessu. Afoola keessatti kanneen ramadaman looriwwan hedduun ni jiru. Isaan kanneen gosoota adda addaatti qooduuf hayyoonni fookloorii karaalee adda addaa fayyadamu. Finnegan (1992:134) akka ibsitetti, hayyoonni fookloorii garaagaraa karaalee ja'a (6) hordofuun 17 afoola akka qoqqoodan ibsite. Isaanis bifa, qabiyyee, hojii (shoora hawaasa keessatti qabu), yoomessa murtaawaa, haala itti dhiyaatufi qoodinsa haala qabatamaa naannawa tokkoo (taxonomies) fa'i. Okpewho (1992) afoola iddoowwan saditti qoode: raagoo (oral narratives), afwalaloo (oral poetry)fi qareeyyii (witticisms) dha. Ulaagaan hayyuun kun fayyadames seenaa qabaachuu, walaleeffamuufi unka gaggabaaboo qabaachu dha. Yaaduma hayyootaa kana bu‟ura godhachuun gosoota afoolaa sadeen Okpewho (1992) qoodaman akka armaan gadiitti dhiyaataniiru.

**a. Raagoo (Oral Narative)**

Raagoon akaakuwwan fookloorii keessaa tokko ta’ee, dandeettii sammuun waa yaadachuu bu’ureeffachuun waggoota dheeraaf darbaa dhufuun dhaloota har’aa bira kan ga’e dha. Ogumi kun dhalli namaa dhaloota irraa kaasee hanga du’utti adeemsa jireenyaa kan ibsu waan ta’eef, saba kam keessattiyyuu kan argamu dha. Kanamalees raagoon ta’insoota adda addaa duraa duuba isaa eegudhaan hawaasicha jiruufi jireenya guyyuu keessatti wantoota addatti muudatan irratti hordoftoota bashannansiisuu, barsiisuufi ergaa kaayyeffate haala dabarsuun dhiyaata. Oring (1986), raagamtaa, afseenafi durdurii jechuun raagoo iddooowwan saditti qoode. Haala kanaan gooroo afoolaa keessaa tokko kan ta’e raagoon raagamtaa,afseenafi durdurii ofjalatti kan hammata. Raagamtaan gama isaatiin raagamtaa uumamaa (creation myth), Raagamtaan ergamootaa (Diety myth)fi Raagamtaan ergamootaa (Diety myth) jedhamuun iddoo saditti qoodama.

**b. Afwalaloo**

Afwalaloon bifa walaloon kan dhiyaatuufi dhimmoota hawaasaa diinagdeen, hawaasummaan, siyaasaan, akkasumas gama seenaatiin gumaacha guddaa kan taasisu damee afoolati. Afwalaloon Oromoos akkuma afoola isaan biroo afaanumaan kan dhaloota lufurraa dhaloota dhufutti darbu yoo ta’u, yeedalloo qabaachuu isaatiin afoolawwan kaan irraa adda ta’a.

Akka Solomon (2007:129) ibsetti, afwlaloon aadaa hawaasichaa bu’ureeffachuun hawaasa keessatti dhuunfaan yookiin immoo gareen dhiyaachuu danda’a. Haala kanaan wantoota hawaasa jireenya guyyuu keessatti muudatan, wantoota uumamaan 18 walqabatanii muudatan, falaasama hawaasichi qabu, beekumsa, ilaalchafi kkf. afwalaloo bu’ureeffachuun dhalootaa-dhalootatti darba.

Finnegan (1970:109-299) goorowwan afwalaloo, amileessaa (patronage), faarsaa (panegyric or praise), boo’icha (elegiac), amantaa (religious), afwalaloo addaa (special purpose), miiroo (lyric), siyaasaa (topical political)fi urursa daa’immanii (children’s songs) jechuun iddoowwan garaagaraatti qooddi.

Yaduma kana bu’ureeffachuun maalummaa gosootni afwalaloo garaagaraa haala itti aanu kanaan dhiyaataniiru. Akaakuwwan afwalaloo jiran keessaa tooko afwalaloon *amileessaa* (patronage poetry) yoo ta’u, waa’ee mootii, namoota aangoo qabaniifi sooreyyii kan balballoomsu dha.

Namoota dandeettii addaa qabaniin jajuu, dinqisiifachuufi kkf. sammuutti qabachuun (recitation) dhiheessu dha. Yaaduma kana Finnegan (1970:89), "The skilled and separate of this poetry is further evedent from the existence of specialist training, particularly in the skill of recitation." Akka yaadni kun ibsutti, afwalaloo gosa kanaa dhiheessuuf shaakala addaa gochuu qofa osoo hin taane, kennaa addaa barbaada; keessattuu dandeettii waan tokko shaakaluun sammuudhaan yaadachuutiin (recitation) leenjii addaa barbaada.

Afwalaloon faarsaa (panegyric or praise poetry) immoo waa'ee namootaafi wantootaa sammuudhaan yaadachuun faarsuu yookiin ceepha'uu dha. Kunis faaruu loonii, aangawoota, gootota, misirroowwan, sanyii (gosa), mootiifi kkf. jajjabeessuuf, aamilee isaanii eeguuf yookiin qeequun kanneen tajaajilani dha.

Finnegan (ibid:119) yoo ibsitu, "Praise poetry often plays an essential part in the rites of passage: when an individual (or group) moves from one status to another in society, the transition is celebrated by praise making the new status or commemoration the old." Akka yaada kanaatti immoo sadarkaa lufiinsa jireenyaa keessatti afwalaloon faarsaa iddoo olaanaa qaba. Innis yommuu namni sadarkaa jireenyaa tokkorraa isa biraatti ce'u, afwalaloon faarsaa kun kabajannaa ayyaanichaarratti ce'umsa isa haaraa agarsiisuufi isa moofaa yaadachiisuun shoora olaanaa taphata. Afwalaloon *boo'ichaa* gama isaatiin tajaajila hawaasichaaf kennu kan mataasaa qaba. Yaada kanas ibid (1970:149) yommuu ibsitu, "The most obivious instance of elegiac poetry are those poems or songs performed at funeral or memorial rites." Yaada kanarraa wanti hubatamu, afwalaloon boo'ichaa akaakuwwan afwalaloo keessaa tokko ta'ee sirna awwaalchaa yookiin yaadannoo namoota du'aniif taasifamu irratti kanneen bal'inaan tajaajilan mara ofjalatti hammata. Gosti afwalaloo inni biraan afwaalaloo *amantaa* (religious poetry) yommuu ta'u, dhimmoota amantaa wajjin walqabatanirratti hawaasini bal'inaan itti tajaajilama. Finnegan (1970:168) ammas itti dabaluun akka ibsitetti, afwlaloon tokko kan amantaa ta'uu adda baasuuf, qabxiiwwan sadi xiyyeeffatamuu qabu: qabiyyeen afwalaloo sanaa amantaa ibsuu, miseensota hordoftoota amantichaan irradeddeebi'amee shaakalamuufi sammuutti qabachuun dhiyeeffamuu akkasumas dhimmoota akka amantichaatti yeroo isaa eegee raawwatamu bu'ureeffachuu dha.

Itti dabaluun, afwalaloon *addaa* (special purpose poetry) waraana, hojiiwwan, adamoo, akkasumas dhimmoota dhugummaan isaa namatti dhaga'amu (aperson's true feeling)fi kkf. hawaasni haala addaatiin itti tajaajilama. Afwalaloon miiroo (lyric poetry) gama isaatiin tajaajila

bal’aa hawaasaaf ni kenna. Yaada kana fakkaatu ibid (1970:242) yoo ibsitu. “Rites of passage are very common occasions for singing. There are songs associated with birth, initiation and puberty, betrothal, marriage, acquiring anew tittle or status, and funeral and memoral celabration. “Lufiinsi jireenyaa keessatti afwalaloowwan haala garaagaraan fayyadamuun baramaa dha. Kunis afwalaloowwan guyyaa dhalootaa, kaka‟umsaafi dargagummaa, kaadhimmachuuf, gaa’elaaf, aangoo argachuu, sirna awwaalchaafi kabaja yaadannoo namoota du’aniif taasifamu, kkf. keessatti akaakuun afwalaloon miiroo haalan tajaajila.

Afwalaloon siyaasaa (topical political) dhimmoota hawaasni siyaasa ilaalchisee ibsachuu barbaade, dhiibbaa gochuuf, olola siyaasaaf, dimshaashumatti dhimmoota siyaasa ilaallatan ittiin ibsachuuf kan hawaasa tajaajilu dha. Dhumarratti kan ilaallu afwalaloo urursa daa’immanii (lullabies) yoo ta‟u, kunis fakkeenymmaa gaarii dhiheessuun daa’imman haala salphaan maaltu akka irraa eegamu barachaa deemu. Kun immoo osoo itti hin karoorfamin uumamaan hawaasa hunda biratti waan argamu dha. Walumaagalatti, akaakuuwwan afwalaloo Finnegan bu’ureeffachuun armaan olitti ibsaman irraa hawaasni dhimmoota garaagaraatiif afwalaloowwan garaagaraa akka fayyadamu hubachuun ni danda’ama.

C. **Himoota Gaggabaaboo (Witticism)**

Himoota gaggabaaboon bifa walaloon yookin immoo hololoon kan dhiyaatan oguma hawaasaan kalaqame damee afoolati. Akka Solomon (2007:134) ibsetti akaakuwwan afoolaa as jalatti qoodaman hedduu ta’uu danda’u. Kanneen keessaa muraasni, mammaaksa, hibboo, faaruu gootaa, (epic)fi kkf. fa’i. Akka yaada kanaatti himoonni gaggabaaboon haala lamaan dhiyaachuu danda’u: bifa walaloofi bifa hololootiin. Fakkeenyaaf, hibboo,dubbii qolaafi mammaaksa yoo fudhanne yeroon isaan bifa walaloon, yookiin immoo bifa hololoon dhiyaatan ni jiraata.

### 2.1.2.2 Meeshaa Aadaa

Meeshaan aadaa firiiwwan fookiloorii hawaasni tokko wantoota naanoo isaaniitti argaman irraa ogummaafi beekumsa waa kalaquu adeemsa keessa horataa dhufanitti gargaaramuun bocanii tajaajila adda addaaf oolchaa jiruuf jireenya isaanii ittiin qajeelchaniifi gaggeeffataniidha. Meeshaan aadaa, kan hawaasni waliin jiraatu bu’aa ogummaa isaaniitti gargaaramuun jireenya isaanii ittiin qajeelchuuf qalaqatan qofa osoo hintaane, kanneen uumamaan argatniin eenyummaan hawaasicha waliin jiraatuus kan ittiin ibsamuufi seenaan, beekumsi, qaroominniifi falaasamni hawaasichaa dhalootaa dhalootatti qabatamaan darbuudha.

Yaaduma kana ilaalchisee, Fileen(2016:191) Woodward (2007:14) wabeeffachuun, “ material culture refers to any material objects …that people persieve, touch, use and handle to carry out social activities within, use or contemplate,” jechuun ibsa.Kunis meeshaaleen aadaa meeshaalee hawaasni tokko qaqqabuun jiruufi jireenyasaa kamiyyuu ittiin waliin gaggeeffachuuf, ibsachuufi haala jiru ittiin hubachuuf gargaaramu akka ta’e addeessa.Haala kanaan, meeshaaleen aadaa: hojii harkaa (folk craft), oguma harkaa (folk art), maandisummaa aadaa (folk architecture), aadaa nyaataafi dhugaatii (folk food and drink), uffannaa aadaa (folk costume/folk dress)fi kkf kan of-keessatti hammatu ta’uu hubachuun barbaachisaadha.

#### 2.1.2.3 Aartii Duudhaa Hawaasaa

Aartiin sochii qaamaa goorowwan fookiloorii keessaa tokko ta’ee, raawwii namni tokko yookiin gareen tokko bakka daawwattoonni jiranitti yeroofi iddoo murtaawwaa ta’etti raawwatu.Aartiin duudhaa Hawaasaa, garuu kanogummaan aartii hawaasa tokkoo bifa faaruuwwan duudhaa, ragada, diraama, sirna boo’ichaa, tapha fardaafi k.k.f. kanneen sochii qaaman qindaa’anii dhiyaataniidha. Aartiin duudhaa kalaqa aadaatiin kan argame yoo ta’uu, ogummaa sochii qaamaatiin qindaa‘ee waan dhiyaatuf dandeettin fedhii nama hawwachuu isaa cimaadha. Guddataa (2016: 27) Sims and Stephens (2005:128) wabeeffachuun yoo ibsu, aartiin duudhaa hawaasaa raawwatamuuf, yoomessa qabatamaa, hirmaattota (dhiheessitootaafi jamaa) dirqamatti barbaachisuufi haala salphaan fookiloorii uummata tokkoo calaqqisiisufi dhalootaa dhalootatti dabarsuu kan danda’uudha.

#### 2.1.2.4 Duudhaa Hawaasaa

Duudhaan hawaasaa akaakuuwwan fookiloorii keessaa isa tokko ta’ee amaleeffannaa ykn gocha baramaa hawaasni yeroo adda addaatti jila walfakkaataa ta’e irratti haala wal fakkaataan raawwatu kan agarsiisu yoo ta’u, duudhaa, dalaga, safuufi k.k.f kan ittiin dabarfataniidha. Damee barsiifata hawaasummaa jedhamuun kanneen beekkamanis: jila, tophoota, dirree bashannanaa, qoricha aadaafi amantii duudhaa namoonni gareen hirmatanii akka ta’e Melakneh, (2006:9) ibsee jira. Gama biroon immoo, haala duudhaan hawaasaa kun keessatti kabajamu ilaalchisee Rechard S. (1997:168), duudhaa, hawaasaa waqtii eeggatanii raawwataman (calenderical custome), lufiinsa jireenyaa kanneen bu’ureeffatan (Rites of passage costume), dhimmoota hawaasni waliin kabajatu (Siginificant communal event custome)fi dhimmoota amantaan walqabatan (Folk belief custome) akka ta’e ibsameera.

Jilli sirnoota hawaasni garee tokkoo gadda, gammachuu, walabboommii, hedannaa baraa/ dhahaafi kkf ittiin ibsatuufi ittiin walqajeelchuun jiruufi jireenya isaanii ittiin gaggeeffataniifi dhaloota haaraa ittiin barsiisaniidha.Akkaataan hawaasni tokko gaddasaa ittiin ibsatu: haalli uffannaa, sirni awwaalchaa, dhaala-miiloo; Akkasumas, gammachuusaa ittiin ibsatu kanneen akka: cidhaa/sirna fuudhaaf heerumaa, maqbaasaa,sirna dahumsaafi sirnoota walabboommii: sirna gadaafi jaarsummaafaa niheeramu. Haaluma wafakkaatuun, jilli sirna raawwii kabaja duudhaa hawaasaa haala qindaa'aafi toora isaa eeggatee bifa miidhagina ykn qulaqullina qabuun bakkaafi yeroo murtaa'aa ta'e keessatti irra deddeebi'amee bifa fedhii namaa hawwatuun kan raawwatamuufi kan dhiyaatu akka ta'e Delessa,(2008:17),Fileen(2016) Peekfi Yankah(2004), Stephens(2005) wabeeffachuun ibsameera.

Qorannoon kunis, dhaha oromoo akaakuuwwan fookiloorii keessaa duudhaa hawaasaa kan jedhu jalatti ramaduun kan qoratu ta'a. Kanaaf, qorannichis caalmaatti dhimmoota dhaha oromoo keessaahuu dhaha Oromoo Gujiin walqabatan kan qoratu ta'ee xiyyeeffannaan isaa hariiroo moggaasaafi maqaalee dhaha gidduu jiru balballoomsuu irratti xiyyeeffachuun barruulee deeggarsaa sakatta'uun xiinxalee dhiyeessa.

### 2.1.3 Faayidaa Fookiloorii

Faayidaan fookilooriin jiruufi jireenya hawaasaa keessatti qabu heddu akka ta'e beektonni adda addaa ni ibsu.Akka Dundes (1965: 279-298) ibsutti fookilooriin faayidaa gurguddaa afur qaba.Tokko, namoota himaniifi himansa dhageeffatan gammachiisa. Fookilooriin irra caalaatti hojjataa oolanii yeroo boqonnaatti wolbohaarsuun dadhabbii itti ba'u. Lama,fookilooriin duudhawaadha. Duudhaaleen hawaasaa yeroo adda addaattiifi sirnoota adda addaa irratti raawwataman akkaataa itti raawwataniin caasaa hawaasaa eegan. Sadi, fookilooriin dhaloonni haaraan duudhaa, amantii, barsiisfataafi safuu hawaasaa barataa akka guddatan taasisa.Kuni immoo, ga'ee durduriifi hibboon Oromoo dhaloota itti ijaaraa deemaniin ibsamuu danda'a.Afur, Fookilooriin duudhaan hawaasaa dhaloota tokko irraa gara dhaloota itti aanuutti akka darbuufi itti fufiinsa akka qabaatu taasisa. Kanaaf fookilooriin of-eeggaannoofi xiyyeeffannaa guddaan kennamnaan hawaasa faanaa kan itti fufu ta'uu agarsiisa. Haaluma wolfakkaatuun Dastaa(2011:21-22)fi Hinseenee (2010:3) fookilooriin faayidaa hedduu kan qabu ta'ee, gurguddoon bashannansiisuu, barsiisuu, haaromsuufi jabeessuudha.Haala kanaan fookilooriin nibashannansiisaa barsiisa jechuuf malee kan waan irra baran hinqabneefi bshannansiisu qofas

akka hintaanetu ibsame.Haaromsuun hamileefi anniisaa dhimmoota adda addaan jiruuf jireenya hawaasaa keessatti caban sissi'eessufi hamilee itti horuun jabeessuudha.

Faayidaan fookiloorii kan biroo hidhata afaan woliin qabuun ibsama. Fookilooriin afaan, afaanis fookiloorii malee kanneen hinyaadamne Dundes (1965: 258),

> *"The relationship between language and culture can be discussed in terms of how culture makes use of language. Language is used to provide information about processes and the values of a culture, to direct the activity of a culture, to establish and maintain a positive emotional state for the participants within a culture, to perform rituals in a culture, to establish and maintain interpersonal relations, to carry out the cognitive activity (that is thinking), to perform cultural recreate activities and to express the aesthetics of a culture. Therefore, Language is indispensable for the functioning and perpetuation of the culture,"* jedha.

Yaada waraabbii kana irraa kan hubatamus, haala fayyadama afaanii aadaan calaqqisiifamu. Afaanis kan fayyadu odeeffannoo haala raawwii aadaa, qajeelcha aadaa, riqicha wolitti dhufeenya namoota aadaa jilatanii ta'uu, yaadaafi ilaalcha isaanii aadaan wolqabate afaaniin kan woliif ibsaniifi dhugummaa/qabatamummaa aadichaa ittiin calaqqisiisan akka ta'etti ilaalamuudha. Kanaaf, aadaan damee fookilorii duudhaa hawaasaa keessatti hammatamuufi ibsamu afaaniin gargar ba'amanii kan hinilaalamne ta'uun fookilooriifi afaan bu'aa woliinii ta'uu addeessa

## 2.2 Dhaha

Dhahi akaakuu fookloorii duudhaa hawaasaa jalatti hammatamu ta'ee, sirna lakkoofsa baraa beekumsa olaanaa gaafatu kandhalli namaa addunyaa kanarratti Urjii, Ji'afi Biiftuu irratti hundaa'uun ummatee jiruufi jireenya isaa ittiin too'ataafi gaggeeffataa tureefi jiruudha. Haaluma kanaan, toorri intarneetii http://www.canadatop.com/article/Calender maalummaa kaalandarii yeroo ibsu, "A calender is a system of organizing days, weeks, months and years. The name given to each day is known as a date. Periods in a calender (such as years and months) are usually though not necessarily correspond with the cycles of some astronomical phenomenon, such as the cycle of the sun, or the moon," Jedha. Yaadrimeen waraabbii kanaas, dhahi mala guyyoonni, torbeen, ji'iifi barri qindoominaan ittiin ibsaman ta'ee, haalli heddannaa isaas marsaa ji'aa/addeessaa yookaan biiftuu irratti kan hundaa'u qabaata.

Bu'uurri hedannaa marsaa jireenyaa adda addummaa ijoo murni hawaasa tokkoo beekumsaa natoo/indigineous knowledge fi haala jiruufi jireenyasaa ji'aafi biiftuu irratti hundaa'u qabuun ummateedha.Dhaha haala kanaan uumamee yeroo gara yerootti beekumsa baraa ida'achuun guddataa dhufaniifi biyyoota addunyaa baay'eef ka'umsa ta'anii tajaajila biyyaalessaa kennaa jiran gurguddoo keessaa kan Hinduu, Maayaafi Chaayinaa niheeramu Asmarom (1973:180).

### 2.2.1 Seenaa Dhaha Addunyaa

Biyyoonni addunyaa jiruufi jireenya isaanii gaggeessuu keessatti dhaha hingargaaramne hinjiran.Biyyoonni tokko tokko kalaqanii gariin ammoo, kan biyyoonni biroo kalaqan gargaaramu. Akka seenaan dhaha addunyaa himutti, dhahi bu'aa yaalii worra dhaha himanni/astronomers, abbootii amantiifi hayyoota herreegaati. Kanas, ragaa toora interneetii http://www.bdlrl.com/,David (1998)wabeefachuun **"**The history of the calendar is largely about the attempts of astronomers, priests and mathematicians to force the tropical year and the lunar month to fit into a scheme comprised only of whole numbers. Like the geometers who dreamed of "squaring the circle" and the alchemists who sought to turn lead into gold, they faced an almost impossible task, but that didn't deter them," ibsame. Akka yaada waraabbii kanaatti,seenaa dhahaa keessatti yaalii dhaha dhooftonni, luboonniifi hayyoonni herreegaa biiftuufi ji'a irratti hundaa'anii dhaha guyyaa hanga woggaatti walsimsiisuun himan salphaa miti.Yaada kana irraas kan hubatamu, waan lama. Tokko dhaha dhooftonni kutaa hawaasaa keessaa kanneen akka dhaha dhooftuu/astronomers, luboota/priest,fi hayyoota herreegaa/mathimaticians ta'uudha.Lama, dhaha dhooftonni kunneen dhaha dhahuuf kanneen gargaaraman keessaa biiftuufi ji'a bu'uura taasifachuudha.

Seenaa dhaha addunyaakeessatti dhaha duudhawaafi beekumsa ammayaa malee yeroo bifa ibsuu danda'uunkalaqanii itti gargaaramaniifi tursan keessaa kan biyyoota muraasaa bal'inaan yoo kaafaman nidhaga'ama. Biyyoonni seenaan dhaha isaaniika'an kanniin keessaas: Chaayinaa, Hinduufi maayaan niheeramu. Qorannoo yeroo gara yerootti finiinaa dhufeenis dhahi Oromoo, akka dhaha biyyoota kanniinii dursee qoratamuu baatuyyuu akkuma dhaha biyyoota ibsamanii aslummaafi sirrummaan isaa mirkanaa'aa tureera. Haalli dhaha biyyaata ibsamanii kan Oromootiin gama hedduun walfakkeenya kan qaban ta'uu heeruuf, dhaha Chaayinaa akka fakkeenyaatti ilaaluun nidanda'ama.

#### 2.2.1.1 Dhaha Chaayinaa

Akka ragaan toora interneetii, http://en.wikipedia.org/wiki/Chinese_calendarjedhu iraa argame ibsutti, chaayinaan dhaha akaakuu lama gargaaramti:dhaha worra Girigooriyaanii, kan bulchiinsa biyyaafi daldalaaf itti gargaaraman; dhaha duudhawaa Chaayinootaan biiftuu, ji'aafi urjii(Jupitar) irratti hundaan kalaqameefi tajaajila amantiifi qonnaaf itti gargaaramaa, hiree gaariifi yaraa dhalachuu daa'immaniifi du'aa illee kan ittiin laalataafi jireenya qajeelfataa jirtuudha. Haala kanaan, dhahi duudhawaan biyyattiin kalaqxesji'oota 12 kan qabuufi woggaan giddugaleessaan guyyoota 355 kan qabuufi ji'a sirreesituu guyyaata woggaa tokkoo, kan wolitti ji'a 13 taasistuufi dhaha biyya Hebruutiin walfakkaatu qabdi.Ji'I 13ffaan, hanaga addeessa haaraa woggaatti ji'a 11ffaatii hanga ji'a 11ffaa marsee dhufuutti mul'attuu lakkaa'uudhaan yoo si'a 13 mul'atte murtaa'a. Akkaataa hedannaa bara isaanii kanaan, ji'i jalqabaa guyyaa ji'i/addeessi mul'atte jalqaba jechuudha.Akkasumas, Akka hedannaa Chaayinaatti torbee guyyoota kudhan kudhaniin bakka saditti kurna jalqabaan, Up Xun, kurna itti aanuun, Middle Xun fi kurna dhumaatiin Down Xun jechuun moggaasanii akka ji'i tokko Xun 3qabaatutti hedatu. Haaluma wolfakkaatuun, akka ragaan toora interneetii ibsame kun argisiisutti, "*Unlike most other calendars, the Chinese calendar does not count years in an infinite sequence. Instead years have names that are repeated every 60 years, corresponding to five repeats of the Chinese zodiac cycle of 12 animals (in sequence they are: rat, ox, tiger, hare, dragon, snake, horse, sheep, monkey, rooster, dog, pig*) jechuun maqaan ji'oottaniis kan bineensotaa irraa moggaafamuu ibsa.Kunis, ji'oonni woggaa dhaha Chaayinaa maqaa bineensotaa:Hantuuta, Qotiyyoo, Qeerransa, Illeettii, Dragon/kan akka Lootuu abidda afuura baafatuufi kochoo qabu,Bofa, Farda, Hoolaa, Jaldeessa, Kormaa Handaaqqoo, Sareefi Booyyeen jedhamuun akkaataa gabatee kanaan ibsamu.

| | | | | | | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Zi 1 | Chou 2 | Yin 3 | Mao 4 | Chen 5 | Si 6 | Wu 7 | Wei 8 | Shen 9 | You 10 | Xu 11 | Hai 12 |
| Rat | Ox | Tiger | Hare | Dragon | Snake | Horse | Sheep | Monkey | Fowl | Dog | Pig |

*Gabatee 2 – maqaa bineeldotaa ji'oota Chaayinaaf Moggaafaman*

Bifuma wolfakkaatuun woggaafi moggaasni hanaga woggaa 60tti kan kennamu ta'eewoggaa jaatama jaatamaan kan irra deebi'an ta'uibsama.Gama biraanis, waktiin wolqabatee, akka dhaha

duudhawaa isaanii kanaatti, waktiilee yoo ibsan ji’oottan boca ji’aa irratti hundaa’uun bineeldota, bu’aa beeyiladaa,bifa, kuduraafi muduraa, nama(korniyaan), adamoofi kkf ji’aan wolitti dabaluun moggaasuu argisiisa.Kanas gabateen gadii ni’agarsiisa.

| Seasons | Yule, Winter Solstice | First Day of Spring, Vernal | The Long Day, Summer Solstice | Summer’s End, Autumnal Equinox | The third full moon in any |
|---|---|---|---|---|---|
| Name of full moon | Moon after Yule | Egg Moon (Paschal Moon | Hay Moon | Harvest Moon | Blue Moon |
| | Wolf Moon | Milk Moon | Grain Moon | Hunter’s Moon | |
| | Lenten Moon | Flower Moon | Fruit Moon | Moon before Yule | |

*Gabatee 3 – Hedannaa Tibbaa Chaayinaa haala ji’aa irratti hundaa’u*

Wolumaa galatti, akkaataa hedannaa baraa Chaayinaa olitti ibsamekana irraa wanti hubannu laayyoo miti. Barnoota ammayyaa malee yeroo hedachuun akkaataa jiruufi jireenya isaanii aslii ta’etti gargaaramaa jiran ajaa’ibsiisaadha. Kunimmoo, sirna dhahaa haala jiruufi jireenya biyyaattii duriifi amantii isaanii akka hindagatamne dhalootaa dhalootatti ceesisuu dandeessise kan hordofe ta’uu hubachiisa.

### 2.2.2 Bu’uura Dhaha Addunyaa

Dhahi addunyaa ijoowwan hedannaa yeroo irratti bu’uureffate qaba. Akka ragaan toora interneetiihttp://en.wikipedia.org/wiki/Gregorian_calendar#Beginning_of_the_yearhttp://astro.nmsu.edu/~lhuber/leaphist.html jedhu irraa argame ibsutti, bu’uurri hedannaa yeroo addunyyaa kunneen sa’aatii, guyyaa, torbee, ji’a, baraafi barkumeefaadha. Haala hedannaafi moggaasa adeemsa hedannaa keessatti guyyoota, torbee, ji’a, baraafi kkf kennaman gara garaas akka hedannaa yeroo biyyoota hedannaan fakkeenyummaa qabanii nika’a. Akkuma haalli hedannaa Chaayinaa olii ibsu, haala hedannaa guyyoottaniiworraa Hinduu kaasuun yaadrimee moggaasafi

maqaalee ji'aa ilaaluun barbaachisaadha.Kunis, haala moggaasaafi hariiroo maqaan guyytaa oromoo qaban caalatti hubachuuf waan toluuf

Haala kanaan akka1007.0062.pdf-Adobe Reader,The calenders of Hindia,jedhu irraa argame ibsutti, "The starting point for calendars is the definition of the basic unit of time measurement. This unit is called a secondand is defined as 9, 192, 631, 770periods of vibration of Cesium-133 atomic hyperfine transition. The largerunits of calendrical times are days, months, and years," jedha.Kunis, ka'umsi hedannaa yeroo sadarkaa xiqqaatti sekondiitii hanga sa'aatiitti jiru ta'ee, yoosadarkaan olguddatu ammoo, guyyoota, ji'ootaafi woggoota akka ta'an ibsa.

Gama biroon ammoo, bu'uura hedannaa yeroo lakkoofsa guyyoottan ji'aa torbee keessatti bakka afuritti qooduunkan hedatamu ta'uutu mul'ata. Akkaataa lakkoofsi guyyoota ji'aa torban keessatti guyyaa torba torbaan itti qoodaman kana ilaalchisee, "In Christendom, as in Judaism and Islam, the seven-day cycle of days of the week marks thebasic period of work, rest and communal worship. In the Bible, the Creation of the worldtakes six days, and God rests on the seventh," jedha.Yaanni kunis, akka hedannaa worra Kiristendom amantii Judistootaafi Musliimotaatti, guyyoonni torbanii torban kan marsaniifi guyyoonni jaha kan hujii, guyyaan dhumaa ammoo, akka guyyaa boqonnaatti kan fudhatamu ta'uu ibsa.Kunis, Baabiloonota irraa kan fudhatame ta'ee, macaafa qulqulluu keessatti waaqayyo uumama addunyaa uumuuf guyyoota jaha kan itti fudhateefi torbaffaatti kan aara galfate ta'uu isaa addeessa.Haala kanaan, akkaataa guyyoonni torbanii maqaa itti argatanis ilaalchisee urjiilee, addeessiifi biiftuun kan giddugaleeffataman ta'uutu ibsama.

Kanaan, wolqabatee Toorri interneetii http://www.bdlrl.com/David (1998)wabeefchuun haala moggaasa maqaalee yoo ibsu,

*"The planet which ruled the first hour of the day was taken to rule the whole day, and this gave rise to a seven-day cycle. The Romans began to name each day afterits ruling planet: Saturn's day, the Sun's day, the Moon's day, Mars's day, Mercury's day, Jupiter's day, Venus's day. In the Romance languages, the connection is still evident. In French, for example, Monday to Friday become lundi, mardi, mercredi, jeudi, vendredi. In the Germanic languages, the names of the Norse gods Tiu, Woden, Thor and Freya replaced Mars, Mercury, Jupiter and Venus," jedha.*

Kunis guyyoonni torbanii pilaaleettii sa'aatii guyyaa tokkoo dursu akka guyyata torbees dursu ta'ee fudhatame. Haala kanaan, Roomaanonni pilaaneetti kanaan dursuun guyyaa Satarnii(Satn's day), Guyyaa Aduu(the Sun's day), Guyyaa Ji'aa(the Moon's day), Guyyaa Maarsii(the Mars's day), Guyyaa Meerkurii(the Merkury's day). Guyyaa Juppiitaraa(the Jupitar's day)fi Guyyaa Veenuus(the Venus's day) jedhanii moggaasa afaan isaaniin hidhata qabu kennaniif. Gama biroonis, biyya Fansaayitti guyyoonni Wiixataa hanga Jimaataati jiran: Lundii, Mardii, Merciredii, Je'udiifi Vendiredii akka jedhaman ibsa. Kanamalees, guyyoonni kan Roomaa keessatti pilaaneettota: Maarsii, Meerkurii, Juppitariifi Veenusii jedhamuun ibsaman, afaan Jarmaniitiin maqaalee waaqota 'Norse'jedhamanii beekkaman: Tiu, Woden, Thor fi Freya jedhaman bakka bu'amanii akka yaamaman addeessa. Kana irraas wanti hubatamu, guyyoonni torbee pilaaneettota torban irratti hundaa'uun afaan gara garaan moggaasa kan argatan ta'uusaati.

#### 2.2.2.1 Akaakuu Dhaha Addunyaa

Akaakuun dhahaa, seenaa hedannaa dhaha addunyaa keessatti kanneen biyyoonni adda addaa irratti hundaa'uun yookiin qabata taasifachuun bara itti lakaa'an jechuudha.Haala kanaan, akka ragaan toora interneetii, http://www.math.sfu.ca/histmath/calendars/gregorian.htmlirraa argame ibsutti, akaakuun dhaha addunyaa gurguddoon afur: Ji'a, Biiftuu, Ji'aafi Biiftuu, Urjiilee. Kanniini, fakkeenyaan deeggaruun tokko tokkoon gaditti dhiyaataniiru.

##### I. Ji'a(Lunar)

Akaakuu hedannaa dhaha addunyaa keessaa tokko dhaha ji'a yookiin addeessa irratti hundaa'uunkan hedamuudha.Kunis, akka toorri interneetiihttp://www.bdlrl.com/ibsutti, dhahi duudhawaan biyyoota baay'ee bocaafi haala mul'achuufi guddataa deemuu; akkasumas, xiqqaachaafi dhabamaa deemuu ji'aa irratti hundaa'uun guyyaa lakkaawuu halkan irraa eegalaniidha.Haaluma wolfakkaatuun, David (1998), haala boca ji'aa irratti hundaa'uun hedamuu dhahaa yoo eeru, "The lunar month is measured by the phases of the Moon - New Moon, First Quarter, Full Moon, Last Quarter, and New Moon again. It is 29.5305888531 days long, but getting longer by a little less than a fiftieth of a second per century,"jedha.Yaada kana irraas kan hubatamu, ji'i(month) kan hedamu boca ji'aa(Moon) irratti hundaa'uun ta'ee, ji'a haaraa(kan reefu baatu), walakkeessa jalqaba ji'aa, Goobana ji'aafi walakkeessa dhuma ji'aa jechuun hedamee hanga marsaa duraa ji'a haaraatti deebi'uutti, giddugaleessaan guyyoota 29.5

kan fudhatu ta’uu addeessa. Kana irraas, ji’I tokko guyyoota 29.5 kan qabaachuu danda’u ta’uufi guyyoota kanniin heduuf haalli ji’aa murteessaa ta’uutu hubatama.

Haaluma wolfakkaatuun, toorri interneetii http://www.bdlrl.com/biyyoota ji’arratti hundaa’uun dhaha dhahatan, “Lunar calendars were developed by the ancient China, Hebrews, Romans, Celts and Germans. The Islamic calendar is the major lunar calendar in use today,” jechuun tarreessa.Akkuma yaada kanarraa hubatamu, biyyoonni akka Chaayinaa durii, Hibruu, Roomaa, Seeltisiifi Jarmaniifaa akka ji’a irratti dhaha dhahachuu kan hundeeffataniifi itti gargaaramaa jiran ta’uu addeessa.

**II. Biiftuu(Solar)**

Akaakuu hedannaa baraa /dhahaa addunyyaa keessa tokko kan biiftuu irratti hundaa’u.Biyyoonni addunyaa biiftuu irratti hundaa’uun dhaha dhahatanis baay’ee akka ta’an ragaaleen dhahaan wolqabatan niaddeessu.Haala kanaa, akka ragaan toora interneetii http://www.bdlrl.com/ agarsiisutti dhaha addunyaa sirna biiftuu gargaaraman keessaa tokko dhaha Girigooriyaanii akka ta’e, “A solution was put in place through the calendrical reform undertaken by Pope Gregory XIII (1502–85) that lead to the Gregorian calendar, the major solar calendar in use today. In this calendar, the discrepancies are corrected by having century leap years only if they are exactly divisible by 400”jechuun ibseera.Ibsi kunis, dhahi Girigooriyaanii nama Pooppi Girigoorii 13ffaa bara 1502 hanaga 1585 ALAtti jiraateefi dursaa abbaa dhaha kanaa ta’e Biiftuu irratti kan hundaa’uufi bal’inaan biyyoota addunyaaf tajaajilaa jiru ta’uutu hubatama.

Haaluma wolfakkaatuun sirnoota dhahaa Mayaa durii qabdu keessaa kan caalaattti itti maayii ba’aniifi Haab, Tzlkin fi Long Count jedhaman Biiftuu irratti kan hundaa’an akka ta’anitti beekkamu. Toorri interneetii http://spaghettiboxkids.com/blog/mayan-numbers-for-kids/ jedhus yaada kana akkataa armaan gadiin ibsa.

> *“ Like many ancient societies, the Classic Maya charted time according to cycles they observed in the world around them. However, instead of just one calendar, the Maya had asmany as nine! Each calendar served a different, but critical, function in Mayasociety. The most important of these were the Haab, the Tzolkin, and the “Long Count”calendars. The Haab (pron. hob) was a 365 day solar calendar consisting of 18 “months” madeup of20 days each (18 X 20 = 360), plus a “month” of five remaining days known as the Wayebor “nameless days.”*

Akka yaada waraabbii kanaatti, Maayaan akkuma hawaasa durii wantoota nannawa isaanitti hubatan irratti hundaa'uun marsaa yeroo hedataa turan. Sirna dhahaa 9 kanneen tajaajiloota adda addaaf oolan keessaa Haab, Zolkiin/Tzolkin,fi Lakkoofsa Dheeraa/Long Count jedhaman adda. Dhaha sadan keessaas, dhahi Haab jedhamu Biiftuu irratti kan hundaa'uta'ee, ji'oota 18fi guyyoota 20(18*20=360)fi dabalataan guyyoota maqaa hinqabne shan kanneen akka ji'aatti ilaalamaniifi Wayeeb jedhaman qaba. Yaada kana irraa wanti guddaan hubatamu, dhahi Mayaa akkuma biyyoota biro haala Biiftuu irratti hundaa'uun kan hedamu jiraachuudha.Haaluma wolfakkaatuun, dhahi worra Gibxiifi dhahi Itoophiyaa, kan Gibxirraa akka fudhametti ilaalamu haala biiftuu urratti hundaa'uun kan hedaman ta'uu ragaan toora interneetii https://tseday.wordpress.com/2008/09/14/ethiopian-calendar/ ni'ibsa.

### III. Ji'aafi Biiftuu(Luni-Solar)

Akaakuun dhaha addunyaa kan biroo haala Ji'aafi Biiftuu walfaana ilaaluun kan dhaha hedamuu/dhahamuudha. Biyyoonni addunyaa gariin dhaha adda addaa waan gargaaramaniif akaakuun dhaha isaanii gariin tokko; gariin ammoo, lamaan ibsaman kanniin wolfaana gargaaramuun dhaha dhahatu.Haala kanaan ragaan toora interneetii, http://en.wikipedia.org/wiki/Chinese_calendar akka hubachiisutti, "The Gregorian calendar is used in the Peoples' Republic of China for administrative and commercial purposes but the traditional Chinese calendar, which is a luni-solar calendar, is used for religious purposes and for agriculture," jedha.Kana irraas wanti hubatamu, Chaayinaatti dhahi lama:kan Girigooriyaaniifi kan Duudhawaatu tajaajila kenna. Dhahi Girigooriyaanii dhimma bulchiinsaafi daldalaaf kan oolu yoo ta'u, dhahi Duudhawaa ammoo, dhimmaa amantiifi qonnaaf oola.Akaakuun dhahaan yoo ilaalaman garuu, dhahi duraa Biiftuu irratti kan hundaa'u yoo ta'u, kan lammataa(Duudhawaan) Biiftuufi Ji'a walbira ilaaluun kan hedatamuudha. Kanaaf, dhahi Duudhawaa Chaayinaa Biiftuufi Ji'a wolbira ilaaluun hedatamu waan ta'eef, akaakuu dhahaa Biiftuufi Ji'a giddugaleeffachuun hedamu jalatti ramadama jechuudha.

Haaluma wolfakkaatuun, ragaan toora interneetii ibsame irraa argame akka ibsutti, Giriikonni duriis akaakuu dhahaa kana kan gargaaraman ta'uu akkaataa itti aanu kanaan ibsa.

> *"The fact that lunar calendars do not keep pace with the passage of the seasons has beenregarded as a disadvantage. To overcome this many societies have a adopted a hybrid luni-solar calendar. These are lunar calendars which use various devices to bridge the missing 11.25 days so that the calendar year ends up close in length to the tropical*

*year; the year of the seasons. For example, the ancient Greeks used a lunar calendar of 354 days adding an extra90 days every 8 years. This was calculated on the basis that11¼ x 8 = 90 days."*

Yaadni waraabbii kanaas, akaakuun dhahaa Ji'a irratti hundaa'u waktiin wolbira qabamee yoo ilaalamu lakkoosi guyyoota ji'aa garaagarummaa waan uumaniif hangi guyyoota ji'oota waktiilee dhaabbataa/wolfakkaataa miti. Hawaasni addunyaa adda addaas guyyootan 11.25 hir'attu kana sirreessuuf jecha haala Biiftuufi haala Ji'a wolitti makuun dhaha dhahatu. Kanaaf dhahi Giriikonni durii Ji'arratti hundaa'uun guyyoota woggaa 354 jechuun jechuun guyyoota 90 woggaa 8titti dabaluun dhahatan fakkeenya ta'a jechuudha.

**IV. Buusaa/Sidereal**

Akaakuu dhaha addunyaa keessaa kan biraa dhaha buusan irratti hundaa'u. Buusan/Siderealgaree urjiileewayita samiin qulqullaa'u wolitti rukkistee/baay'attee mul'atuuti. Ummattoonni durii biyyoota adda addaas rukkee urjiilee kana ilaaluun dhaha hedataa kan turaniifi hedataa jiran ta'uu ragaan toora interneetii irraa argame gadii ni'ibsa.

*"Probably all societies have devised constellations, patterns that help people make sense of the starry sky, often reflecting their mythologies. Modern-day astronomy recognises 88 official constellations that together tile the entire celestial sphere. Many of those in thnorthern part of the sky are inherited from Babylonian, Greek and Arabic civilisations.As the Earth orbits the Sun, different constellations of stars come to dominate the night sky at different times of the year. This must have been noted by ancient people and indeed the ancient Egyptians, Greeks and Babylonians constructed sidereal calendarsbased on the movement of the stars."*

Waraabbiin toora interneetii kunis, yaadrimee kutaan hawaasaa baay'een boca rukkeen urjiilee samii irratti uumtu ilaaluun hiika lakkoofsa yeroo itti kennu. Dhaha dhooftuun ammayyaa har'aas, urjiileen 88 samii irratti roga uumuu isaanii ifatti himaa jiru.Haala kanaan, urjiileen baay'een gama kaabaan samii irra jiran qaroomina Gibxootaa, Baabiloonotaa, Giriikiifi Arabootaa irraa fudhataman. Akkuma lafti biiftuu naannoftuun rukkeen urjiilee roga uumuun woggoota baay'ee halkan samii irratti baay'attee mul'atti.

Dhahi biyyoota olitti ibsamaniis kana irratti hundaa'uun kan uumame ta'uu akka hinoolle ibsa.Kana jechuun, dhahi roga urjiileen rukkattee samii irratti halkan mul'attu irratti hundaa'uun biyyoonni addunyaa dhaha dhahachaa turuufi haalli Buusan ilaaluun dhaha dhahuu kun saayinsiin illee kan deeggarame ta'uun hubatamuu qabaadha.

## 2.3 Seenaa Dhaha Oromoo

Dhahi Oromoo bu'aa beekumsaa, qaroominaafi falaasama Oromoo kan gareen hawaasa Oromoo muraasni (ayyaantuun) haala teessuma urjiifi ji'aa irratti hundaa'uun marsaa jireenya baraa ittiin lakkaa'uufi jiruufi jireenya oromoo ittiin gaggeessuuf qalaqan.Adeemsa hedannaa marsaa oromoo keessatti kanneen hedaman guyyaa, ji'aa,baraafi marsaa gadaafaa akka ta'an Jaatanii(2014:108), "Kalaandera jechuun sirna guyyaafi ji'oota waggaa ittiin hedatan ykn lakkaa'an yoo ta'u, akka aadaa Booranaatti sirni calaanderaa kun ka adeemsa aduu irratti hundaa'uuniti"jechuun ibsa. Kana jechuun dhahi Oromoo kan namoonni beekumsa waaqaan dhangi'amanii hubannoofi muxannoo yeroo dheeraa keessa argataniin wolitti fiduun uumaniidha. Yaada kana ilaalchisee dhiyeessa Garasuu (www.gadaa.com/oromocalender.htm)fi Dirribii (2012:145) ibsan keessatti, dhahi Oromoo wanna waaqaa bu'e akka hintaaneefi qorannoo namoota hedduufi beekumsa Oromoo bara dheeraa abboota Oromoo irraa madde.Haala kanaan, Dhahi Oromoo argama abboota keenyaa bu'aa muxannoofi hubannoo adeemsa keessaan argame ta'uu ibsa.




*Fakkii 16 - Obbo Garasuun qorannoo dhahaa yoo dhiyeessu*

*(Viidiyoo Toora Interneetii www.gadaa.com/oromocalender.htm irraa fudhatame)*

Maalummaa dhaha Oromoo ibsuu keessatti kan hindagatamneefi ibsamuu qabu abbaa kalaqa dhaha Oromoo kan ta'e Ayyaantuudha. Dhahi Oromoo sirna Oromoon haala urjiifi ji'aarratti hundaa'uun yeroo ittiin lakkaa'uufi jiruufi jireenyasaa ittiin gaggeeffatu kalaqa addaa ummanni Oromoo addunyaaf gumaachee umrii dheeraa lakkoofsiseedha.Kana jechuun, dhahi Oromoo

sababa garagaraan tajaajila biyyaalessaa kennuu haabuutuyyu malee seenaa dhaha addunyaa keessatti hambaa killayyaa, kalaqa addaa, beekumsa, qaroominaafi falaasama addaa dhaha sadan: Hinduu, Maayaafi Chaayinaatti dabalamuun tajaajiluu danda’u ta’uu Asmarom(1973:180), JOS II (1995:58),www.gadaa.com/oromocalender.htm ibsaniiru. Haala kanaan dhahi Oromoo (Booranaa) naannoo bara 300Dh.KD dura akka umamee qorannoon iddoo arkiyoo-astiroonoomii Namoraatungaa kaaba Keenyaa keessatti argamuufi kallattii urjiiwwan dhaha Booranaa torban argisiisuuf gargaaraman ni’addeessa. JOS II (1995:59)fi Filee(2016:149) Asmarom(1973) wabeeffachuun, akka Dhahaa Booranaatti, waggaa haaran ji'a Bitootessaatti gaafa guyyaa "Bitaa Qaraa" jalqaba. Kunis yeroo addeessi baatin urjii Lamii wajjin mul'atedha. Kana booda, dhahaan Booranaa maqaa guyyoota ji'aa calluma jedhee hordofuudhan amma ji'i kun dhumutti deema. Ji'i itti aanu yeroo addeessi baatin urjii Busan wajjin baatu jalqaba. Kunis erga ji'i Bitootessaa jalqabee guyyaa 29.5 booda kan uummamudha.




Fakkii 17- Soodduu arkiyoo-astiroonoomii Namoraatungaa kaaba Keenyaa keessatti argamuu


(Toora Interneetii www.gadaa.com/oromocalender.htm fudhatame)

Haa ta'u malee, maqaan guyyoota ji'aa 27 qofa waan ta'eef, guyyoonni ji'a keessa jiran odoo hin dhumin maqaan guyyaa dhuma. Kunis adeemsuma dhahichaati. Guyyoonni hafan maqaa jalqaba ji'arratti fayyadaman irra deebi'uun dhuma ji'aatti fayyadamu. Kunis ji'oota hunduma keessatti tokko yoo ta'u amma urjiin dhahaa fi addeessi waliin dhufanittii jalqa ji'arratti guyyaa lamaa fi sadi'i gidduutti darbuu danda'a. Ji'i inni sadaffaan yeroo addeessi baatin Bakkalcha wajjin baate

jalqaba. Adeemsi kun ji'oota ja'an jalqabaatif urjoota hafan wajjin ittuma fufuun kan deemu ta'a. Urjiin dhahaa kun ji'a ja'an hafaniif Oromiyaa keessatti sirumayyuu hin ba'ani. Kanaafuu, jalqaba ji'oota kanaa urjoota dhahaa odoo hin fayyadamin addeessuma qofa ilaalun murteeffama.

### 2.3.1 Akaakuu Dhaha Oromoo

Dhahi addunyaa akaakuu dhahaa adda addaa kan hordofu ta'uun beekamaadha.Akkuma dhaha addunyaa jalatti ibasame akaakuun dhahaa: Biiftuu(Solar), Ji'a(Lunar), Biiftuufi Ji'a(Luni Solar)fi Buusan(Sidereal) akka ta'an ibasameera.Haata'u malee, dhahi Oromoo ji'a, urjiileefi bakkalcha bu'uureffata.Kanaaf, Dhaha Oromootiin wolqabatee akka ragaan toorri interneetii, Wikipedianavigation jedhurraa argame maalummaa dhaha Oromoo ibsutti,"Dhaha Oromoo lakkaa'uun kan danda'amu akkaataa jiini/addeessi, urjiinifi bakkalchi itti bahuufi lixu irratti hundaa'a. Karaa gama biraa dhaha lakkaa'uuf, bahuu, lixuu (seenuu), guddina ji'aa ilaaluun, bakka teessumaafi mul'ina urjiilee, akkasumas, jijjiirama bakka teessuma isaaniifi bakka teessuma bakkalchaa hordofuun isaan beekamoodha,"jedha.




*Fakkii 18 - Bakkalchaafi Urjiilee Buusan*

*(Dhiyeessa Obbo Garasuu www.gadaa.com/oromocalender.htm irraa fudhatame)*

Waraabbii kana irraas kan hubatamu, akkuma dhaha biyyoota addunyaa olitti ibsamanii dhahi Oromoons Ji'a, urjiifi bakkalcha irratti kan hundaa'u ta'uudha.Akka Boonsammoo (2009:163),"Dhaha yeroo dhahan hangafa dhaha kan ta'e "Hinnikkaa" barbaadu. Teessumni isaa urjii bakkalchaa, buusan, lamiifi ji'atu toora tokko irratti mul'ata," jedha.Yaada kana irraas, dhahi Oromoo haala taa'umsa urjii bakkalchaa, buusan, lamiifi ji'aa ilaaluu irratti kan

xiyyeeffatu tu’uu hubanna.Bu’uura kanaan, akaakuu dhaha Oromoo akaakuuwwan dhaha addunyaa woliin yoo ilaallu Urjiileefi ji’a irratti hundaa’a waan ta’eef makaa Ji’aafi Buusani(Luni-Sidereal) ta’a jechuudha.




*Fakkii 19 - Gurmuuwwan Urjii*

*(Dhiyeessa Obbo Garasuu www.gadaa.com/oromocalender.htm irraa fudhatame)*

### 2.3.2 Bu’uura Moggaasa Dhaha Oromoo

Bu’uurri moggaasa dhahaa qaama dhaha bu’uuresse yookiin uume yookiin beeku kan giddugaleeffateedha. Haala kanaan,bu’uurri dhaha Oromoos qaalluu yookaan ayyaantuudha. Akka Jamjam&Dhaddacha(2011:323),“The time reckining in the Gujii society is administered byAyyaantuu(astronomer)who make up an organ in the Gada System,”jechuun ibsutti, Ayyaantuun gahee hedannaa marsaa waggaa/Dhahaa qabaachuu ifoomsa.Haaluma wolfakkaatuun, Asmarom (1973),” in the Gada system, ‘Ayyantu’ were individuals who were past master of time reckoning,” jechuun bu’uurri dhaha Oromoo Ayyaantuu akka ta’e ifoomsa.Akkasumas, Daaniyaa (6400/2006), “Dhahadhooftuun waa beekaa ayyaana guyyaafi ayyaana yeroo dubbisuu danda’uudha. Hayyuun kun waan darbe nimil’ata; waan ammaa ni’arga; waan egerees nimil’ata. Hayyuummaa kanas Waaqa biraa argate”jechuun bu’uurri dhaha Oromoo waabeekaa agarsiisa.Akkaataa amantaa, hubannaafi dhageettaa Oromootti ammoo, waabeekaan ayyaantuu/qaalluudha. Waabeekaanis hayyummaa waa hunda beekuu waaqa kennameetiin jiruufi jireenya Oromoo yeroon akeekuun gaggeessuu Woyyuu Oromooti. Kanaaf,

yaadota ibsaman kanniin bu'uura taasifachuun bu'uurri dhaha Oromoo ayyaantuu/qaalluudha jechuun nidanda'ama.

#### 2.3.2.1 **Ayyaanaa**

Ayyaanniifi ayyaantuun dhaha oromoo ibsuus ta'e jiruufi jireenya oromoo keessatti bakka guddaa qabu. Ayyaanni yaadrimee lama:afuuraafi dhahajedhaniifi seenduubeen isaanii tokko ta'e qabaachuun bakka adda addaatti haala adda addaan ibsama. Ayyaantuunimmoo, qaama beekumsa olaanaa qabaachuun yaadrimee ayyaanaa lameen ibsamaniin jiruufi jireenya oromoo qajeelchaniidha.Yaada kana caalatti ifa taasisuuf adda addatti ibsuun murteessaadha.

Ayyaanni kutaa oromiyaa adda addaa keessatti haala adda addaan beekama.Naannoo Shawaa, Iluubbaaborifi kutaalee oromiyaa biroo keessatti yaadrimee "Afuura gaarii dhala namaaf waaqayyo kenne" jedhuufi amantii waaqeffannaa walqabatu qaba.Kunis, humna afuuraa qaallicha yookiin qaallitii irra dhufuun mana qaalluutti jamaaf tajaajila qaalluu kennuudha Fiixaa(2008:02). Akkasumas, Gumii Waaqeffannaa Addunyaa(2018) ayyaanni hiikaa lama qabaachuu ibse keessatti, "Ayyaanni kan ijaan hinmul'anne, faroofi coraa namaan qofa kan beekamu afuura waaqaati," jechuun ayyaanni afuura ta'uu addeessa.Bu'uura kanaan, yaadrimeen ayyaanaa afuura waaqaa qaalluuf kenname.

Gama biroon, Journal of Oromo Studies,Volume 12, Numbers 1&2 maalummaa ayyaanaa Dr Gammachuu (2005) wabeeffachuun *"Ayyaana* represents knowledge. This knowledge is not only externalized, it is not only knowledge about the object, but is also internalized, in that it also generates reflective thought about the object"jechuun ibsa. Akka yaada kanaatti immoo, ayyaanni beekumsa bakka bu'a. Beekumsi kunimmoo, beekumsaa alaa, kan wantootaafi beekumsa keessoo waa'ee wantootaa beekuuti. Akka yaada kanaatti ammo ayyaani beekumsa yoo ta'u, beekumsi kun immoo afuuraan kan wolhinqabanneefi hayyummaa namni qabuudha. Yaadrimeen ayyaanaa inni biraa, guyyoota ulfoo waggaatti sirnoota adda addaan kabajamu.Akka barruun Gumii Waaqeffannaa Addunyaa(2018) hiikaa ayyaanii afuura jedhuun alatti hiika biroo kenneen ibsutti, "Ayyaanni guyyaa kabajamaa kan ayyaaneffatamu ykn ulfeeffatamu jechuudha. Fakkeenyaaf, ji'atti ykn woggaatti aal tokko kan kabajamu," jechuun ibsa. Daaniyaa(6400/2006) ayyaana akaakuu sadi: Ayyaana Waaqaa, Ayyaana Namaafi Ayyaana Umamaajechuun qoodee ibsa.Haala kanaan, ayyaanni waaqaa kan waan walaabuu cufa si'a tokkotti sochoosuufi qajeelchu. Ayyaanni namaa, kan waaqni namoonni hundi gaafa dhalatanii kaasanii akka

qabaatan taasise, ayaana fulla'aa diroo darbu.Akkasumas, ayyaani namaa, kan waaqni namoonni ayyaantuu akka ta'a muude.Ayyaanni uumamaa, kan waaqni uumama cufaaf akka dhufaatii isaaniitti kenneefi ittiin qajeelchu.Kanaaf, ayyaanni humna addaa waaqaafi nama wolqunnamsiisuufi kan namoonni ulfinaafi kabaja waaqaaf yeroo adda addaatti haala adda addaan ayyaneffatani.

Gama biroon immoo, Oromoo Gujiifi Booranaa biratti, ayyaanni kaayoo dansaa yookaan hantuu guyyoonni qabani. Guyyootni ji'aa kunneenis ayyana qabaniin kan hedataman waan ta'aniif, Dhaha Oromoon kallattiin walqabatanii ibsamu.Kanarraa kan ka'e, Gujiifi Booranni jecha "dhaha" jedhu ayyaana jechuun itti gargaaramu Jamjam&Dhaddacha (2011:323), Jaatanii(2014:108-9), TONLEUS & Cynthia Salvadori (2006:36).

#### 2.3.2.2 Ayyaantuu

Ayyaantuun hawaasa Oromoo biratti, nama beekaa, kan haala uumamaa gadifageenyaan hubatuufi xiinxalu, kan sirnoota jiruufi jiraanya hawaasa qajeelchu, waaqaafi hawaasa kan walitti dhiyeessuudha.Akkasumas,Ayyaantuun namoota ayyaana/afuura tajaajiltummaa hawaasaa baataniifi akka ergamtoota waaqaatti ilaalamani Filee(2016:103), Dirribii (2012:70),Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (2006:278).

Gama biroon immoo, qaalluun/ayyaantuun qaama sirna bulchiinsa hawaasa Oromoo keessatti olaantummaa qabu, kan eebbisee qajeelchuufi abaaree balleessu, gorsaafi qajeelchaa sirna gadaati.Haaluma kanaan, Jamjam&Dhaddacha(2011:317), "The qaallu first foremost, stands at the highest of the Guji confideration as suprime religious leader.Consequently, Qaalluu Guji does also have the position of adviser and ritual expart in the Gada System," jechuun olaantummaafi gahee qaalluun Sirna Gadaa keessatti qabu ibsa.

Gahee qaalluun hawaasa Oromoofi jiruufi jireenya hawaasa Oromoo keessatti qabu ibsuun kan barbaachiseef keessaa tokko qaalluun/ayyaantuun dhaha Oromoo keessatti qooda akkamii akka qabu balballoomsuudha. Haala kanaan, Jamjam&Dhaddacha(2011:323), "The time reckining in the Gujii society is administered byAyyaantuu(astronomer) who make up an organ in the Gada System,"jechuun Ayyaantuun gahee hedannaa marsaa waggaa/Dhahaa qabaachuufi olaantummaa qaalluun/ayyaantuun kan too'atamu ta'uu ifoomsa.Akkasumas, TONLEUS & Cynthia Salvadori (2006:36), "Ayyaantuu –ni: a person who knows, the ayyaana of the days, who is expert in celestial observation and knows how to calculate a horoscope in terms of

ayyaana,” jechuun ayyaantuun nama ayyaana guyyootaa beekuufi ogeeyyii urjiilee ilaaluun ayyaana/guyyaa hedan ta’uu mirkaneessa.

### 2.3.3 Fuulleffata Moggaasa Dhaha Oromoo

Fuulleffannaan moggaasa dhaha Oromoo caaccuulee dhahaa Oromoon yeroo qoqqoodee jiruufi jireenya oromoo ittiin qajeelchaa tureefi jiru.Haala kanaan akkaataa Oromoon/qaalluun Oromoo yeroo: guyyaa, torbee, ji’a, tibba, woggaa, gadaafi daacciitti qoqqooduun jiruuf jireenya oromoo qajeelchuu qaba.

#### 2.3.3.1 Guyyaa

Akka hedannaa dhaha Oromootti, guyyaan hedannaa dhahaa sa’aatiin oliiti, kan guyyootni ji’aan qoodamuun maqaan ibsaman. Guyyoonni ji’a tokko keessatti argamanis bakkaa bakkatti maqaafi lakkoofsaafi tartiibaan gargar ta’anii ibsamu. Buura adda addummaa dhaha Oromoo guyyootaa kanniinis dhaha Gujii, dhaha Booranaa, dhaha Arsii, dhaha Ituufi kanneen biroo hayyoota an barreeffaman akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda’ama. Haala kanaan, akka ragaan barruu Jamjam&Dhadacha(2011: 337) ayyaana dhaha Gujii, TONLEUS & Cynthia Salvadori (2006:36), Asmarom(1973:183)fi Jaatanii(2014:22) ayyaana dhaha Booranaa, Boonsamoo (2009:164)fi Amaan (2005:52) ayyaana dhaha Arsii, Husseen, toora interneetii www.gadaa.com/oromocalender.htm viidiyoon dhaha Ituu, Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo(WADO) (6400/2006:447) ayyaana dhaha Waaqeffannaa jedhuufi Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018:34) ayyaana dhaha Waaqeffannaa ibsanitti, tarreen maqaalee ayyaanota ji’aafi baay’inni ayyaanota ji’aa haala gabatee gadiin ibsameera. .

| | Ayyanota/Guyyoota Dhaha Oromoo | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| TL | Gujii | Boorana | Arsii | Ituu | Waaqeffannaa | Waaqeffannaa |
| 1 | Shalbaana deettii | Areerii-duraa | Hinnikkaa | Bitoo | Innikkaa | Ruuda/Innikka |
| 2 | Karaabicha | Areerii-balloo | Sonsa | Taalbojii | Sorsa | Sorsa |
| 3 | Gardaaduma | Adulaa-duraa | Algaajima | Buusan | Algaajima | Algaajima |
| 4 | Busaawaa-qaraa | Adulaa-balloo | Arba | Gooba jireessa | Arba | Arba |
| 5 | Busaawaa-jidduu | Garba-duraa | Bolqa/Holqa | Algaajima | Walla | Wala |
| 6 | Busaawaa-eegee | Garba-ballaa | Basa’a Duraa | Wahila | Basaa | Carraa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 7 | Gidaadaa | Garba-dullachaa | Basa'a Maandhaa | Irfii | Basaa 2ffaa | Gardaaduma |
| 8 | Ruuda | Bitaa-qara | Carrawa | Basa duraa | Caraawaa | Sonsa |
| 9 | Areerii-badhoo | Bitaa-ballaa | Dureettii | Basa Boodaa | Dureettii | Gidaada |
| 10 | Areerii-garbittii | Sorsaa | Dullattii | Carritta | Dullattii | Rubruma |
| 11 | Adulaa-qaraa | Algaajima | Bidirsa | Qara salbaanaa | Salbaan | Lumaasa |
| 12 | Adulaa-eegee | Arba | Salbaana Deettii | Dureettii | Salbaan deettii | Hariirii duraa |
| 13 | Harrattuu | Wallaa | Karaabticha | Dullattii | Sugii | Hariirii balloo |
| 14 | Deettii | Basaa-duraa | Gardaaduma | Qardaaduma | Gardaaduma | Magantii jaarraa |
| 15 | Garba | Basaa-ballaa | Sorsa | Kurbicha | Buusaa | Magantii biriitii |
| 16 | Bitaa-qara | Maganattii-caarraa | Ruruma | Sorsa | Rurruma | Basaa duraa |
| 17 | Bitaa-jidduu | Maganattii-jaarraa | Lumaasa | Rurruma | Lumaasa | Basaa balloo |
| 18 | Bitaa-eegee | Maganattii-biriitii | Gidaada | Sonsa | Gidaadaa | Bitaa duraa |
| 19 | Soorsa | Salbaana-duraa | Ruuda | Lumaasaa | Bal'oo | Bitaa balloo |
| 20 | Algaajima | Salbaana-ballaa | Areerii Duraa | Qadaadana | Ruudaa | Adulaa duraa |
| 21 | Arba | Salbaana-dullachaa | Areerii Maandhaa | Areerii qara | Areerii | Adulaa balloo |
| 22 | Bolla | Gardaadumma | Adulaa Duraa | Areerii bal'oo | Areerii 2ffaa | Salbaana duraa |
| 23 | Basaa-qara | Sonsaa | Adulaa Maandhaa | Adulaa kormaa | Aduulaa | Salbaana balloo |
| 24 | Basaa-eegee | Ruruma | Garba Qara | Adulaa jabbii | Aduulaa 2ffaa | Salbaana dullachaa |
| 25 | Carrawa | Lumaasa | Garba Deettii | Arba goobaa | Qaraa | Garba duraa |
| 26 | Dureettii | Gidaada | Garba Maandhaa | Garba deettii | Garbaa deettii | Garba balloo |
| 27 | Dullattii | Ruuda | Bitaa | Garba dullattii | Bitaa | Garba dullachaa |

| | | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|---|
| 28 | Shalbaana-bidirsaa | | | | Naannaa | |
| 29 | | | | | Gaddarbaa | |
| | | | | | Xawalwaallaa | |
| | | | | | Sawarwaarraa | |

*Gabatee 4- Baay'inaa fi tarree maqaa guyyoota ji'aa dhaha Oromoo bakka adda addaatti (Qorataan wolitti funaanamee kan ibsame)*

Tarree guyyoota dhaha Oromoo kutaa Oromiyaa adda addaa akkaataa armaan oliitiin ibsuun waan barbaachiseef keessaa tokko akkuma dhaha duudhawaa biyya biroo Oromoon dhaha guyyaa maqaan dhawatu qabaachuu ibsuudha. Inni biraa, haala moggaasni maqaan guyyoota dhaha Oromoo wolfakkeenyaafi  adda addummaa itti qabaates argisiisuun hawwata dirree qorannoo dhaha Oromoo fuulduratti caalaatti taasifamuu taasisuudha.

### 2.3.3.2 Torbee

Torbeen qoodama guyyoota ji'aati. Akka ragaan suursagalee Hassan, toora interneetii www.gadaa.com/oromocalender.htmibsu irraa argameetti, dhaha Ituu giddugaleeffachuun Oromoon guyyoota 28 qabachuu addeessa. Guyyoota kanniinis bakka afuritti qooduun torbee afur qabaachuu ibsa.

> *"Torbeen arfanis maqaa adda addaa kana qaban yoo ta'u, akkaataan qoqqooddiis: Dhalooata (Bitoo, Taalbojii, Buusan, Gooba jireessa, Algaajima, Wahila, Irfii= 8), Addeessa (Basa duraa, Basa Boodaa, Carritta, Qarasalbaanaa, Dureettii, Dullattii = 6),Goobana (Qardaaduma, Kurbicha, Sonsa, Rurruma, Sonsa, Lumaasaa, Qadaadana=7)fiDukkana (Qara areerii, Areerii bal'oo, Adulaa kormaa, Adulaa jabbii, Arba goobaa,Garba deettii, Garba dullattii =7)"*

Akkaataa ragaa kana irraa hubatamuun, haalli qoqqooddii guyyootaa dhaha Oromoo haala qoqqooddii dhaha biyyoota biroon wolbira qabamee yoo ilaalamu adda addummaa qabaachuusaati.Fakkeenyaaf, dhaha Habashaa woliin yoo ilaalamu, akka kan Habashaa guyyoota lakkoofsaan wolqixa qabaachuu dhabuufi torbee kan Habashaa keessatti lakkoofsaan ibsaman maqaa itti moggaasuun dhaha dhahachuun kan Oromoo adda taasisa.

#### 2.3.3.3 Ji'a

Ji'i dhaha guyyootaa olitti ibsamu.Akka hedannaa dhaha Oromootti, waggaan tokko ji'a kudha lama qaba. Moggaasaan walqabatees akkuma garaa garummaa afaaniitti moggaafamuun ji'oota waggaa keessatti argamanii nijiraata. Haala kanaan, akkaataa moggaasa ji'oota waggaa Oromoo Gujiifi Booranaa akka fakkeenyaatti fudhachuun Oromoon ji'oota woggaa 12 kan haala Ji'aa irrtti hundaa'u qabaachuun ni'ibsama. Kanas, Jamjam&Dhaddacha(2011:326) ji'oottan 12 dhaha Gujii duraa duubaan: Hageyya, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaa, Qaamuu, Badheessa, Bitdotteessa, Caansaa, Ella,WocabajjiifiAdoolessajechuun ibsaniiru.Haalua wolfakkaatuun, Jaatanii(2014:112)ji'oottan woggaa dhaha Booranaa duraaduubaan: Abraasaa, Ammajjii, Gurandhala, Bittoteessa, Caamsaa, Buufaa, Wacabajjii, Oborraa-guddaa, Oborraa-diqqaa, Birraa, Ciqqaafi Sadaasa jechuun ibseera.

Kanaaf, fakkeenya dhaha Oromoo ji'aan wolqabatee Gujiifi Booranatti hedamu kana giddigaleeffachuun, dhaha Oromoo bu'uura ji'aa qabaachuun nihubatama. Haata'umalee, bu'uurri wolfakkeenyaafi adda addummaa moggaasa maqaalee ji'aa dhaha Oromoo akkuma kan guyyootaa dhimma qormaata barbaadu ta'a.

#### 2.3.3.4 Waktii/Tibba

Waktiin/Tibbi bu'uura hedannaa dhaha Oromoo tuuta ji'aa ofkeessatti qabate. Oromoon Dhaha duudhawaa kana hordofuunis jiruufi jireenya isaa qonnaafi horsiisa loonii irratti hundaa'e qajeelchaafi hogganaa jiraata. Hedannaa yeroo keessattis ji'oonni waggaa waktiilee afuritti qoodamuun kan ibsamu ta'uun beekkamaadha. Haata'umalee, haalli ji'oonni waggaa waktiilee jalatti itti qoodamaniifi moggaafaman; akkasumas, hangi ji'aa waktii tokkoo akka oromiyaatti bakka qorannichi itti gaggeeffameen walbira qabamee yoo ilaalame adda addummaa qabaachuun isaa nimul'ata.Kanas, akkaataa Jamjam&Dhaddacha(2011:326) waktiilee hedannaa dhaha Gujii ibsetti, waktiin Gujii ji'oottan hammatu woliin: Hagaya(Hagayafi Birraa), Bona (Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaafi Qaamuu), Ganna (Badheessa,Bitdotteessa,CaansaafiElla), Adoolessa (Adoolessafi Wocabajjii)dha. Haaluma kanaan, akkaataan ji'oonni waktiilee akka naannoo Oromiyaatti jiran waktiin itti qoodamanis akeeka bu'uura dhaha Oromoo kan birooti. Akkataa qooddii ji'aafi waktii kanas tarreen: Birraa (Fulbaana, Onkololeessaafi Sadaasa), Bona(Mudde, Amajjiifi Guraandhala). Arfaasaa (BitootessaEblaafiCaamsaa), Ganna (Waxabajjii, Adoolessaafi Hagaya) jedhaman ni'argisiisan. Bu'uura kanaan, tartiibni waktiileefi baayinni ji'oota waktiilee

jalatti ramadamanii garaagarummaa qabaachuusaa hubachuun nidanda'ama.Qabanni addaa addummaa uumamees adda addummaa haala qilleensaa akka ta'e nihubatama.

#### 2.3.3.5 Gadaa

Dhahi/ hedannaan yeroo Sirna Gadaa keessatti bakka guddaa qaba.Umriifi sadarkaan dhala oromoo dhalootaa hanga jaarummaatti Sirna Gadaa keessatti waggaa saddet saddeetiin maraa guddataafi geeddaramaa deemuun to'atama, qajeelas.Bu'uura kanaan, gadaan tokko marsaa gadaa shan kan waggaa saddet qabuun yoo hedamu waggaa afurtama ta'a. Jamjam&Dhadach(2011:333)yaduma kana yoo cimsu, "For the Oromo, time is also divided into periods of eight years or Gadaa. A new Gadaa period starts and ends when a new generation class, luba, enters the Gadaa grade. As has been stated earlier, the five successive goggeessa patrilines are required to complete forty-year Gadaa cycle divided into five Gadaa grades, each covering eight years,"jedha.

Akka yaada waraabbii kanaatti, ummanni Oromoo dhaha/ yeroo waggaa saddet saddetiin qooduun haalla itti lakkawu qabaachuufi gadaan tokko gogeessa/marsaa gadaa shan akka qabuu ni'ifoomsa. Bu'uura kanaan, gadaan tokko waggaa afurtamaan kan hedamuufi luba tokko jedhamuu ibsuun yeroon/dhahi gadaan walitti dhufeenya cimaa qabaachuu ibsa. Bifuma wolfakkaatuun, Asmarom(91973)." In short the Gada system and the Oromo calendar were inseparable", jechuun gadaan dhaha Oromoon gargar ba'ee kan hin ilaalamne ta'uu addeeaasa. Kanamalees, toorri interneetii, http://machatulama.net/, Oromummaa as Oromo National Culture, Identity and Ideology jedhus, "Time is a very important concept in Gadaa and in Oromo life. Gadaa itself can be narrowly defined as a given set of time (period) which groups of individuals perform specific duties in a society" jedha.Yaanni kunis, jireenya Oromoo keessatti ga'een namootaa Gadaan kan daanga'e waan ta'ee, Gadaa akka yerootti/dhahaatti kan ilaalamu ta'uu hima. Bifuma wolfakkaatuun,toorri interneetii http://www.gadaa.com/oromocalendar.html "Without time counting or calendar system, it's impossible to implement Gadaa System. Hence, Gadaa is a living evidence for the existence of Oromo calendar (Dhaha Oromoo)," jechuun dhaha malee gadaan akka hinjiraanneefi Oromoon dhaha qabaachuu isaafuu ragaadha jechuun wolitti dhufeenya cimaa qabaachuu ibsa.

Akka dhaha Oromootti, gadaan lakkoofsa baraa murteessa.Oromoonis bara gadaatiin hedata. Gadaan sirna bara dhahuu Oromoo akka ta'e, Daaniyaa(6400/2006: 448), "Akka lakkoofsa

waaqeffannaatti barri ammaa kun, 2006ALA bara 6400(ALW) jechuudha.Gadaan Malbaa bara 1-8 (ALW) bulchaa ture.Yeroo sanaa eegalee Gadaan Malbaa marsaa 80 bulcheera.Yeroo ammaas, bara 6396, hanga 6404(ALW) aangoo gadaakan ofharkaa qabu Malbaadha. Barri kun ALA 2002- 2010 ta'a"jechuun yeroo sanatti barri Oromoo Akka Lakkoofsa Waaqeffannaatti 6400 (800*8=6400) akka ta'e hima.

## 2.4 Hariiroo Dhahaafi Duudhaalee Oromoo Biroo

Dhahi oromoo madda jiruufi jireenya Oromoo qajeelchuuti.Duudhaaleen Oromoo kanneen siyaas-dinagdeefi hawaasummaa keessatti bakka guddaa qaban:Sirna Gadaa, Fuudhaaf heerumaa, Jilawwan, sirna Dhaloota, Sirna awwaalchaafi Du'aan walqabatu(Dhaala-Miiloo), Maqbaasaafi kkf heeruun nidanda'ama. Akka Asmarom(1973: 179) "The Galla(sic. Oromo) calendar is a great invention and it is the sourse of Gada process.They schedule their lives, their rituals, their ceremonies, their politicala and economic activitiesto a very high degree"jechuun ibsuttis, dhahi argannoo addaafi madda sirna Gadaati.Dhahi sirna duudhaaleen jiruufi jireenya Oromoo ibsan ittiin saganteeffamaniidha. Bu'uuruma kanaan, Jaatanii (2014:108) "Kaleendarri Booranaa guyyootaafi ji'oota waggaa ibsuu bira darbee sirna akka gubbisaa, fuudhaaf heeruma, jiloota, sirna gadaafaa isaan tolchan," jedha. Yaanni kunis dhahi Oromoo hedannaa guyyaafi ji'ootaa ibsuun gamatti duudhaaleen Oromoo kan ittiin ibsaman ta'uu cimsa.

## 2.5 **Yaaxxina Xiinsammuu**

Qorannoon kun damee fookloorii kan ta'e caaccuu duudhaa hawaasaati.Duudhaan hawaasaa hawaasaan uumamee tajaajila hawaasaaf kan oolu ta'uun, hawaasni hanga beekumsi yookiin xinsammuun isaa bira dhaqqabe waan isaaf tolu yaadee tolfata. Qorannoo kana keessattis, Oromoon adada caalaatti beekumsa naannoo, ittifayyadama naannoofi wantoota naannoo lafaafi samii gidduutti uumamuun jijjiiramaa hawaasa irratti jijiirama fidaa deeman giddu-galeeffachuun itti fayyadama yeroo uummate. Itti fayyadamni yeroo beekumsa yookiin bu'aa hujii xiinsammuu olaanaa ta'e, dhahi Oromoo kalaqame. Kun immoo, bu'uura qorannoo xiinsammuu hawaasa qaba jechuudha. Haala kanaan, yaaxxinni xiinsammuus,bu'uura qorannoon fookloorii xiinsammuu hawaasa itti fayyadamu waan qabuuf qoranichaaf kan filatameedha. Kunis hawaasni jiruufi jireenya isaa keessatti waan amaleeffate, waan irraa ka`ee jedhuufi sababii jedhuufis qaba. Kanaafuu, akki itti fayyadama fookloorii hawaasa tokko keessatti argamuu xiinsammuu ittifayyadamaa sanaa bu`uura godhata. Hawaasni yaada sammuu isaa irraa

ka`ee haala qabatamaa naannoo isaatti argamu keessatti akkaataa itti fayyadamuufi dhimma itti fayyadamuuf qaba. Kun immoo, fooklooriin hundi hawwasa hunda biratti tajaajila tokkoof yookiin hiika walfakkaatu kennuuf kan hinoolle ta'uu agarsiisa. Kanaaf, qorataan fookloorii xiinsammuu itti fayyadamtoota fookloorii sanaa giddu galeessa godhachuun, "Maaliifi akkamitti ittifayyadamu? Fookloorii isa kamtu ergaa akkamii qabaaf, bakki bu`iinsi yaadaa isaan fookloorii garaa garaaf ittigargaaraman maal fakkaata?" jechuun waan itti fayyadamaan sun bu`uura taasifatee xiinxaluu qaba. Bu'uura kanaa, hariiroon moggaasaafi maqaalee guyyaa dhaha Gujii kun yoo xinxaalamu, xiinsammuu hawaasa beekumsa addaa dhahaafi qaama dhaha sirna gadaa bal'aafi wolxaxaa hundeessuun haa hafuutii hubachuuf yookiin bira ga'uuf ulfaataa ta'e kanaa hubachiisa jedhameeti.

## 2.6 Qorannoowwan Walfakkii

Qorannoowwan mata duree kanaan walqabatanii hojjetaman akka qorannoowwan walfakkiitti dhiyaataniiru. Dhiyaannaan isaanii kunis walfakkeenyaafi adda adduummaa qorannoowwan kanneeniifi qorannoo kana gidduu jiru irratti xiyyeeffachuuni. Kunis kutaa lamatti qoodamuun dhiyaateera. Inni duraa, qorannoowwan sadarkaa digirii jalqabaatti adeemsifamaniidha. Kan lammataa immoo qorannoowwaniifi hojiiwwaan sadarkaa adda addaatti afaan garagaraan hojjetamaniidha.

Amaan(2005) qorannoo mata duree, Dhaha Arsii: haala hedannaa baraa godina Arsii Lixaa irratti xiyyeeffate  jedhu keessatti Oromoon Arsii ji'aafi urjiilee garagaraatti gargaaramuun dhaha kan dhahatu ta'uu ibsuun, guyyoota ji'a tokko keessatti argaman maqaafi ayyaana isaanii woliin tarreese. Akkasumas, tokkoon tokkoon guyyoota ji'aa biratti haala taa'umsa ji'aa, urjiilee(buusan, bakkalchaa) kaa'uuf yaaleera. Haata'umalee, qorannoon isaa dhaha guyyootaa olitti jiran: haala torbee, ji'aa, haala waktii, haala woggaa, haala gadaafi kkf ibsuuf yaaliin taasise hinmul'isu. Akkasumas, tarree guyyootaafi ayyaanota guyyootan wlqabatan ibsuun ala hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana dhaha Arsii hinibsine.

Asfaw (1995) JOS Volume 2 Number 1&2 DHAHA OROMO.pdf, mataduree The Significance of Bita Qara jedhu keessatti, dhaha Oromoo Booranaa keessaa ayyaana/guyyaa Bita qara jedhamuu  maaltu adda akka taasisu ibseera.Qorannoo isaa kanaanis, dheerinni guyyaata ji'aa woggaa keessa jiranii adda addummaa qabaachuu ibsuun, ji'i Guraandhalaa guyyoota 59 qabaachuu ibseera. Akkasumas, akka hedannaa dhaha Booranaatti waggaa haaran ji'a

Bitootessaatti gaafa guyyaa "Bita Qaraa" akka jalqabu ibseera.Haata’umalee, akkaataa ayyaantuun Boornaa dhaha itti dhahatan ibsuu keessatti hariirii moggaasaafi maqaalee guyyootaa, ji’a, waktiifi kkf hinibsine.Kanaaf, qorannoon kun hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa dhaha Oromoo(Gujii) xinxaalu irratti waan xiyyeeftuuf qorannoo kanaan adda.

Jamjam&Dhadecha(2011) kitaaba isaanii “DIMOCATIC PLURALISM” jedhu keessatti akkaataa Oromoon Gujii dhaha itti dhahatu yookiin ayyaana itti lakkaawu, ayyaanota ji’a keessatti argamanfi kaayoo isaan qaban, ji’oota woggaa keessatti argaman, waktiileefi kkf bal’inaan insaniiru. Hujiin isaanii kun qorannoo kanaaf bu’uura ta’us, fuulleffaannaa qorannoo kanaa kan ta’e, hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa hinibsine. Kunimmoo, qabxii ijoo qorannoo kana qorannoo isaanii irraa adda taasisu.

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa (2018) Kitaaba “WAAQEFFANNAA”jedhu keessatti, dhaha dhooftonni/ayyantonnihaala urjiilee, addeessaafi bakkalchaa ilaaluufi guyyaa guyyaan waan uumamu, haala qilleensaa, bineensotaafi haala naannoofaa bu’uureffachuun ayyana/guyyaa kan himan ta’uu addeessa. Akkasumas, dhahi  waaqeffannaan kallattiin kan wolqabatan ta’uu, guyyoonni ji’aa 27 akka ta’aniifi isaanis ayyaana qeenxee, ayyaana cimdiifi ayyaana sadacha jechuun kanneen jecha tokkoon yaamaman akka ayyaana qeenxeetti qofaatti, kanneen  jechoota lamaan moggaafaman akka dachaatti ifi kanneen jechoota sadi irraa moggaafaman qofaatti qooduun tarreessa. Guyyoota tarreeffamanis adda addummaa moggaasaafi tartiibaa haala hedannaa kutaalee Oromiyaa adda addaa keessatti mul’atuu keessaa kam akka bu’ureffate ifatti hinkeenye. Haata’umalee, qoronnoon kun ammoo, bu’uura moggaasa maqaalee guyyoota ji’aa ilaaluun hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa ji’ootaa dhahaa kan xiinxalu ta’uun adda taasisa.Gama biraanis, dhaha Gujii irratti kan fuulleffatu ta’uu niheera waan ta’eef qorannoon kun barruu ibsame kana irraa adda.

Jaatanii(2014) kitaaba isaa jaarraa V-1 jedhu keessatti, ayyaana booranaa jechuun guyyootaafi ji’oota uumama waaqaan walqabsiisuun madda moggaasa dhaha Booranaa balballoomsa.Kana jechuun ayyaana Booranaa(guyyoota 27fi ji’oota 12) waaqatu akkuma uumama kaanii uume jechuun falaasama Oromoon utubee dhiyeessa.Akka falaasama kanaattis, waaqayyo ji’a jalqabaa lafa uume. Ji’i kunis ‘Abraasaa’ dha jedha.Haala kanaan, akka hedannaa Booranaatti baatii 12ffaa kan Sadaasaa waaqayyo Hoolaa uume jechuun uumama baatiiwwan 12 Booranaa

ibsa.Haata’umalee, bu’uurri guyyoota ji’aa addeessaafi dukkanatti qooduufi guyyoonni ji’aa maqaa qabaachuutiin tokko ta’aniyyuu, qorannoon kun xiyyeeffannaan isaa ayyaana/guyyaa irratti ta’uun; akkasumas, haala moggaasaa maqaalee ayyaanotaafi hariiroo isaan qaban irratti ta’uunis barruu ibsame kana irraa adda taasisa. Ayyaanonni/guyyoonni hedannaa dhaha Booranaa 27 yoo ta’an, Kan hedannaa dhaha Gujii garuu 27 fi 28 ta’uun haalli itti lakkaawwaman jiraachhunis adda taasaasa. Moggaasni Maqaa guyyootaafi ji’ootaa, akkaataan hedannaa dhaha Gujii faalaasama ‘ayyanota waaqatu uume’ jedhuunis addummaa kan qabu ta’uutu hubatama.

Barruun wolfakkii qorannoo kana woliin ilaalame kan biroo Boonsamoo (2016:162) Madaala Sammuu jechuun dhaha Arsii barreessuun kan ibseedha. Barruu kana keessattis, dhaha urjiilee, ji’aafi bakkalcha giddugaleeffachuun kan dhahamu ta’uun akkuma jirutti ta’ee, guyyoonni ji’aa 27 akka ta’e ayyaanaafi moggaasa isaaniif kenname wolbira qabuun barreesse. Haata’umalee barruu ibsame qorannoo kanaan wolbira qanee yoo ilaalle addummaa agarra. Tokko, maddi moggaasa maqaalee guyyootaa keessatti hinbsamne.Lama, baay’inni guyyootaa akka kan Arsii jedhamee ibsametti 27, akka hedannaa Gujiitti garuu 28. Sadi, guyyootaafi ayyaana isaanii malee ji’oota, haala bara haaraafi Gadaa hinibsine waan ta’eef qoronnoo kana adda taasisa.

Barruun wolfakkii qorannoo kana keessatti ilaalame kan biraa, kan Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo (WADO)n bara(6400/2006), ‘DHAHAA WAAQEFFANNAA’ jedhu keessatti barreessani.Akka ibsa barruu kanaatti, guyyoonni ji’aa kan moggaasa maqaa qaban ta’anii baay’inaan 28 hanga 31 ti.Guyyaan jalqabaas gaafa jiini goobane yoo ta’u, innis Innikaa jedhama jechuun maqaalee guyyootaa qofa tarreessa.Guyyoota torbanii jechuunis kanuma akka Oromiyyaatti idilaawee ittiin hojjatamaa jiru Wiixataa hanga Dilbataa Tarreessa. Woggaa haaraanis ji’a Amajjii keessa eegalama.Moggaasni maqaa ji’ootaa kan akka Oromiyaatti idilaawee beekamuun tokko ta’ee ji’a Amajjii irraa eegala.Haata’umalee, Qoroonnoo kana keessatti: tokko, dhahi ayyaana jedhama. Lama, baay’inni guyyootaa 27 yookiin 28 ta’uu lama yookiin sadi ta’uu ayyaana Bita jedhamuu irratti kan murtaa’u dha.Sadi, fulaa adda addummaan moggaasaafi haala hedannaa dhaha Oromoo jirutti, dhahi ibsame kam akka heeru ibsuun madda moggaasa maqaafi hariiroo addeessuudha.Afur, akka hedannaa Gujiitti torbee wanti jedhu kan hinjirre ta’uudha.Shan, Madda moggaasa maqaa ji’ootaa eeruufaadhaan qorannoo kana adda taasisa.

# BOQONNAA SADI: Mala Qorannoo

**Seensa**

Boqonnaa kana keessatti tooftaalee qorannichaafi wantoonni mala qorannichaa waliin walqabatan kanneen akka, Iddattoo, mala odeeffannoon ittiin funaanaman, adeemsa funaansa ragaawwanii, xiinxala ragaawwaniifi kkf of keessatti haammata.Akkuma boqonnaa jalqabaa keessatti ibsamuuf yaalame, xiyyeeffannaan qorannoo kanaa inni ijoon Xiinxala hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyoota ji'aa dhaha Oromoo Gujiiti.Maqaa guyyootaaf moggaafameefi ayyaana guyyoota ji'aa dhaha Oromoo Gujii gidduu hariiroo jiru beekuun hubannoo dhaha Oromoo caalaatti qabaachuuf carraaqqii taasifamu daran jajjabeessa.

Qorannoo kana gaggeessuufis malli qorannoo filatame akaakuu qorannoo akkamtaa kan ta'e qorannoo Sanyabsaa/ Dirreeti. Qabanni, Dhahi Oromoo namoota hundaan sirriitti kan hinbeekamne waan ta'eef odeeffannoo barbaachisu salphaatti argachuun rakkisaadha.Kanaaf, bakka ayyaantonniifi namoonni hubannoo dhahaa qaban itti argaman filachuufi yeroo dheeraaf waliin dabarsuuf odeeffachuun ragaa walitti qabachuun barbaachisaadha Filee(2016:57).Sababni isaas, gosti qorannoo akkanaa odeeffannoo akka afgaaffii, marii gareefidaawwannaan kallattumaan hawaasicha keessa galuun funaanamu, gadifageenyaan ibsa.

## 2.7 Mala Qorannichaa

Malli qulqulleeffataa dhimmoota qorannicha keessatti dhiyaatan jechaan, yoomessa bu'uura godhatee kan ibsamuudha. Kanaafis, dura afgaaffii gaggeessuun duudhaalee hawaasichaa gurguddoon yeroo itti raawwataman qorachuun sababa yeroon sun filatameef ragaawalitti qabachuudha. Itti aansuun, walitti dhufeenya duudhaaleen ibsaman dhaha waliin qabu yeroo ibsame bu'uura godhachuun raga kenname galmeessuu, dhahaan walqabatee ayyaanota/guyyoota ji'aa, ji'a, tibbaafi bara haala itti garagaaraman dhawaata dhawaataan odeeffachuun tartiiba qabuun ka'amee moggaasa maqaalee bu'uureffatee kan ibsamu, qorataa amansiisaa kan deemu waan ta'eef haaluma kanaan gargaaramuun qorannoon adeemsifameera.

Kanaafuu qorannoon kun mala qorannoo sanyabsaa ittiin gaggeefamu keessaa maliiroo/ Corolational method) dhimma bahamee jira. Addunyaa(2011:63) akka ibsetti, "Maliiroon hariiroo dhimmoota lama gidduu jiru mala ittiin xiinxalamu bakka buusuuf jecha uumame. Yaadrimeen isaas, jijjiiramtoonni walitti dhufeenyi isaanii maalirra akka jiru kan ittiin

qo'annuudha," jedha.Malli kun hariiroo moggaasaa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'aa dhahaa Gujii gidduu jiru qorachuuf filatameera. Kanaaf,malli qulqulleeffataa kun mata-duree xixiqqaa akkaafgaaffiifi marii garee adeemsa funaansa ragaawwaniifi malleen xiinxala ragaawwanii hammatee dhiyaateera.

### 2.7.1 **Iddattoo**

Qorannoo gaggeessuuf iddottoo filachuun barbaachisaadha.Iddattoon qorannoo keessatti bakka tokko qofatti osoo hin taane, sadarkaa adda addaatti ilaalamee filatama.Kun ammoo dhimmaa iddattoon filatamaniif adeemsa qorannoo keessatti yaadota ijoo maddisiisuufi kana jechuun ammoo namoota afgaaffiif dhiyaatan ittiin filachuuf gargaara.

Iddattoo filachuun kan barbaachiseef ammoo, yeroo, maallaqaafi humna namaafi qusachuuf yaadameeti. Kanaaf qorataan iddattoo akka mata durichaatti deemufii danda'u gosa iddatteessuu miticarraatti gargaarameera. Iddatteessuun miti-carraa (non- probability) akkuma maqaa isaarraa hubannu odeeffannoo kennitoonni kan filataman carraadhaan miti. Namoota hubannoo dhimma qorannichaa qaban jedhamee itti kaayyeffatamee kan filatamuudha. Kanaaf,iddatteessuu miti carraa keessaa iddatteessuu akkayyoo (Purposive sampling) gargaarameera.Sababiin isaa dhimmi qorannoon kun irratti gaggeefame abbaa waan qabuuf. Kana jechuun qorannoon kun waa'ee dhaha Oromoo (Gujii) qorata. Akka beekumsaafi falaasama Oromootti,Dhaha kana dhahu/lakkaawu Qaalluufi yuubota qaalluun durfamani.Bu'uura kanaan, qaamonni sirna gadaa qaama dhaha Oromoo ta'e keessatti ga'ee olaanoo qaban, yuubonni nihirmaatu. Sababni, qaalluufi dursitoonni gadaa (yuubonni) qajeelcha kennuufi fudhachuun haalli itti sirna dhaha Oromoo dhahan waan jiruuf. Kanaaf, qoratichi abbootii qaalluu 4fi yuubota 4 iddatteessuu akkayyootti gargaaramuun filateera.

### 2.7.2 **Adeemsa Funaansa Ragaawwanii**

Ragaan kaayyoo qorannoo kanaa milkeessu funaanudhaaf maddi ragaalamatti dhimma ba'ameera. Maddi ragaa tokkoffaan, meeshaalee ragaa afgaaffii, marii gareefi daawwannaa kaayyoo bu'uura qorannichaa mirkaneessa jedhamee dhiyaateedha. Inni lammaffaan, sakatta'a barruu wal fakkiiti. Barruun wolfakkii qorannoo kanaa karaa lama argame. Tokko, odeeffannoo mana kitaabaa yaada hayyootaa sakatta'uudhaan karaa saayinsawaa ta'een qindaa'ee dhiyaateedha. Inni lammataa ammoo, toora interneetii gargaaramuun ragaalee qorannoo kanaan

wolqabatan funaannachuun kan dhimma itti ba’ameedha. Adeemsoonni funaansa ragaa qorannichaas akkaataa armaan gadiin duraa duubaan dhiyaataniiru.

#### 2.7.2.1 Afgaaffii

Afgaaffiin gosoota funaansa odeeffannoo keessaa tokko yoo ta’u, adeemsa qorataan iddootti argamee namoota odeeffannoo irraa argachuu danda’uuf gaaffii dhiyeessuudha.Afgaaffiin meeshaa funaansa ragaa odeeffannoo baay’ee murteessaa ta’e bifa gaaffii banaa ta’een gaafachuudha.Afgaaffiin qorannoo qulqulleeffataa keessatti meeshaa funaansa ragaa murteessaadha.Haaluma kanaan, mataduree “Xiinxala HariirooMoggaasa maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa ji’aa Dhaha Oromoo Gujii” jedhu irratti odeefkennitoota hirmaachisuun ragaan funaanameera. Odeefkennitoonni ragaa qorannichaas ayyaantota/abbootii qaalluufi Yuubota sirna gadaa keessatti ga’ee olaanoo qabaniifi abbootii gadaafi abbootii qaalluu woliin dhimmoota woliigala hawaasaa hojjatan. Namoota kanneeniif afgaaffiin dhiyaateef gaaffilee 17 yoo ta’u, akaakuun gaaffilee kanniiniis afgaaffii banaadha. Namoonni afgaaffii kana irratti hirmaatan abbootii qaalluu sadiifi yuubota shan.

#### 2.7.2.2 Marii Garee

Qorannoo fookloorii abbummaan hawaasa bal’aa ta’e bifa qaama hawaasaa bal’inaan hirmaachiseenragaa funaanuun murteessaadha. Kanaaf, qorannoo kana keessatti mariin garee daran barbaachisaadha. Qabanni, namoota kallattiidhaan qorannicha keessatti ga’ee olaanoo qaban hawwassaa walitti fiduun yaada dhiyaaterratti walfalmaafi walqajeelchaa odeeffannoo barbaadameefi ga’aa ta’e kennuu waan dandeessisuuf Filee(2016:63).Haaluma kanaan, ayyaantuuwwan/abbootii qaalluufi yuubota gurmeessuun yeroo adda addaatti qabxiilee marii qophaa’an irratti garee laman mari’ataniiru. Qoratichis, odeeffannoo maree garee irraa argame barreeffachuufi waraabuun odeeffannoo argame walbira qabuun qaaccessee dhiyeesseera.

#### 2.7.2.3 Daawwannaa

Qorannoo kana karaa milka’aa ta’een gaggeessuun argannoo tokko bira qaqqabuuf daawwannaa geggeessuun daran barbaachisaadha.Haata’umalee, qorannoo filatame hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana guyyootaa ji’aa dhahaa Gujii irratti waan gaggeeffamuuf daawwaannaan bakka guddaa qabaachuu dhiisuu danda’a. Ta’us dhahi Oromoo haala teessuma urjiifi ji’aa; akkasumas, mallattoolee adda addaa waan qabaatuuf ragaa dabalataa qorannicha cimsuu danda’an funaannachuuf wantoota dhahaan walitti dhufeenya qabaniifi dhaha Oromoo Gujii eeruu

keessatti ga'ee qaban ayyaantuuwwaniifi yuubota qorannoo kana keessatti filatamaniin agarsiifaman daawwachuun odeeffannoo fudhachuun xiinxaluun danda'ameera.

## 2.8 Muuxannoo Dirree Aloolaa

Qorannoon dirree kan qorataan tokko iddoo qorannicha itti adeemsisu dhaquudhaan gaggeessuudha. Adeemsi kunis kan odeeffannoon qorannoo sanaaf ta'urraa argamu (namoota, fakkii, hambaa, aadaa hawaasichaa, siidawwaniifi kkf) bira dhaquun qabatamaan ragaa barbaachisu sassaabuuf fayyada. Haaluma kanaan qoratichis xalayaa seera qabeessummaa qaama dhimmi ilaalurraa fudhate, meeshaalee ragaa funaanuuf barbaachisan, maallaqa barbaachisu, nama deeggarsa taasisu qabachuun bakkaafi yeroo namoota qorannicharratti hirmaataniin walarguuf beellamatanitti argamuun dhimman dhaqeef itti himuun booda waan barbaaduufi sababan barbaadeef ibsee warraabbii eeyyamsiisee hojicha milkeesseera.

### 2.8.1 Meeshaalee Waraabbii

Qorannoo gaggeeffamu keessatti odeeffaannoo bifa adda addaan funaannachuun akkuma jiru amala odeeffannoo funaannamuu irratti hundaa'uun meeshaalee adda addaa odeeffannoon ittiin funaannatanis nijiraatu. Qorannichi fookloorii bu'uureffatee dhaha Oromoo Gujii kutaa hawaasaa irraa funaanamu waan ta'eef, meeshaaleen waraabbii sagaleefi suursagalee aloolaa qorannoo kanaaf filatamuun dhimma itti ba'ameera. Haala kanaan, odeeffannoo hariiroo moggaasaafi maqaa guyyoota ji'aa dhaha Oromoo Gujiin wolqabatan irratti afgaaffiifi marii gareen yuubqaalluu woliin taasifame meeshaalee waraabbii suursagalee kanaan waraabuun dhimma itti ba'ameera. Dhumarratti, waan waraabame isaan dhageessisaa iddoo itti dabaluun barbaachisetti itti dabalaa waraabbiin isaa milkaa'inaan akka raawwatamu tu'eera.Ragaa waraabbames gara CDfi Filaashiitti jijjiirudhaan akkaataa duraa duuba isaatiin dhaha qindeessuun barreeffamaan qopheesseera.

### 2.8.2 Naamusa Ogummaa

Qorannoo tokko gaggeessuuf haalli dhiyeenya qorataa murteessaadha. Milkaa'ina qorannoo taasifamuuf ragaan ijoo waan ta'eef qaama dhimmi ilaalu hunda biratti seera-qabeessaafi namusa qabeessa ta'ee dhiyaachuun irraa eegama. Qoratichis, jalqaba xalayaa ragaa mata duree ibsame irratti qorannoo gaggeessuu ibsuufi yuunvarsiitiin barreesseef koppii erga taasifatee booda kallattumaan gara Waajjira Aadaafi Tuurizimii Godina Gujii lameen deemuun dhimma dhaqeef

ibse. Xalayaa deeggarsaa qaamni dhimmi ilaalu deeggarsa barbaachisu akka taasisan barreesseef qabachuun Waajjira Aadaafi Tuurizimii aanaalee filatamanii:Gooroo Doolaa, Irbaa Muudaafi Abbayaa deebuun ogeeyyii waajjiraa ramadamaniif woliin ta’uun akkaataa dhiyaannaafi qaama dhimmi ilaallatu itti argaman akka mijatu ta’eera. Qorataanis akkaataa duudhaa hawaasichaa faana deemuun haala dubbii, uffannaa, aadaa nyaataafi amantii isaanii kabajuudhaan odeefkennitoota wajjin walii galee gammachuufi jaalalaan odeeffannoo barbaadu argachuu danda’eera.Kana keessattti qorataan argannoo qorannoo isaa milkeessuuf odeefkennitootaan walitti dhufeenya gaarii qabaata.

## 2.9 **Mala Xiinxala Ragaawwanii**

Ragaalee dirree aloolaa irraa karaa meeshaalee funaansa ragaalee: afgaaffii, marii gareefi sakatta’a barruu meeshaalee waraabbii suursagalee funaanamantu qoratichaan qaacca’e. Akkuma qaaccessi jalqabaa raawwateen ogeeyyiin Waajjira Aadaafi Tuurizimiifi namoonni dhaha Gujiirratti hubannoo qaban akka ilaalan taasifameera. Qoratichis, duubdeebii kennameefi xiinxala hadadaan taasisaa ture irratti hundaa’uun ragaawwan kaayyoo qorannichaan wal hinqabanne keessaa haquun sirrummaafi qulqullinni isaa akka mirkanaa’u taasifameera. Dhumarras, ragaawwan xiinxalaman akkaataa walfakkeenyaafi akaakuu isaaniitiin qoqqooddamanii xiinxalamuun hariiroon moggaasa maqaafi ayyaana guyyoota ji’aa dhaha Oromoo Gujii, ji’oota, waktiileefi hanga gadaatti jiran dabaluun akkaataa duraa duuba isaanitiin kaawwamaniiru.

## BOQONNAA AFUR: XIINXALA RAGAA

### Seensa

Baqonnaa kana jalatti ragaawwan hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa dhaha Gujii afgaaffiifi marii garee odeefkennitoota/ ayyaantuufi yuubota irraa argaman guyyaa/ayyaanaa hanga gadaa oliitti jiru duraa duubaan hiikti itti kennameera. Haaluma kanaan, haala woliigalaa akkaataa hedannaa dhaha Gujii, hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'a tokkoo, ji'oota woggaa tokkoo hariiroo moggaasa isaanii waliin, haala waktiilee woggaa itti hedaniifi gadaan wolqabatan adda ba'uun xiinxalamanii dhiyaataniiru. Akkasumas, haalli dhahi Gujii yeroo ammaatti irra jirus ibsameera. Dhumarrattis, ga'een dhahi Gujii jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti qabuufi ga'een akkuma dameewwan fookloorii biroo Afaan Oromoo barsiisuu keessatti qabaatus ibsa bal'aa waliin dhiyaateera.

### 4.1 Haala Woliigalaa Dhaha Gujii

Dhahi Gujii bakkalcha, urjii buusaa jedhaman kan lakkoofsaan 7 ta'aniifi addeessa irratti hundaa'uun qaalluun/ayyaantuufi yuubotaan hedama. Ayyaantonni/Qaalluufi Yuubonni, dursaa isaaniitiin gabalaa qaalluutti bona ji'a Birraa yeroo samiin qulqullooftee hariiroon buusaan, bakkalchaafi ji'aa caalaatti mul'achuu danda'utti galgala wolga'anii hedataa turan. Jijjiirama hariiroo buusaan, bakkalchiifi ji'i uumaniifi kaayoo/milkii jireenya namaafi uumama biroo irratti uumamaa jiraniifi fuulduratti uumamuuf jiru giddu galeeffachuun hiikkoo walfalmisiisaafi amansiisaa ta'e itti kennu. Booda, waan hantuuf fala kaa'aa jiruufi jireenya hawaasaa yeroon/dhahaan hogganuun qajeelchan. Obbo Kuraa Bariisoo, obbo Jaarsoo Bonayyaafi obbo Waaccuu Buudee irraa gaafa 16/08/2010fi obbo Qerqoo Darasaa, obbo Waataa Jaarraafi obbo Mokkonnaa Nagawoo gaafa 12-13/11/10.

Akka maddi ragaa namoota eeramanii addeessutti, dhahaan wolqabatee wanti guddaan ilaalamuufi jiruuf jireenya ittiin qajeelchan Kaayoo dha. Kaayoon akka himansaafi fayyadama Gujiitti, waan hosee ykn waan hantuu hunna namaa ol ta'een namaaf kennamu/ nama qunnamu; kan waan hosee yoo ta'e qajeelfatan, waan hantuu ammoo faloon dabarfatan, Ayyaana. Akkuma mammaaksan, 'Abbaa garii irraa dhalachuurra, ayyaana gaarii dhalachuu woyya' jedhamu keesstti hubatamu, ayyaanni hiree/ faroo milkiidha. Hireen kun ammoo, gaarii ykn badaa ta'uu danda'a. Gaarummaafi yarummaan ayyaana guyyaa kun immoo bara dheeraa kaasee adda ba'aafi baramaa kan dhufeedha. Kanarraa kan ka'e, Gujiin sirnoota akka: fuudhaa heerumaa,

duulaafi adamoo, baallii kenniisa, godaansaafi qussumaa, booyaafi eebbaafi kkf ayyaana ilaaluun raawwta. Kanaaf, GujiinAyyaana/kaayoo/faroo isaan qaban irratti hundaa'uun guyyoota ji'aa hedata. Haaluma kanaan, akka dhaha Gujiitti guyyoonni ji'a tokko keessatti argaman lakkoofsaan 28 yoo ta'an tokkoon tokkoon isaanii ayyaana qabaniin murtaa'u. Kanarraa kan ka'e, Gujiin guyyoota ji'aan ayyaana jedhee gargaarama. Ayyaanota/guyyoota ji'a tokko keessatti argaman kanniinis bakka gurguddoo 2tti qooduun dhahata.Isaanis: guyyoota 14nan duraa ji'i ifaa deemu qaban akka Addeessaattiifi guyyoota 14nan hafaniifii ifti ji'aa hir'ataafi dukkanaa'aa itti deemu ammoo akka Dukkanaatti ilaalamaniidha.Haala kanaan, guyyaan jalqabaa bariituu gaafa addeessi/ji'i dura mul'atuu/ba'uu jalqaba.Akka hedannaa Gujiitti, ji'i dura ba'u kun Lu'oo/Lo'oo/Hellelloo jedhama. Lu'oon/Lo'oon Ji'a baay'ee xiqqaa waan ta'eef akka laayyootti nama hundatti hinmula'atu.Kanarraa kan ka'e, 'Lu'oo/lo'oo loontu dhagga'fi 'Lo'oo looniitis' jedhama.




Fakkii 20 – Bocawwan ji'aa
(http://www.astrosociety.org/education/the-universe-at-your-fingertips-2-0/ irraa fudhatame)

Ji'i jalqabaa fakkii olii irraa hubatamu kunis kan lu'ootti dhiyaatu nita'a jedhameet fudhatame. Kunis ji'i galgala yoo loon elman aanan okolee keessatti mul'ata jedhamee amanama. Kanarraa kan ka'e akkuma odeeffannoo nami elmu kenneen ayyaantonni ilaalanii mirkaneessu. Bariituu isaas ayyaantuun gabalaa/qe'ee qaallichaatti walga'anii, 'Jiini mul'attee? Eeyyee mul'atte' jechuun erga wolgaafatanii booda;

Baatee nandhabin!
Ba'ee ani sindhabin!
Ji'a nagayaa nuu ta'i!

Bara nagayaa nuu ta'i!' jedhanii eebbifachuun hawwii nageenyaafi abdii jireenya gaarii gara fuulduraatti ykn marsaa itti aanuttis qabaachuu fedhan ibsu. Guyyaa jalqabaas labsu. Ji'i/addeessi haaraan/Lu'oon mul'atee gaafa guyyaa 15ffaatti guutuu ta'a ykn goobana. Ji'i guutuun kunis Goobana jedhama.Marsaan wadhakkaa guyyoota ji'aa/baatii tokkoo inni 2ffaanis guyyaa 16ffaa eegala. Haala kanaan, guyyoonni walakkaa ji'aa kan marsaa 2ffaa gaafa 16tii hanga 28tti kanneen jiran ta'u. Kunis akka hedannaa Gujiitti ji'i goobane diqqaachaafi ifti hir'achaa waan deemuuf dukkana jedhamuun beekama.

Bu'uura kanaan, dukkanni gara bariitti/ifaatti tokkichuumaan kan hingeeddaramneefi ji'i suuta suutaan akkuma guddachaa deemu iftis dabalaa deemuutu hubatama. Haata'umalee, akka hedannaa dhaha Gujiitti akkuma guyyaan mul'achuu jalqaba ji'aa maqaa addaa Lu'oo jedhuufi ayyaana dansaa ta'uu argisiisu; guyyaan dhuma ji'aas Gaddabara jedhamuun kan beekamu ta'ee amala addaa faallaa guyyaa jalqaba ji'aa qabaata. Kunis, guyyaan dhuma ji'aa ayyaana badaa/gaarii kan hintaanee akka ta'etti kan ilaalamuufi jilli adda addaa kan keessaati hingaggeeffamne ta'uutu ibsama. Guyyaan kun  akka guyyaa milkii hinqabneetti amanama. Namoonni dullooman guyyaa kana yoo karaa/ emaltuu deeman akka hingalletti/du'anitti waan ilaalamuuf akka hindeemne gorfama.Haaluma walfakkaatuun, daa'imnilleen guyyaa kana yoo dhalatte, angafaafi maandhaasaatiif/isheetiif akka milkii gadheetti ilaalama. Kanaaf, daa'imti isa/ishee booda dhalate/dhalatte akka hinguddanneetti amanama.Haata malee, haalli akkasii kan mudatu yoo ta'e, nifalatu**.** Falannaan milkiin sun gara milkii gaariitti kan geeddaramu akka ta'etti amanama.Kan falatanis gaafa baatiin baate ta'ee guyyaa kana niqalatan, ni'eebbifatanis. Akka ilaalcha Gujiitti, ji'oonni faloof filataman afur: Arraasaa gaafa Areerii Badhoo, Badheessa gaafa Garbaa, Caansaa gaafa Algaajimaafi Adoolessa gaafa Dullattii ti. Ayyaanonni ji'oota ibsaman keessaa kunneenis Ayyaana Ilmaan Ormaa jedhamuun beekkama. Ayyaanni ilma ormaa ayyana eebbaa kan jiloonni adda addaa keessatti gaggeefatan jechuudha. Ji'oonni arfanis Ji'a Ormaa/eebbaa jedhamanii beekkamu. Haala kanaan, odeeffannoo ayyaantuuwwan, yuubotaafi Jamjamiifi Dhaddacha(2011:324) irraa argameen ifaafi dukkana baatii tokkoo haala armaan gadii kanaan ibsuun nidanda'ama.




*Fakkii 21- Haala Addeessaafi Dukkanaa*

### 4.2 Hariiroo Moggaasa Maqaafi Ayyaana Dhaha Gujii

Qaaccessa ijoo qorannoo kanaa dhiyeessuu keessatti hariiroon moggaasa maqaafi ayaana guyyoota, ji'a, waktiileefi gadaa dhaha Gujii irratti fuulleffachuun duraa duubaan akkaataa armaan gadiitiin kan dhiyaatu ta'a.

#### 4.2.1 Hariiroo Moggaasa Maqaa Guyyootaafi Ayyaana Guyyootaa

Akka odeeffannoon afgaaffii gaafa 16/08/2010 yuubqaalluu obbo Jaarsoo Bonayyaafi obbo Waaccuu Buudee, obbo Haajii Moonaa, obbo Gammadaa Adulaa obbo qaalluu Mokkonnaa Nagawoo jedhamaniifi sakatta'a barruu Jamjam&Dhadacha(2011) irraa argame ibsutti, guyoonni ji'a tokko keessatti argaman ayyaana jedhamu. Ayyaanonni/guyyoonni ji'oottan 12n keessatti argamanis lakkoofsaan 28. Kana jechuun guyyoonni 28n qofaatti moggaasaafi ayyaana ittiin beekkaman qabu jechuudha. Moggaasniifi ayyaanonni dhaha Gujii kan ji'a tokko (Fkn. kan ji'a jalqabaa/ Hagayyaa keessatti argaman) kunneenis jalqabaa hanga dhumaatti walduraa duubaan: Shalbaana deettii, Karaabicha, Gardaaduma, Busaawaa-qaraa, Busaawaa-jidduu, Busaawaa-eegee, Gidaadaa, Ruuda, Areerii-garbittii, Areerii-badhoo, Adulaa-qaraa, Adulaa-eegee, Harrattuu, Deettii, Garba, Bitaa-qara, Bitaa-jidduu, Bitaa-eegee, Soorsa, Algaajima, Arba, Bolla, Basaa-qara, Basaa-eegee, Carrawa, Dureettii, Dullattiifi Shalbaana-bidirsaati.Moggaasniifi ayyaanonni/guyyoonni kunneenis hariiroo cimaa qabaachuutu ibsame. Haata'umalee, Fr. JOSEPH (1991) "The twenty – seven days of a month each have their names and particular ayyana," jechuun qorannoo aadaa Oromoo Gujii jedhu keessatti ayyaanonni ji'aa dhaha Oromoo Gujii 27 jechuun ibsa. Hanqinni ragaa qorannoo Fr. JOSEPH(1991), ayyaanota Gujii 28tan keessaa Bita kan jedhu ji'a itti lama ta'uufi sadi itti ta'uu jiraachuu giddugaleeffachuu dhabuudha.Sababni akka ragaa qorannoo kanaan argameefi Jamjam&Dhadacha(2011) irraa argame ibsutti, Bitaan ji'oottan: Arraasaa, Badheessa, Caansaafi Adoolessaa keessa lama qofa ta'u (Bita qaraafi Bita eegee). Ji'oottan saddeettan hafan: Hageyya, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Qaamuu, Bitdotteessa, Ellafi Wocabajjii keessa garuu sadi (Bita qara, Bita jidduufi Bita eegee) ta'u.Kanaaf, akka ragaan qorannoo kanaa argisiisutti, baay'inni ayyaanota/guyyoota ji'aa dhaha Gujii woggaatti ji'oottan afuriif 27 yoo ta'an, ji'oota saddeetiif ammoo, 28 ta'u jechuudha. Bu'uura kanaan, hariiroon moggaasa maqaafi ayyaana guyyoota ji'a kanaas akkaataa armaan gadii kanaan tokko tokkoon duraa duubaan ibsamaniiru.

#### 4.2.1.1 Karaabicha

Karaabichi moggaasa guyyoota ykn ayyaanota ji'a tokkoo keessaa kan jalqabaaf kennameedha. Jechi karaabicha jedhus hundeen isaa karaaba kan jedhu ta'ee, karaabni hiikaa deemsa karaa ykn godaansa jedhu kan qabuudha. Guyyaa/Ayyaana kana yaa'atu ardaa jilaa dhaquuf godaana waan ta'eef ayyaana yaa'i godaanu ta'ee beekkama. Yaa'i hiika deemsa, imala yookaan godaansa jedhu kan qabu ta'ee; akka himansaafi sirna bulchiinsa Gadaa Gujiitti, gurmaa'insa luboota/miseensota Sirna Gadaa dhimmoota ykn sirnoota sirna gadaa keessatti raawwatan raawwachuufi raawwachiisuuf ardaalee jilaatti imaluudha.Bu'uura kanaan, Karaabichi hiikaa wolfakkaataa yaa'a, godaansa, imalaafi deemsa jedhu qabaata. Guyyaan/ayyaanni kun imala taasifamuuf akka hiree/ faroo gaariitti kan ilaallmu waan ta'eef, kabajamaadha. Yaa'i/deemsi/godaansi gaafa kana taasifamu 'qajeelaadha' jedhamee waan amanamuuf guyyaan kun eebbifamaafi milkaa'ina kan qabu ta'eeti amanama.Gama biroonis, 'karaabni beellama sangaati' jedhamee beekkama. Beellama sangaa jechuunis, sangaa baay'ee guddaa ta'e jechuudha. Kunis, ayyaanaan walbira qabamee yoo ilaalamu guyyaa yaa'i, caasaan sirna gadaa kan gadaan deemuufi gadaa hogganu godaanu hawaasa Gujii biratti akka qaama olaanoofi guddaa ulfina qabu ta'ee ilaalamuuf ayyaana guddaadha.

Kanaaf akka odimtootni/ dhaha dhooftonni himanitti ayyaanniifi moggaasni ayyaanichaaf/ guyyichaaf kenname hariiroo kallattii qaba. Haala kaanaan, karaabichi yaadrimee godaansa/ deemsa/yaa'a jedhu kan qabu. Gama biroon, akka Sirna Gadaa Gujiitti Yaa'i luboota/miseensota gadaati. Miseensonni gadaa ammoo, ardaa/ fulaa tokkotti sirnoota gadaa hinraawwatan. Yeroo gara yerootti, ardaa gara ardaatti deemuun/godaanuun sirnoota gara garaa raawwatu, hawaasas gama bulchiinsa siyaas-dinagdeefi hawaasummaan tajaajilu. (Obbo Kuraa Bariisoo, obbo Jaarsoo Bonayyaafi obbo Waaccuu Buudee irraa gaafa 16/08/2010fi obbo Qerqoo Darasaa, obbo Waataa Jaarraafi obbo Mokkonnaa Nagawoo gaafa 12-13/11/10).

#### 4.2.1.2 Gardaaduma

Gardaadumni jecha lama ardaafi duma jedhuraa kan ijaaramedha. Ardaan fulaa yaa'i itti qubatuufi sirnoota akka gadaa itti gaggeessuudha. Duma jechuun ammoo seensa ykn itti gala. Haala kanaan, Ardaadumni hiikaa ardaatti seenuu/nammuu kan qabaatu ta'ee yeroo dheeraa keessa Gardaaduma jedhamaa akka dhufetti hubatama. Kanaaf, jechi/ayyaanni Gardaaduma jedhuus yaadrimee qussuma ykn qachaa jedhu qabaata. Qussumni/qachaan kun ammoo kan

yaa'aati. Akka sirna gadaa Gujiitti yaa'i fulaa qubatu qaba. Fulaan qubannaa yaa'aas ardaalee yaa'aa hoo ta'u, yayyaba galmaa fulaa sanatti ijaaramuufi qachaa jedhamuun beekkamu.Kanarraa kan ka'e, ayyaana/guyyaa kana yaa'a godaansarra/karaarra turetu qubata jedhamee waan fudhatamuuf guyyaa yaa'i qubatu ta'eet beekkama. Yaa'i hoo qubatu sirnootni adda addaa kan raawwatuufi eeebbifatan waan ta'eef guyyaan kun akka guyyaa eebbaatti ilaalama. Guyyaa kana hawaasni dhimmoota gaaffii itti ta'an, kan irratti waldidaniifi miidhaa adda addaa raawwatameefi kkf abbootiin gadaa te'anii bal'inaan hiikoofi fala itti kennani. Kanarraa kan ka'e hawaasni illee jiloota adda addaa jilachuuf nifilatu waan ta'eef akka guyyaa jilaattis nifudhatama.Bu'uura kanaan, hariiroon moggaasaafi maqaa ayyaana kanaa cimaa akka ta'e hubachuun nidanda'ama.Kunis, milkii ayyaanichi qabuufi gochoota gaafas raawwataman irratti hundaa'uun ayyaana moggaasuun oromoon caljedhee maqaa kan hinkennineefi tokkoon tokkoon maqaalee duuba hidhanni kan jiru akka ta'e hubanna.

**4.2.1.3 Busaawaa qaraa**

**4.2.1.4 Busaawaa gidduu**

**4.2.1.5 Busaawaa eegee**

Akka Obbo Kuraa Bariisoo, obbo Jaarsoo Bonayyaafi obbo Waaccuu Buudee gaafa 16/08/2010fi obbo Qerqoo Darasaa, obbo Waataa Jaarraafi obbo Mokkonnaa Nagawoo gaafa 12-13/11/10) ibsanitti, Ayyaanni/guyyaan 3ffaa, 4ffaafi 5ffaan Busaawaa jedhamuun beekkamu.Adda addummaan isaaniis jechoota qara, gidduufi eegee jedhan walduraa duuban maxxanfachuudha. Hiikaan isaaniis walduraa duubaan: jalqaba, wadhakkaa/walakkaafi dhuma/booddee kanneen jedhan.Haala kanaan,guyyaa 3ffaan Busaawaa qaraa, guyyaa 4ffaan Busaawaa gidduufi guyyaa 5ffaanimmoo Busaawaa eegee jedhamuun beekamu.Busaawaan bineensa bosonaa dhaltuun Arroolee, kormaan Jilibaa jedhamuun kan beekkaman ta'anii bifaafi amala re'ee kan qabaniifi bakka birootti bosonuu jedhamuun kanneen beekkamani. Bineensonni kunniin namniifi bineensonni biroo kanneen akka neenqaafi qeerrnsaa nyaachuuf adamoon kan itti gaman waan ta'eef, jireenya rifuu/birrannaan guutame jiraatu. Akkasumas, hawaasa keessatti yoo durra kadhaaf deeman nama dura qaxxaamurraan akka faroo badaatti kan ilaalamu ta'ees fudhatama.Gama biraan, guyyoottan sadan kana nami adamoo Busaawaa deeme middaan/bineensicha argatee gala jedhamees amanama.

Haata'umalee, daa'ima guyyoottan kunneen dhalattes maatiif akka faroo/milkii badaatti ilaalama. Kunis yoo daa'imti dhalatte mucaa ta'e abbaaf; yoo durra taate ammoo haadhaaf hintolu jedhamee amanama. Kanaaf, daa'imni guyyoottan kanniin keessa yoo dhalatte waan hantuun akka du'aa maatiirra akka qolamuuf nifalatu. Faloon kunis, mana keessi gama bitaan ni'urama.Haatis daa'ima kana karaa qaawwa ba'ee sanaan akkawootti kenniti.Akkawoonis daa'ima sana manaan marsitee karaa balbalaa mana galchiti. Daa'imattiin yoosuma dhiqamti. Achii booda, haadhaaf abbaatu ollaa waammatee eebbifatan. Haaluma wolfakkaatuun, ayyaana kana yoo nami du'es hinjaalatamu waan ta'eef ni eebbifatan. Kunis kan ta'u duuti akka hindeebineef jedhamee amanama. Moggaasni kunis, dur bineensi Busaawaa jedhamu kun baay'inaan foon isaaf jecha adamsamuufi nami guyyaa kana adamoo isaa deeme milkaa'ee kan galu taa'aa dhufuu isaa irraa kan ka'e akka kennameefitti amanama.Akka himansa kanaatti, ayyaanni/guyyaan kun Busaawaan haa moggaafamu malee bineensota biroos guyyaa kana yoo adamsan akka mirgaan galanitti ilaalama. Kana irraa kan ka'e ayyaana bineensotaa jedhamuun beekkama. Bineensa ajjeesuunis akka gara jabummaatti waan ilaalamuuf namni guyyaa kana dhalate garaa jabaata jedhamee amanama. Nama guyyaa kana dhalates Busaawaa jechuun haalli maqaa moggaasaniif kan jiru ta'uu himan.

### 4.2.1.6 Gidaadaa

Gidaadni moggaasa ayyaana/guyyaa 6ffaatiif kenname. Gidaada jechuun dhaala, dhaala miilooti. Jechi miiloo jedhus yaadrimee, namni yoo dhalatu miilli booda hafa jedhu ka'umsa godhachuun maandhaan, nami duuba dhalate isa dura dhalate, hangafa dhaala jedhu qabaata. Bu'uura kanaan, miiloon maandhaa/quxusuu/eegoodha.Dhaala miiloo jechuunis obboleessi yoo obboleessi isaa du'e haadha manaafi qabeenyaa obboleessichaa cufa kan dhaalu jechuudha. Kunis eegumsa karraafi maatii isa du'eef taasifama waan ta'eef kabajaafi sirna mataa isaas qaba.

Akka mil'uu Gujiitti, sirnoonni yookaan jiloonni adda addaa milkii/ayyaana guyyoonni qaban irratti hundaa'uun raawwatamu. Akkuma kana Sirni Miiloos ayyaana/guyyaa Gidaadaa yoo gaggeeffame hoseedha jedhamee waan amanamuuf, guyyaa kana akka ayyaana miiloottii fudhatan. Kanarraa kan ka'e, Miiloon guyyaa kana malees waan hinbaaneef ayyaana dhaala miiloo jedhame. Dhaalli miiloo akkuma guyyaa/ayyaana kana malee hinbaane, ji'oota jiran keessaas: Birraa, Caansaa, Wocabajjiifi Adoolessa malee hinba'u.Sababnisaas, ji'oonni akkuma guyyootaa ayyaana/kaayoo hoseefi hantuu waan qabaniifi. Akka ilaalcha Gujiitti ji'oottan jiran

keessaa arfan ibsaman ji'oota filatamoo ayyaana hosee qabaniifi jilli adda addaa keessatti gaggeeffamaniidha.

Gama biroon, du'aafi dhalootaan wolqabatee nami guyyaa kana dhalate hiree dhaaluufi dhaalamuu qabaata jedhamees amanama. Kanarraa kan ka'e, nami ayyaana kana dhalate yoo dhiira ta'e hanga obbolaan isaa du'anitti hindu'u; yoo durra teete ammoo dhirsi irra hinbulu jedhamee amanama. Kana malees, ayyaana kana duuti yoo galte maatii nama du'ee keessaa kan biroolleen dhiyootti du'uu danda'a jedhamee amanama.Kanaaf, akkuma ayyaanota gaarummaa hinqannee kaan yeroon falachuutu irraa eegama.Bu'uura himansa kanaatiin, maqaan guyyaa Gidaadaa jedhamuu moggaasa isaa miiloo(dhaala) kan jedhu irraa kan argateefi jechicha mooggaasa irraa argateen hiikaafi hariiroo cimaa kan qabu ta'uusaatu hubatama.

### 4.2.1.7 Ruuda

Maqaan ayyaana/guyyaa7ffaatiif moggaafame Ruuda. Jechi ruuda jedhu yaadrimee eebbaafi muuda jedhu qabaata. Sababni isaa ayyana kana eebbaafi muudatu raawwatama. Akka dhageettaafi mil'ata Gujiitti eebbaafi muudaa kan raawwatu qaalluudha. Sababni isaa, qaalluun wayyuu wayyuun olii, kan wayyummaa isaa waaqni Gujiifi jiruuf jireenya Gujii akka qajeelchuuf jecha kenneef, jedhamee waan amanamuuf qaalluu olitti waaqa malee homtuu hinjiru.Kana irraa kan ka'e, ayyaana kanaan ayyaana qaalluu jedhu. Akkuma yaadrimee olii keessaa hubachuun danda'amu, qaalluun ni'eebbisa, nimuudas. Akka itti bultuma Gujiitti, Gujiin bulchiinsa lama qaba: Bulchiinsa Gadaafi Bulchiinsa Qaalluuti. Bulchiinsi qaalluu hangafa yoo te'u, kan gadaa ammoo itti aana. Hangafti eebbisee muuda, maandhaan eebbaafi muuda fudhatee bakka qaalluun hindhaqqabnetti hawaasa bal'aa qulqullummaan, walqixxummaafi haqummaan bulcha. Kanarraa kan ka'e, sirni gadaa eebbaafi muuda qaalluu malee abbaa gadaa hinqabaatu. Abbaan gadaa eebaafi muuda qaalluu hinqannes woyyummaa hinqabu, eebbisee hinmilkeessu, abaaree hindhaqabsu jedhamee amanama. Kanaaf, ayyaani kun ayyaanota jiran keessaa baay'ee hoseedha, jedhamee waan amanamuuf, gaarummaa malee hantuu hinqabu. Ayaana kana qalanii eebbiftu; falataniis hantuu dabarfatu. Himansa kana irraa wanti hubatamu, maqaan ayyaana/guyyaa Ruuda jedhamuuf kenname moggaasa muuda yookiin eebba yookiin woyyummaa jedhu kan qabaatuufi moggaasni kenname maqichaafi ayyaana maqichi mogga'eefi kan bakka bu'u ta'uusaati.

#### 4.2.1.8 Areerii Badhoo

Areerii badhoon maqaa ayyaana/guyyaa 8ffaatiif moggaafame. Maqaan ayyaana Areerii Badhoo jedhamuu jechoota lama: Areeriifi Badhoo jedhan irraa ijaarame. Areeriin hiika rimee lama qabaata: tokko, bu'aa hormaata horii kan aanan raasanii erga dhadhaa baasan hafu. Lama, eebba areertii qalma sirnoota garagaraaf raawwatuuti. Badhoon ammoo, hormaata baay'achuudha. Kanarraa kan ka'e, Areerii Badhoon yaadrimee, eebba sa'aa namaan horuu qabaata.Bu'uura kanaan, durri guyyaa kana yoo dhalatte, "Intalli ebeluu ariirii badhoo dhalattee areera quuttee hortee bal'atte" jechuun yaada ibsame cimsu. Ayyaanni kun ayyaana hosee hortee namaafi looniif tolu ta'ee ilaalama. Kanarraa kan ka'e, nama horteen looniifi kan ijoollee dide, "Areerii badhoo qaladhu! Areerii badhoo naqadhu!" jechuun eebbisu. Guyyaa kana yoo eebbifate sa'aa namaan hora jedhamees amanama.Haala kanaan, maqaan Areerii badhoo jedhu moggaasa hormaata, badhaadhina jedhu kan kennameef yoo ta'u, maqaafi moggaasni kenname hariiroo qabaachuudha.

#### 4.2.1.9 Areerii Garbittii

Areerii garbittiin maqaa ayyaana 9ffaatiif moggaafame. Areeriin yaadrimee ayyaana 8ffaarratti ibsameen hiikuma tokko qabu. Haata'umalee, guyyaa duraa kanaan jecha duubaan areeriitti aanee kennametu hiikarimee ayyaana kanaa ibsa. Haala kanaan, garbittiin hiika rimee nama ykn qaama tokko jalatti buluu qaba. Yaadni nama jalatti buluu yookaan namaaf abboomamuu kunis korniyaa lameenuufuu kan hojjatu ta'ee, kan korniyaa dhalaa yoo dhirsaaf ta'e akka sirriitti; kan dhiiraa ammoo, akka daba ta'etti ilaalama.Kanarraa kan ka'e, ayyaana kanaan, ayyaana beeraa jedhu. Bu'uura kanaan,garbittiin beera, haadha manaati. Kanaaf, durri guyyaa kana yoo dhalatte milkiin nitola malee ammeenya hinqabu. Ammoo, areerii garbittii yoo nami du'e hinjaalatamu. Keessaahuu, nami niitiin jalaa duute, akka irraa hindhaabbannetti waan ilaalmuuf; akkasumas, "Garbittiin waan ishee taatef wawuma dhirsaaf dhaante," jedhamee waan amanamuuf gaafasuma fuudha. Kanamalees, 'Lubbuun akka areerii teete" jedhamees waan mammaakamuuf areerii nami yoo du'e areerratanii eebbifatu. Yaadrimeen mammaaksa kanaas, du'a ayyaana kana nama yookiin maatii tokkotti deddeebi'e bu'uureffata.Kana jechuun duuti ayyaana kana dhufte ayyaanuma kana eeggattee dhufti malee hindhaabbattu jechuudha.

Gama biroon, dhiirri ayyaana kana yoo dhalate nigarbooma jedhamee waan amanamuuf hinjaalatamu. Kana jechuun, ayyaanatu milissaa jechuuf malee namatu gabroomsata jechuu miti.

Bultuma manasaatu dhiphata yookaan horteesaatu diqqaata. If hin danda’u, harka namaa kajeela jedhamee amanama.Ta’uyyuu faloo qaba. Ilmi dhiiraa ayyana kana yoo dhalate ayyaana kanarraa qabanii yoo eebbifatan, hireen hantuun ayyaana kana dhalachuu isaatiin isa qunnamuu malu nihafa jedhamee amanama.

**4.2.1.10 Adulaa qaraa**

**4.2.1.11 Adulaa eegee**

Akka Obbo Kuraa Bariisoo, obbo Jaarsoo Bonayyaafi obbo Waaccuu Buudee gaafa 16/08/2010fi obbo Qerqoo Darasaa, obbo Waataa Jaarraafi obbo Mokkonnaa Nagawoo gaafa 12-13/11/10) ibsanitti, maqaan Ayyaanota 10ffaafi 11ffaaf moggaafame Adulaa jedhamu. Ayyana kanas kan duraatti jecha qara jedhu, kan lammataatti ammo, jecha eegee jedhu daruun Adulaa qaraafi Adulaa eegeejechuun waamu. Qara jechuun dusaa, kan duraa/kan jalqabaa jechuudha. Eegeen immoo, kan boodaa/maayii yookaan kan itti aanu jechuudha. Bu’uura kanaa, Adulaan qaraa mootii duraa, Adulaa eegeen immoo, mootii itti aanu akka ta’etti ilaalama. Kana jechuun mootummaan kun kan karraa maatiiti jechuuf malee isa nama bulchu jechuu qofaaf miti. Karraa maatiin caali yaada jedhu qaba. Kanarraa kan ka’e, Ayyaana eebbaafi baay’ee jalatamu ta’ee ilaalama waan ta’eef, “Adulaa hinjiilan; isuma qalatan, isuma falatan,” jedhu. Adulaan waan jiran gumaa laaffisa.Danbooba fida. Farra dhutte inyarsa jedhamees waan amanamuuf ni’eebbifatu.Yoo eebbifatanis,

Adulaa te’i

Adulaa qaraa te’e!

Qara biyyaati buli!

Adulaa eegee te’i

Eegee biyyaa hafi!

Aduun bonaa sii laaftu jedhu.

Eebba kanarraas adulaan qara biyyaa, kan biyya dursuufi biyyaaf bulee biyya bulchu, kan biyyaaf ta’u jechuudha.

#### 4.2.1.12 Harrattuu

Maqaan ayyaana 12ffaatiif moggaafame Harrattuudha. Harrattuun yaadriimee lama qaba. Tokko, qaama namaa fulaa ilmee itti baatan dugda. Kanas, eebba dubartii deesse ittiin eebbisan keessaa kan 'Harmaa harrattuu nagayi!' jedhu keessatti argina.Eebba kana keessatti, harmi kan ilmeen hootu; harrattuun immoo dugda. Kaanarraa kan ka'e Harrattuun akka ayyaana nadheeniitti ilaalama. Gama biroon immoo, Harrattuun maqaa mukaati. Muka jabina hinqanneefi homaafuu hintolle kan qilleensi diqqaalleen raasuufi qilleensi konkumaa irraa hindhabamne. Kanarraa kan ka'e akka ayyaana qilleensaa, bubbeettis ni'ilaalama. Roobi isa roobu hinfakkanu, homaafuu hintolulle jedhamee akka ayyaana milkii hinqanneetti amanama. Nami gaafas dhalatellee gadi hindhaabbatu, ni deema, jedhamee amanama.

#### 4.2.1.13 Deettii

Deettiin moggaasa ayyaana 13ffaatiif kenname. Hiikni moggaasa maqaa Deettii jedhuus midda/mirga jedhu ta'a. Ayyaana/guyyaa duulaa adamooti. Guyyaa kan yoo duulan diinarra aananii mirgaan/injifannoon galu. Yoo adamoo deemanis, arbaa gafarsa ha'anii middaan galu jedhamee amanama. Adamoo deemanii, yoo bineensa tokko namoonni lama woraanan illee kan qara waraane, 'deettiin kiyya' jedha. Haala kanaan, kan itti aansee woraane ammoo misoo te'a. Kanaaf, ayyaanni/guyyaan kun akka ayyaana milkiitti ilaalama waan ta'eef, guyyaa fuudha kadhaaf durra itti gaafataniifi Hawwaddiif ammoo araara itti gaafatan; akkasumas, guyyaa falataafi qalataas jedhamee amanama.

#### 4.2.1.14 Garba

Maqaan ayyaana 14ffaaf moggaafamee Garba. Garbi hiikaa kallattii, bishaan ciisaa gadi fageenya qabu ykn bishaan guddaa jedhu kan qabuudha. Akka himansa yuubqaalluu oliitti, moggaasni ayyaana kanaas achuraa fudhatame. Kanaaf, ayyanichi akka ayyana roobaatti ilaalama. Gaafas yoo roobe akka ganna hoseetti waan ilaalamuuf oomisha qonnaafi marraaf jajjabeessaadha.Yaaddoo hongeellee hinqabaatan jedhamee amanama. Haata'umalee, ayaanichi akka ayyaana imimmaniitti waan ilaalamuuf du'aaf dhalootaaf hamaadha. Du'i gaafas yoo seene ni dabala, waan ta'eef nieebbifatu/ falatu. Jila injilatanu.Yoo daa'imni guyyaa kana dhaltellee akka guyyaa gaddaa dhalatetti waan ilaalamuuf nifalatu/eebbifatu.

#### 4.2.1.15 Bita qara

#### 4.2.1.16 Bita gidduu

#### 4.2.1.17 Bita eegee

Maqaan ayyaanota 15ffaa, 16ffaafi 17ffaa moggaafame Bita jedhama. Ayyaanota kanneen adda baasufis jechoota/ibsitoota: qara, gidduufi eegee jedhan duubaan itti dabalatu. Haala kanaan, duraa duubaan maqaan Bita qara, Bita gudduufi Bita eegee jedhan moggaafamaniif jechuudha. Bitaan hiikaa falfala, golgola ykn hamaa barri fide kan homaafuu tola hinqnne jedhaman qabaata. Ayyaanonnii/guyyoonni kunneenis guyyoota milkii hinqanneefi hamaa/falfala/golgola karraa maatiitti dhufellee itti baafatan/falatan waan ta'eef, ayyana/guyyaa bita gatiisa yookaan erbee gatiisaatti ilaalama. Bita gatiisi yaadrimmee faroo/milkii hantuu sa'aa namatti dhufu dursanii ifirraa dabarsuu jedhu qabaata. Kunis akka himansa yuubaafi qaalluu Gujiitti, woggaatti aaltokko akka lakkoofsa ji'aafi guyyaa Gujiitti ji'a Birraa Bitaa sadan keessaa gaafa tokko dubartootaan; dhiiraanis ji'uma kana keessa gaafa Soorsaa gareenis ta'e dhuunfaan gaggeeffama. Dubartiin erbee aal-sadi karraa manaan marsitee booda 'golgola dabarsi!' jechuun erbicha gatuun raawwatama.

Kanaaf, ayyana kana dhalachuun akka faroo badaatti ilaallama. Bitaan mucaan dhalate ayyaana haxxiyyaati, namaantolu waan ta'eef ifirraa eegan. Ilma dhiiraa nama dura jiruuf gaarii miti. Yoo dhalaa teete jajjaddu, intala bitaa duudhattu nama itti hiixatan miti. 'Bitaatta dhaabee kinniisi waabee dheessa; bitaa dhalatee mucaan worraa miiloo leessa/fixa jedhamee mammaakama. Kana waan ta'eef, hantuu sun akka hinmudanneef falootu taasifama. Kunis, daa'imni dhalattee ykn haati obbaatee osoo obbaatii hingatin akaakuun fuudhee bitaa bulchee erga falatee booda abbaatti kenna. Bita baasi ji'a Bitdotteessa gaafa ayyaanota Bitaa sadan: Bita qara, Bita gidduufi Bita eegeefi ji'a Caansaa gaafa Bitaa lamaan: Bita qaraafi Bita eegee keessaa gaggeeffama. Guyyaan sadan bita baafatan kunneenis Gaddabara jedhamuun beekkama. Kanarraa kan ka'e, Gujiin ji'oottaniifi guyyoottan/ayyaanota ibsaman keessa waan hantuu raawwatamaa ture cufa bita baasa/ ifirraa falata/dabarsa.

Bitaan amala ittiin adda te'u dhibiis qaba. Adeensa Hedannaa Gujii keessatti, bitaan ji'oottan 12n keessaa kan guyyaa lama itti ta'uufi sadi ta'uun lakkaawamu qaba. Haala kanaan, Bitaan ji'oottan: Arraasaa, Badheessa, Caansaafi Adoolessaa keessa lama qofa ta'u:Bita qaraafi Bita

eegee. Ji'oottan saddeettan hafan: Hageyya, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Qaamuu, Bitdotteessa, Ellafi Wocabajjii keessa garuu sadi: Bita qara, Bita jidduufi Bita eegee ta'u.

#### 4.2.1.18 Soorsa

Moggaasni maqaa ayyaana 18ffaa Soorsa. Soorsa jechuun haxxiyyaa/jagna/goota jechuudha. Ayyaanichis akka ayyaana jagnaatti/haxxiyyaafi ayyaana woraanaatti ilaalama.Akka himans yuubqaalluutti, moggaatiin ayyaana kanaa 'ilbiisa' Soonsa jedhamu kan akka dabaa waa hidduun beekkamu irraa akka ta'e ifoomsa.Haala kanaan, Soorsiifi Soonsi maquma ilbiisa kanaati. Amala akka malee waa hidduu inni qabu bu'uureffachuun gootummaa ibsu.Akkasumas, ayyana dhiirotaa kan worri dhiiraa ji'a Birraafi Caansaa keessa barabaraan bita-gatiisa itti raawwatani. Soorsi eebba qaba. Nami ayyaana kana dhalate adda jabeessa, inumaa laafaan hinjiru jedhama. Duulli woraanaa guyyaa kana yoo gaggeeffame filatamaadha. Ayyaanni kun woraana hamaa malee hammeenya dhibii hinqabu jedhamee amanama. "Hiddituu akka soonsaa An maal godheen si obsa" jedhamee kan weellifamuus kanumaaf fakkaata.

#### 4.2.1.19 Algaajima

Maqaan ayyaana 19ffaa moggaasa Algaajima jedhu qaba. Algaajimni maqaa urjiilee dhahaa keessaa kan tokkooti. Kanaaf, ayyaanni kunis moggaasa kana urjiilee dhahaa irraa argate jedhama. Ayyaanni kun qubannaas ta'e godaansa yaa'aaf mijataadha.Ayyaana hiikkoofi hammeenyallee hinqanne jedhama. Kana jechuun ayyaanni kun waan hantuu kan hinqanne, kan waan fedhan itti qajeelfatan jechuudha.Bu'uura odeeffannoo qoratichi argate kanaatiin, hariiroo ayyaana kanaafi waan inni bakka bu'e gidduu jiru ibsuun hindanda'amne. Kanaaf, maqaan ayyaana kanaa hedannaa baraa Booranaa, Arsii, Ituufi kkf keessatti illee kan argamu waan ta'eef, qorannoon itti aanu ni'ibsa jedhamee abdatama.

#### 4.2.1.20 Arba

Moggaasni maqaa ayyana 20ffaatiif kenname Arba. Arbi bineensa guddaa yeroo baay'ee ilkeesaatiif jecha adamsamu. Akka himansa yuubqaalluutti, arbi ideensicha, iddee oole inbulu. Osuma deemuu oola wonni nadheeni, nadheen garaan hoseedha. Arbi biya Keenyaa/Keeniyaa beekkamu kun asii akka achi gale jedhama .kana irraa kan ka'e, 'Arbi hingeegessa, algaajimi hingabaabsa. Arbindeema, algaajimi hindhoogga' jechuudha. Nami guyyaa kana dhalte womaan dema, woma fuudha jedhamee amanama. Ammoo, garaan isaa hosee. Intalti arba deette garaan

deente horte jedhama. Nami guyyaa kana dahe nihora. Guyyaa kana/arba dhadhaa mataa dibatan malee horii hinqalan.

#### 4.2.1.21 Bolla

Moggaasni maqaa ayyaana 21ffaa Bolla. Akka himansa yuubqaalluutti, jechi Bolla jedhu hiikadrimee lama qaba: hiikni tokko maqaa kabajaa beerti erga abbaan manaa ishee abbaa gadaa ta'ee booda ittiin waamamtu.Beera gabalaa abbaan gadaa tokko bulchu keessa jiraniif akka dureetti ilaalamti, nikabajamtis. Kanarraa kan ka'e, haadha manaa abbaa gadaa Haadha Bollaa jedhu malee maqaan hinyaaman. Haala kanaan hiika rimeen jecha bolla jedhuu woyyummaa yookiin dursummaa kan jedhu niqabaata. Hiikni rimeen lammaffaan, gabalaa qaalluun keessa jiraatu. Gabalaan daangaa (qe'ee) qaalluun keessa jiraatuufi ulfina guddaa qabu. Gabalaan qaalluu lafa cufa keessaa irra caalaatti kabaja kan qabu waan ta'eef kan nama ijjeesellee yoo itti dheedhe matiinsaafi qabeenyisaallee hintuqanu. Kan bade akka badiitti/akka waan hindeebineetti ilaalamee fuulduraaf akkaataa irraa barachuun danda'amuun balli'inaan ilaallamee araarri akka bu'u taasifama. Nami araara achitti taasifamu hinfudhannelleen yoo abaarame akka isaafi maatii isaaf/ isheef hintolleetti waan ilaalamuuf hinjiraatu. Tapha ijoolee korboo ha'uufi ulee wolirraa fuudhuun taphatamu keesstillee, nami injifatame  marra kutee 'Mana qaalloo cacawu' jennaan itti hindubbatan. Nama akkas hinjedhin garuu, marra irraatti guuruun tapha immoo irraa deebi'an. Bu'uura kanaan, 'mana qaalloo cacawu' jechuun mana  yookaan gabalaa qaalluutti dheesse jechuudha. Kanaaf, gabalaan qaalluu akka dachii araaraatti fudhatama.Yaadrimee  kana keessattis  bolli hiika rimee woyyummaa qe'ee qaalluufi qaalluutu ifee mul'ata.

Haata'umalee, akka himansa yuubqaalluutti, bolli ayyaana qaalluuti. Guyyaa Qaalluun Gujii kan jalqabaa jennataa itti ergame jedhamee amanama. Kana irraa kan ka'e, qaalluun guyyaa/ayyaana kana jila, aadaafi sirnoota garagaraa gaggeeffata.

#### 4.2.1.22 Basaa qaraa

#### 4.2.1.23 Basaa eegee

Moggaasni maqaa ayyaanota 22ffaafi 23ffaan Basaa jedhama. Garaagarummaa ayyaanota kanniinii argisiisuuf akkuma ayyaanota kaanii jechoota qaraafi eegee jedhaman itti daran. Bu'uura kanaan, ayyaanonni kunniin wolduraa duubaan Basaa qaraafi Basaa eegee ta'u jechuudha. Akka woliigalaatti ammoo basaan hiika imimmaan jedhu qabaata. Imimmaan ammoo, gadda mul'isa. Akka ayyaanaattis, ayyaana roobaati jedhama. Akkuma ayyaana

garbaatti ilaalma. Ayyaanni kun rooba kan qabuufi yeroo baay'ee gaddi deddeebi'ee kan keessatti mul'atu waan ta'eef akka ayyaana imimmaaniitti ilaalama. Kanaaf ayyaana imimmaaniis jedhamee beekama. Ayyaana jibbamaa milkii hinqanne. Namni ayyaana kana yoo dhalate infalatan. Qalanii, naqanii olla yaamanii, abbaan "Mucaatu basaa dhalatee nabaasi" yoo jedhu; ollaan immoo, "Ee- waan sanii ba'i!" jechuun eebbifatanii, falatanii hantuu sana ifirra dabarsu.

#### 4.2.1.24 Carraawa

Carraawi moggaasa maqaa ayyaana 24tiif kennamae. Jechi carraawa jedhus hiikaa hiree/milkii jedhu kan qabaatu ta'ee milkiin kunis haala lamaan ilaalama jedhu.Kanniins yoo himan, "Carrootti waalama: du'allee, horteellee qaddi" jechuun carraan/milkiin gaariifi hamaa kan qabu ta'uu addeessu.Milkii gaariin dhaloota namaa sa'aa yoo ta'u; milkii hantuun ammo, du'a namaa sa'aa ayyaana kana galu.Bu'uura kanaan, jibicha carraawa dhalate loon kuta/hortee loonii baay'isa jedhamee waan amanamuuf loonitti moosisu malee hintuman. Akkasumas jabbii qoqqobaallee carrawa malee alatti hinbaasan. Namis ayyaana kana yoo dhalate qabeenya horata jedhamee waan amanumuuf yoo eebbisan, "Horii carraawi!" Jedhu.

Gama biroon, milkii hantuu ta'uun ayyaana kanaa nami guyyaa kana yoo du'e, qaama hir'uun yoo dhalateefi kkf yoo uumamani.Hireen akkasii yoo uumame ifduraaf hintolu jedhamee waan amanamuuf ayyaana akkasii eebbaan loon qalanii falatchuun ifiraa kutan. Haata'umalee, ayyaanichi akka ayyaanaatti dansa, milkiqabeessa.

#### 4.2.1.25 Dureettii

Deettiin moggaaasa maqaa ayyaana 25ffaatiif kenname. Dureettiin yaadrimee durumaa/ soorummaa jedhuraa kan dhufe ta'ee, kan durummaa qaddu jechuudha. Akka ayyaanaatti ammoo ayyaana looniiti jedhamee amanama. Loon ammoo, akka hormaatafi qabeenyatti waan ilaalamuuf durummaadha.Jiloonni hormaata horiifi qabeenyaa eebbifachuuf ayyaana kana yoo gaggeefaman filatamoodha.Ammoo, ayyaana loonii waan ta'eef, jila guyyaa kana gaggeeffamu kamiifuu loon hinqalanu.Akka ayyaanaattis/milkiittis nami guyyaa kana yoo dhalate hoseedha. Dubartii yoo taate, sa'aanamaan nihorti/ilmee baay'atti jedhamee waan amanamuuf Duree yookaan Dureettii moggaasaniif. Dhiira yoo ta'e ammoo, loon baay'ee horata jedhamee waan amanamuuf Dursaafaa moggaasuuf. Haata'umalee, name ayyana kana dhalate duroomuyyuu, obbolaan isaa isa dura akka du'anitti ilaalama waan ta'eef hantuu akkasii faloon qolatan.

#### 4.2.1.26 Dullattii

Dullattiin maqaa ayyaana 26ffaatiif moggaafame. Jechi Dullattii jedhu, jecha Dulluma jedhurraa dhufe. Dullattii ta'uun namaaf akka korniyaa dhalaatti kan ilaalamu osoo hintaane, maqaa milkiiti. Milkiitu akka korniyaa dhalaatti ilaalama. Akka ayyaanaatti garuu ayyana jaarsaa jaartiiti. Maatiin nama guddaa/yuubaa yoo name guddaan /yuubi du'e ardaa dhaalaa yookiin awwaala qaliisa hinhafan. Duuti nama guddaa/ yuubaa akka hiree/milkii hoseetti kan ilaalamuudha.Sababni isaa maattii yuuba du'eef akka faaccii dansaatti waan ilaalamuuf. Kana jechuun maatiin yuuba du'eetillee, osoo danbooba addee hin gayin yookaan umrii yuubummaa kana osoo hindhaqqabin hindu'an jedhamee amanama. Kanarraa kan ka'e, yuubi/jaarsi ayyaana kana eebbifata. Ayyaanni kun jaarsaafi jaartiif faaya.

#### 4.2.1.27 Shalbaana bidirsaa

Moggaasni maqaa ayyaana 27ffaa Shalbaana bidirsaa jedhama. Shalbaanni hiika rimee lama: rukkisaafi marqama jedhan qaba. Rukkisuun fiiguu dha.Fakkeenya, nama waan ta'e tokko duukaa fiigu ykn reebuutti jirutti osoo waa himanii sirriitti qalbeeffachuu dhiisuu danda'a. Kanarraa kan ka'e, waan jedhame sana akka jedhametti raawwachuu dhabuusaa yeroo itti himan, “Yeroo sana shalbaana irra waanan tureef haalan hinqalbeeffanne” jedhee haalli itti deebisu nijiraata.Kanaaf, haala galumsa yookaan fayyadama akka fakkeenyaatti ibsame kanaan shalbaanni hiika rukkisa/fiigicha jedhu kan qabaatu ta'uun nihubatama. Haaluma wolfakkaatuun, shalbaanni hiika marqama yookiin wolitti makama jedhu qaba. Fakkeenya, Wanti ta'e gugatee fichaa xaafii keessa yoo seene, xaafiin sun shalbaane/marqame jedhama. Gama biroon ammo, bidirsi kinniisa diimaa dabbasicha qadiidaa baay'ee hidduun beekamu. Kinniisi kun fulaa hantuu gurraa funnaan hidda.akki itti hiddu hinbeekamu.kanaaf, osoo hinbeekiin fulaa kinniisi sun jiruun tasa yoo ba'an rifaatuun rukkisanii dheedhadhan.

Akka ayyaanaatti, shalbaanni badirsaa ayyaana Waataa-birraati.Waataan gosa ogummaa harkaafi tooftaa waraanaafi adamoon beekkamu, haxxiyyaadha. Akkasumas, shalbaanni bidirsaan ayyaana kinniisaati jedhama. Ayyaana kinniisaas ta'e, akka ayyaanaWaataa- birraatti ilaalamus kan inni bakka bu'u hunna qabeessa diina waraanuun injifannoo gonfatu.Kanarraa kan ka'e, namni ayyaana kana dhalate hunna qabeessa, eebbisee abaarus nidhaqqabsa jedhamee sodaatama.Kanaaf ayyaana kana akka hamaa ta'etti waan ilaalamuuf hinjaalatanu.

#### 4.2.1.28 Salbaana deettii

Akka himansa yuubqaalluutti, hiikni jecha/ayyaana Shalbaana jedhuu qofaatti kan olitti ibsameen tokkuma. Ayyaana kana kaani irraa kan adda taasisu, jecha itti maxxanee jiru, deettiidha. Kanaaf as keessatti maalummaa jecha itti maxxaneefi adda addummaa ayyaana isaati. Bu’uura kanaan, deettii jechuun midda/mirga yookiin abbaa injifannooti. Kana jechuun, nami lama woliin adamoo deemanii bineensa adamsan sana walduraa duubaan eeboo darbatanii yoo ijjeesan, deettiin/middi kan isa dura woraaneeti.kanarraa kan ka’e, Shalbaanni deettii rukkee middaati jedhama.

Gama biroon, shalbaanni deettiin akka ayyaanaatti yoo ilaalamu, ayyaana middaafi fuudhaa heerumaati jedhama. Kanarraa kan ka’e, guyyaa/ayyana kana yoo adamoo deemanillee middaan galan; yoo durra fuudhaaf kadhaa deemanillee milkaa’anii galu jedhamee waan amanamuuf adamoofi ta’e kadhaa fuudhaaf ayyaana kanatu filatama. Kanaaf, nami ayyaana kana dhalate carra-qabeessa, akka waan cufaan milkaa’uutti fudhatama. Ayyana duulaf illee filatamaa ta’e.

### 4.3 Hariiroo Moggaasa Maqaaa Ji’ootaafi Ayyaana Ji’ootaa

Akka ragaan himansa Yuubqaalluu Gujii abba Gammadaa Adulaa, Haaji Moonaa, aabba Kuraa Bariisoo, aabba Jaarsoo Bonayyaafi aabba Waaccuufaa waliin marii garee gaafa 06-07/08/2010 taasifameefi Jamjam&Dhadacha(2011) barreesse argisiisutti, ji’oonni woggaa kudha lama. Tokkoon tokkoon isaaniis haala qilleensaafi waktii irratti hundaa’un akkataa duraa duubaa isaaniitiin moggaasa argataniiru.Haala kanaan, akka mil’uu Gujiitti, ji’oonni woggaa: Hagaya, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaa, Qaamu, Badheessa, Bitdotteessa, Caansaa, Ella, Wocabajjiifi Adoolessa/Oriitoodha. Akka hedannaa ji’a Gujiitti, Ji’i jalqaba woggaa, kan woggaan haaraan itti jalqabu Hagaya yoo ta’u, ji’i woggaan tokko itti dhumu ammo, Adoolessa. Moggaasa ji’oottan woggaa Jamjam&Dhadacha(2011) barreessuun ibse irrattis dabalataan jiini dhuma woggaa, Adoolessi maqaa biraa Oriitoo jedhuun illee akka waamamuufi itti fayyadamaa jiran wayita qorannoo kanaa abbaan qaalluu Aabba Mokkonnaa Nagawoo dabalataan inbsaniiru. Bu’uurri hedannaa ji’aa inni guddaan haala qilleensaafi waktii ta’ee, ce’umsi ji’i tokko gara ji’a itti aaniitti taasisuuf ammoo, murteessaan ayyaanota ji’a tokko keessatti duraa duubaan argamani.

Akkuma olitti ibsamaa ture, akka hedannaa ayyaana/guyyaa Gujiitti, ji’oonni afur ayyaanota digdamii torba yoo qabaatan; ji’oonni saddeet ammoo, ayyaanota/guyyota digdamii saddeet

qabaatu. Madaala ayyaanota ji'ootaa eeguufi lakkoofsaaf akka toluuf ayyaanota/guyyoota saddeettan ayyaanni/guyyaan 28tiitti, lama dabaluu argisiisuuf ayyaanota 1ffaafi 2ffaa irra deebi'uun akka ayyaana/ guyyaa 29ffaafi 30ffaatti lakkaawama. Haaluma wolfakkaatuun, ji'oottan arfan ayyaanonni/guyyoonni 27 itti ta'aniiti ammoo, guyyoota sadi dabaluun erga ayyaanota 27n jalqabaa hanaga dhumaatti lakkaa'anii booda, ayyaanota 1ffaa hanaga 3ffaatti jiran: 28ffaa, 29ffaafi 30ffaa jechuun hedanii madaala ji'oonni cuftuu guyyoota 30 akka qabaatan tolchuu ittiin eeggatu. Sababni ji'oottan arfan: Arraasaa, Badheessa, Caansaafi Adoolessaa keessa ayyaanonni 27 itti ta'aniif, jittan kanniinitti Bitaan lama qofa: Bita qaraafi Bita eegee waan ta'eef. Kanas, gabatee haala Gujiin guyyaafi ji'a tartiibessee ittiin lakkaawu ibsuuf qoratichi odeeffannoo yuubqaalluu ibsamanirraa argatetti gargaaramuun gabatee Jamjam&Dhadacha (2011:337) qopheessuun fooyyesee miiltoo keessatti ibse irraa hubachuun nidanda'ama.

Gamabiraanis, ji'oottaniin wolqabatee haala Gujiin ce'umsa jiini tokko gara ji'a itti aanutti taasisu ibsuuf gargaaramu; akkasumas, hariiroo moggaasa maqaa ji'ootaafi ayyaana ji'ootaa haala woliigala ji'oottanii gidduu jiru hubachuuf yaalii qoratichi taasisen odeeffannoo argame irratti hundaa'uun ji'oottan 12n wolduraa duubaan akkaataa armaan gadiitiin ibsuun danda'ameera.

1. **Hagaya**

Hagayyi ji'a jalqaba woggaati. Seensa ji'a kanaas jijjiirama irra dachee sababa jijjiirama qilleensaan dhufu giddugaleefachuun salphumatti beekuun akka danda'amuufi baramaa dhufe himu. Haala kanaan, Hagayi seenuu kan ittiin himaniifi beekan keessaa tokko, Miirtuudha. Miirtuun marra adii daraaraa qaddu, kan yeroo seensa ji'a kanaatti biqiltu ta'ee, kinniisi daraaraa isaa kan dammeessitu. Kanarraa kan ka'e, seensa ji'a kanaa, "Miirtuun baate; Hagayi seene" jedhu. Marri miirtuu jedhamtu ba'uun/biqiluun akka seensa jii'a kanaatti ilaalama. Darbees, akka ibsa yuubqaalluutti, "Hagayi nagaya. Hagayi ji'a nageellicha. Ji'a quufa malee beelli namaa sa'aa hinjirre," jechuun badhaadhina ji'aa himu. Maqaan isaas 'nagaya' kan jedhu irraa dhufuu akka hin oolle kaasu. Kanarraa kan hubatamu, moggaasni ji'a kanaa haala taatee woliigala ji'a kana keesstti ta'u ibsuudhaan wolqabatee yoo ilaalamu hariiroo cimaa kan qabaatu ta'uutu hubatama.Taateewwan ji'a kana keessatti ta'an namaafi jireenya namaan kanneen wolqabataniif

mijataa ta'uu isaa irraa kan ka'e akka jalqaba ji'a bara haaraatti fudhatamuun nageellummaa moggaasa ji'a kanaa mul'isa.

2. **Birraa**

Birraan ji'a 2ffaa ji'oottan woggaati. MoggaasniBirraa jedhus ifaafi qulqullummaa samii bu'uura kan taasifate. Kan samiin duumessaafi roobaa hamaa irraa caalaatti bilisa ta'uun qulqulloofteefi ji'aa urjiin iftee, dachiin qilleensa hose itti horattuufi jireenya sa'aa namaaf mijataa itti ta'eedha. Akkasumas, birraan ji'a urjiin caalaatti birrattee/baay'attee itti mul'attu waan ta'eef, akka ji'a dhaha dhahuuf qaalluuf/ayyaantuuf mijataa ta'eetti fudhatamuudha. Kanaaf, ji'a kanatti samiin qulqullaa'ee Urjiin buusan(torbii buusaa waaqaa), Bakkalchiifi Ji'i/addeessi hariiroon isaan waliin uuman ayyaantotaan qe'ee qaalluutti ilaalameefi saganteeffamee jiruufi jireenyi Gujii ittiin qajeeluufi too'atamu ta'ee ilaalama.Moggaasni ji'a kanaas, dhaha dhahuu keessatti kanneen murteessoo ta'an keessaa tokko kan ta'e torbii buusaa waaqaa, urjiileen buusaan jedhaman wolitti chim jedhanii yookiin birratanii/wolitti dhiyaataniifi baay'anii argamuu irraa kan ka'e kenname jedhama.Bu'uura kanaan, Birraan chimchima ykn waan wolitti baaya'ate ta'uu kan ibsu jecha birrii jedhu irraa kan argame akka ta'etu ibsama.

Ibsa yuubqaalluu kanarraa ka'uun, hariiroo moggaasaafi haala woliigala ji'a kanaa heeruun nidandaa'ama.Haala kanaan, Birraan ifa baayinaan dabaalamee kallattiin dhahaafi kanneen dhaha dhahuu keessatti murteessoo ta'aniin kan wolqabatu; moggaasa ji'a kana ibsu ta'uusaa ayyaantuun /qaalluun Gujii ji'a kana keessa irra caalaatti woggaatti bara kan itti hedan ta'uunsaa hariiroo cimaa akka qabu hubachiisa.

3. **Onkoleessa**

Onkoleessi ji'oottan woggaa kudhalamaan keessaa 3ffaafi waktii bonaa keessatti kan argamu. Akkuma ji'oottan olitti ibsamanii, maalummaafi moggaasni ji'a kanaaf kenname, haalota/ taateewwan ji'a kana keessatti ji'icha eegachuun woggaa woggaan raawwataman bu'uura taasifachuu isaati. Haala kanaan, gochi ji'a kana raawwatamuu eegaluu isaatiin Onkoleessi seenuu isaa argisiisu keessaa inni ijoon gocha boombiin raawwatamu. Seensa ji'a kanaatti, boombiin baay'inaan muka quuti/urti. Ji'a kanas Ji'a boombii jechuun waaman. Boombiin muka qu'ame keessatti damma dammeessiti. Kanarraa kan ka'e, ayyaantonni muka boombiin quute/urte ilaalanii onkoleessi seenuu himu. Moggaasni ji'a onkoleessa jedhuus boolla mukaa boombiin quutee/urtee damma keessatti dammeessitu kanarraa akka dhufe addeessu.Akkasumas,

yeroo tokko tokko haalli haasaa waliin taasisaniifi ittiin wolgorsan keessatti “nami sitti hinfayyadamin” jechuuf, “Onkoleessaa mukaa hinta’in!” woliin jedhan akka jiru ibsan.

Kanarraa wanti hubatamu, haalli taateewwan irra deddeebi’amee woggaa woggaan ji’a sana keessatti raawwataman irraa ka’uun ji’a kanaaf moggaasni itti kenname hidhata cimaa qabaachuu isaati.Kunis, gochi muka qu’uu boombii ka’umsa taasichuun haasaa keessa akka jechamaatti, Onkoleessa mukaa hinta’in jechuun kan fayyadaman irraa caalaatti hubatama. Kanaaf, haalli ayyaantuun Gujii Onkoleessaaf moggaasa itti kenneefi haasaa guyyuu keessatti itti fayyadamu, namoota sadarkaa hunda irra jiraniif salphaatti akka hubatamuufi akka hindagatamne kan taasisu waan ta’eef, hariiroo cimaa qaba jechuu nidanda’ama.

4. **Sadaasa**

Sadaasni ji’oottan 12n heeraman keessaa ji’a 4ffaa waktii bonaa keessatti ramadamu. Amalli ji’a kanaas yoo ibsamu, “Sadaasaa ilmeen haadha diddee, qodaan qubee dide” jedhu. Qubeen qadaada qodaati. Qodaan qubee diddeen akkamalee waan goguuf irraa bu’a jechuu barbaadameeti. Ilmeen haadha didde ammoo, jabbiin waan keessaa fuutu dhadduuf haadha hodhuu didde, jechuudha. Darbees, “Ji’i sadaasa waan ta’eef latti bone hinbaqaqaa, ala hinba’inaafaa” jedhama. Ji’i kun obombolettii hamaa mana diiguun kan beekkamu waan ta’eef, abiddi ji’a kana qabatellee dhaamsuun rakkisaadha. Dafee babal’ata waan ta’eef dhaansuun hindanda’amu. Kanarraa kan ka’e, ibidda hamaa ji’a biroo keessa ka’eefi dhaamsuun rakkisaa ta’een, “Ibidda sadaasaa ta’e” jedhu. Ji’a kana jila hinjilatan.

5. **Arraasaa**

Arraasaan moggaasa ji’oottan 12n keessaa ji’a 5ffaaf kenname. Akkuma ji’oottan boroo, taateewwan ji’a kanatti woggaa marsuun ta’aniifi adda ta’an irraa ka’uun ji’i kun moggaasa akka argatetu himama. Taateewwan ji’a kanatti ta’aniifi ji’a kana ittiin beekan keessaa inni ijoofi moggaasa ji’a kanaaf sababa ta’e marra ykn biqiltuu ilillaa’u. Ilillii guttiyyaan diimatuufi yoo roobi diqqoo roobu ji’a kana keessa qofa ba’u, kan Arraasaa jedhamuun beekkamu. Moggaasni ji’a kanaas, maqaa ilillii kana irraa fudhatame jedhama. Kanaaf, diqqoo roobee ililliin Arraasaa jedhamu kun baanaan ji’i arraasaa kan seene ta’uusaa beekuun, ji’a qonna itti eegalaniifi inni goodaanes ollaatti deebi’u ta’ee fudhatama.

Kana irraa wanti hubatamu, ji’I arraasaa jedhamu moggaasa isaa ilillii Arraasaa jedhamuufi ji’a kana keessa qofa biqiltu irraa kan argateefi taatee ji’a kana ibsu woliin hariiroo kallattii qabaachuu isaati. Haata’umalee, Arraasaan akkaataa haala qilleensaafi lakkoofsa idilaawaa oromiyaatti ji’oottan woggaa 12n keessaa ji’a 9ffaa Arfaasaa jedhamuun beekkamu akka ta’e beekamaadha. Kanaaf, tartiibni ji’a kanaa 5ffaa ta’uun akkuma ji’oottan biroo qoranicha keessatti ibsamanii haala jijjiirama qilleensaa naannichatti argamu irraa akka ta’e hubachuun barbaachisaadha.

**6. Qaamu**

Qaamuun ji’a 6ffaadha. Ji’i kun ji’oottan waktii bonaa keessaa kan dhumaati. Moggaasni ji’a kanaaf kennames amala ji’i kun qabu irraa ka’eeti. Ji’i kun ji’oottan waktii bonaa keessaa isa hamaafi ji’a sa’aa namaa hintolle, kan loon caalaatti itti beela’anifi aalatanii itti kufan ta’uun beekkama. Qaamuun ji’a latti dhodhootu, bubbee hamaa kan qabuufi ji’a afaan nama gogu. Haala amala ji’a kanaafi dhiibbaa inni nama irratti qabu ibsuufis,“Oola, ebelu qaamuun itti bariite, daalacha bulee ba’ee fakkaate” jedhu nama daalachaa’een. Kana irraa kan ka’e, qaamuun ji’a golgoleessa jedhu.Maqaan isaas yaadrimee golgola, hongee jedhu qabaata.

Bu’uura kanaan, Qaamuun akka hedannaa ji’a Gujiifi haala qilleensa naannichaatti, ji’a bonaa hamaa tartiibaan 6ffaa irratti argamu, sa’aa namaa kan hintolleefi golgoleessaadha.Moggaasni ji’a kanaaf kennames, jireenya hantuu sa’aa nama ji’a kana keessa qunnamu irraa ka’uun kennames hariiroo cimaa qabaachuu isaa mul’isa.

**7. Badheessa**

Badheessi ji’a 7ffaadha. Jii’i kun ji’oota roobaa ykn gannaa keessaa kan jalqabaati. Mullistoota seensa ji’a kanaa keessaa tokko samiin duumeessaa’uun roobni eegaluudha. Kannaan walqabatees, midhaan facaasu. Loon aalatan Xaruu/marra latte dheedanii kan itti mirganiifi gabbatan ji’a misaati jedhama.Kanarraa kan ka’e, ‘Badheessa waaree gannaa’ jedhuun. Ji’i kun kan loon barraaqa bayaniifi jabbileen hojja waarsanii waaree galchuun itti eelman waan ta’eef, ji’a sa’aa namaaf quufaati.Badheessa jechuunis quufaafi badhaadhina akka ta’etti himama.

Odeeffannoo kana bu’uureffachuunis, xiyyeeffannoo qoranoo kanaa kan ta’e hariiroo moggaasa ji’a kanaafi waan inni bakka bu’e gidduu jira irra dhaqqabuun danda’ameera.Haala kanaan, Badheessi badhaadhina, misa, quufa jechuudha. Kan bakka bu’es ji’a sa’aa namni bona hamaa

keessaa gara ji’a jiidhaafi quufa qabuutti darran waan ta’eef hariiroon moggaasa kennameef waliin qabu cimaadha.

**8. Bitdotteessa/Gurraan dhala**

Bitdotteessi ji’oottan 12n keessaa 8ffaafi waktii gannaa keessatti kan ramadamu.Amalaafi taatee ji’i kun ittiin beekamuu irraas moggaasa akka argate himan. Haala kanaan, ji’a kana rooba cimaatu rooba.Rooba hamaa/cimaa yeroo dheeraaf roobu kanarraa kan ka’e halkan baay’ee dukkanaa’a. Kanarraa kan ka’e waa takka hindhaggan waan ta’eef halkan gadi ba’uun rakkisaadha. Cillima/dukkana hamaa ta’uu ibsuufis, “Roobi lafa dotteessee/ gurraachessee, waan diimatu hindhaggan” jedhu. Dukkanni hamaan waan toluuf hinqabu waan ta’eef, biti/hantuun kamiyyuu akka sa’aa nama hinqunnamneef horii qalanii eebbifatan yookiin bita baafatan/falatan. Ka’umsa moggaasa ji’a kanaa yoo ibsan, Bitdotteessi jechoota lama: bita fi dotteessa kanneen jedhurraa ijaarame jedhu. Biti akkuma ayyaanota keessatti ibsame waan tolu kan hinqanne, falfala, hammina jechuu yoo ta’u;dotteessi ammoo, dukkana limixii yookaan baay’ee gurraacha jechuudha. Amala ji’I kun ittiin beekamu keessaa kan biroo, loon booruu bitdotteessa akka unan taasisuudha. Sababni, loon booruu ji’a kanaa yoo obaasan nigabbisa jedhamee waan amanamuuf.

Haaluma walfakkaatuun, Bitdotteessi Gurraan dhala jechuuni akka beekamu himu.Moggaasa kanas kan argate, halkan roobni roobuu gurraan dhagayuu malee ilaan lafa dhagguu dhabuu irraa kan ka’e akka ta’e himan.Mirkana yaada kanaa, “Gurraan dhala duultee gurra ofirraa hinbaasin, ” jedhanii mammaaku. Kana jechuun dukkana diina alaalatti dhagguun rakkisu keessa duuluun, injifatamuudha jechuudha.

Himansa taatee ji’a kanaa irraa ka’uun, moggaasni Bitdotteessa yookiin Gurraan dhala jechuun ji’a kanaaf kenname, haalota ta’aniifi hiikkoo itti kennan woliin yoo ilaalmu hariiroo cimaa qabaachuutu hubatama. Gama biroon, Guraan dhalli akka lakkoofsa ji’aa naannoon oromiyaa itti fayyadamaa jirtuutti, yaadrimeen moggaasa isaa kam akka ta’e qoratichaa ifa ta’uu baatus ji’a 6ffaa ta’uun beekamaadha. Kanaaf, Gurraan dhalli qorannoo kana keessatti ji’a 8ffaafi moggaasa biroo Bitdotteessa jedhu kan bakka bu’ee dhiyaate ta’uun beekamuu qaba.

## 9. Caansaa

Caansaan ji'oottan woggaa 12n keessaa ji'a 9ffaadha. Moggaasa Caansaa jedhus roobni ji'a Bitdotteessaa keessa akka malee roobaa ture ji'a kanatti caamaa dhufuu isaarraa kan ka'e akka ta'e himan. Ji'a kanatti roobni kan caamu, waan duudi kan itti bilchaatuufi akka barbaadanitti wolkeessa deemuun kan wolgaafatan, itti jilataniifi eebbifatan ta'ee beekama. Bu'uura kanaan, Caansaa Caamsaa kan jedhuun hiikaa wolfakkaataa roobni roobuu dhiisuu jedhu qabaachuutu hubatama.Haata'umalee, Caansaan akka carraa ta'ee ji'a erga ji'oonni idileeffamanii akka naannootti 9ffaan beekamu, Caamsaan tokko. Ta'uyyuu, taateen roobaan wolqabatuufi ji'oota kanniin keessatti raawwatamaniin adda addummaa qabaachuun hubatamuu qaba. Kunis, ji'a Caamsaa akka naannootti beekamu keessatti ganni seenuuf, midhaan faca'uuf kan itti qophaa'amu yoo ta'u; akka hedannaa Gujiitti ammoo, ganni ba'uuf, midhaan faca'e asheetee nyaataaf kan itti ga'u akka ta'etti beekamuu isaati.

## 10. Ella

Elli ji'a 10ffaa ji'oottan woggaati. Moggaasni ji'a kanaas akkuma ji'oottan kaanii taateewwan ji'a kana keessatti raawwachuun beekkama. Kunis, roobi caansaa keessa caame gara soorrootti/tiifuutti geeddaramu isaa irraa kan ka'e, boojjii hamaatu bu'a. Hammeenya boojjii kanaas yoo himan, "Elli nama baasisaa hinjirtu; Ella simbirreen illeen mukarratti hollatti" jechuun ji'a kana keessa baay'ee kan qorru ta'uu himuun "Boojjii hantuu santu Ella" jedhan. Kanaaf, Elli moggaasa kan argate jechoota hiikaa wolfakkaataa qaban: boojji, dhaamochaafi qorrafaa jedhaman bakka bu'u qabaata.Himansa kana irraas, moggaasa ji'a Ella jedhuuf kennameefi taatee ji'a kanaaf bakka bu'e gidduu hariiroo cimaan jiraachuutu hubatama.

## 11. Wocabajjii

Wocabajjiin ji'oottan 12n Gujiin lakkaayatu keessaa 11ffaadha. Taateewwan akka galiisa ji'a kanaatti ilaalaman keessaa tokko soorroon ji'a Ellaa dhaabbachuufi wocuu simbira bajjii jedhaniiti. Simbirreen muki qilxuu ji'a kana midhaan naqatu/ija godhatu nyaattee quuttee/quuftee wocci. Moggasni ji'a kanaas, simbirreefi woca/sagalee isaan baay'inaan dhageessisan irraa kan kennameef ta'uutu hubatama. Sochii waan cufaafuu mijataa ta'uu isaa irraa kan ka'es akka Ji'a miilootti ilaalama. Miiloon dhaala obboleessi obboleessa dhaalu. Ji'a kana miilloo kennanii, ji'a Adoolessa qalatanii badaafatu/eebbifatu jedhama. Kana jechuun ji'a kana /Wocabajjii miiloo fudhatanii galuun Adoolessa qalatu/eebbifatu jechuudha.

**12. Adoolessa**

Adoolessi ji'oottan woggaa keessaa kan dhumaati/ 12ffaadha. Kan ittiin beekkamus ji'oottan jilaa keessaa olaanaafi caalaatti filatamaa ta'uusaatiin ji'a eebbaa jedhamuuni. Ji'a quufaa waan ta'eef, jila kamiyyuu raawwachuuf filatamaadha. Fuudhiif heerumni, Maqbaasni, Baallii kennuufi fudhachuun, miiloo badaafachuu/eebbifachuufi kkftu itti raawwatu.

Wolummaagalatti, haala olitti ibsame kanaan moggaasni ji'ootaaf kennameefi hariiroon taatee ji'oottan kanniin keessatti raawatan waliin qaban cimaa ta'uufi hedannaa ji'aa Gujii haala qilleensaafi jiruuf jireenya isaa waliin qabu giddugaleeffachuun kalaqe ta'uun hubatamuu qaba. Kanaan woqabatee, hedannaan ji'aa kutaalee oromiyaa adda addaafi akka biyyoolessaatti jiru kan Gujiin wolbira qabamee yoo ilaalamu tartiibniifi moggaasni isaanii addummaa qabaachuutu hubatama.

## 4.4. Hariiroo Moggaasa Maqaa Tibbaafi Ayyaana Tibbaa

Akka ragaan himansa Yuubqaalluu Gujii aabba Mokkonnaa, Kuraa, Jaarsoofi Waaccuufaa waliin marii garee gaafa 16/10/2010 taasifameefi Jamjam&Dhaddacha (2011:326) ibse mul'isutti, waktiileen Gujii afur. Isaanis: Hagaya Bona, Gannaafi Adoolessa jedhamu. Waktiilee kanniinis ji'oota ifjalatti hammatan woliin yoo ibsan waktiilee arfan keessaa lama (Hagayifi Adoolessi) ji'oota lama lama; waktiileen lameen hafan(Bonniifi Ganni) ammoo, ji'oota afur afur ifjalatti hammatu.Haala kanaan, waktiileefi ji'oota isaan ifjalatti hammatan:

1. Hagaya: Hagayaafi  Birraa,
2. Bona:Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaafi Qaamuu,
3. Ganna: Badheessa, Bitdotteessa, Caansaafi Ella,
4. Adoolessa: Wocabajjiifi Adoolessa akka ta'antu ibsama.

Bu'uura kanaan, akka hedannaafi haala qilleensaa godinichaatti, bonniifi ganni hagayaafi Adoolessarra dachaan kan dheeratan ta'u. Kunimmoo, waktiilee akka naannootti (Oromiyaa) gargaaramaa jirruun wolbira yoo ilaalaman tartiibaafi hanaga ji'oota ifjalatti hammataniitiin garaagarummaa qabaachuusaa hubachuun nidanda'ama. Baayinni ji'oota waktiilee jalatti ramadamanii kan (Birraa, Bona, Arfaasaafi Ganna)

## 4.5. Gadaa

Akka ragaan himansa Yuubqaalluu Gujii aabba Mokkonnaa, Kuraa, Jaarsoofi Waaccuufaa waliin marii garee gaafa 16/10/2010 taasifame hubachiisuutti, Gadaan sirna ittiin bulmmaataa qindaa'aa ta'e ifkeessaatti qabaatuyyuu akka dhahaatti ilaalama. Sababni, 1ffaa, Gadaa keessatti gannaafi ga'ee dhalli Oromoo (Gujii) jireenya isaa keessatti qabaachuu malutu akkuma ganna isaaniitti ibsama waan ta'eef. Haala kanaan, qoodamni ganna/umrii isaanii: Dabballee 1 8, Qarree duraa 9-16, Qarree duubaa 17-24, Kuusaa 25-28, Raaba 29-36, Doorii 37-40, Gadaa 41-48, Baatuu 49-56, Yuuba 57-64, Yuuba guddaa 65-72, Jaarsa guduruu 73-80, Jaarsa qululluu 81-88, Jaarsa raqeeya 89-96, Ginya 97- du'aati Jamjam& Dhaddacha (2011:105/6). Kunimmoo, hangi bulchiinsa nama gadaa hogganuu turtii woggaatiin kan murtaa'u( woggaa 8) ta'uu isaa mul'isa.

Kanaaf, bara himuu keesstti, ji'aa olitti kan lakkaawamu woggaadha. Kanammoo, Oromoon(Gujiin) woggaa saddeet yoo ta'e walitti gadaa tokko jechuun akka woggaa haaraatti lakkaawwata, kabajatas. Gadaan miseensa gadaa/gogeessaa gadaa yookiin fincaan shan qaba. Isaanis akka hedannaa Gujiitti, Muudana, Halchisa, Dhallana, Harmuufaafi Roobaleedha. Fincaan shanan kunneen marsaa gadaatis nijedhamu. Haala kanaan, barri gadaa haaraan fincaan shananiin hanga woggaa afurtamaatti deemuun marsee fincaan jalqabaatti deebi'a(8x5=40). Barri gadaa haarawis Gadaa Muudana, Gadaa Halchisa, Gadaa Dhallana, Gadaa Harmuufaafi Gadaa Roobalee jedhamee beekkama, kabajamas. Kuni immoo, akkuma dhaha duudhawaa biyyi Chaayinaa woggoota jaatama bineeldotaan moggaastee bara haarawaa amma keessa jirtu bara 'Bara Saree' www.britishcouncil.org/schoolsonline, "According to the Chinese Lunar Calendar, we enter the Year of the Dog on February 16th 2018," jechuun woggaan kabajattuufi sirna barnootaa keessatti hammachiisuun daa'immani itt iinbarsiisaa jirtu; Oromoon(Gujiin) ammoo, fincaan gadaan woggaa saddeet saddeetiin kan hanga woggaa afurtamaatti deemee of duuba deebi'uun fincaan qaraatitti woggaa saddet daraa deemu qaba jechuudha. Qaabata gadaas, haalli gadaa ebeluu jechuun abbaa gadaa Gujii kan jalqabaatii(Jaajee Gobbaa 1424-1431) hanga isa ammaatti(Jiloo Maandhoo 2008-2010)qomaan himan irraa hubachuun nidanda'ama. Haala kanaan, Sirni gadaa Gujii erga jalqabee (2010-1424=586) akka ta'e ragaa himansa yuubqaalluu qorannoo kanaan ibsame irraa hubachuun nidanda'ama.

## 4.6. Sadarkaa Dhahi Gujii Irra Jiru

Akka ragaan himansa marii Yuubqaalluu Gujii aabba Qerqoofi Mi'eessaa woliin gaafa 10/09/2010; akkasumas, aabba Mokkonnaa, Kuraa, Jaarsoofi Waaccuufaa waliin gaafa 16/10/2010 gaggeefame mudhisutti, jalqabbiin dhaha Gujii uumama/argama qaalluutiin wolqabata. Dhufaatii qaalluus afseenaan kan himan ta'ee jalqabaa hanga ammaatti Qaalluu jiru tarreessuun himu.Haala afseenaa uumama/jalqaba qaalluu Gujii kanaan,

> *"Qaalluun wayyuu wayyummaan dur Adoolaa Woyyuu Malkaa Kallachaa cinaa bakka Rossoo jedhamutti akkuma Gujiin gosoota sadi: Uraagaa, Maattiifi Hookkuutti ba'ee haganaa isaanii qofaatti baqaffataniin nagaasaanii eeguufi jiruuf jireenya Gujii cufa akka qajeelchuuf waaqni ruufaan maree buuse jedhama. Akka afseena kanaatti, yoo kana nama lamat dhagge:Galalchaafi Heeraadha. Galalchi, "An ruufa argadhe" jedhe. Ruufni waan akka uffataa qaalluun ittiin maramee bu'e. Heeraan ammoo, "Kanruufa keessaa dhaggadhe" jedhe. Kanarraa kan ka'e, waan ruufa keessaa ilaaluuf, Dhipheessa Heeraa Gobiyyaa itti yaaman. Innis, ila takka dunuunfatee miila tokkicha olcaffatee ruufa kaan baqasse. Yoo baqassu nama akka daa'imaa fuula diqqaatutu keessa jira. Dubbisnaan dubbachuu dide. Dhurraa durra Galalchaa itti geessinaan seeqqate jedhama.Kan booda,Galalchi ruufa, Heeraan mucaa kaan fudhate. Haata'u malee, nama ruufa baqasse sanaaf rakkoo ta'e. Ilti dunuunfate ballaa, miilli caffates asumatti naafatee hafe. Ergsaniis Gujiin, "Akaakuu ilti takka ballaa, miilli takka naafa" jedhee mammaaka"* jedhama.

Haaluma kanaan, akka himamsa afaaniifi Jamjam&Dhaddacha (2011:312)ibsaniitti, yeroo sanatti Booranni, Gujii, Arsiifi Sidaamaa gidduu walitti bu'iinsi waan tureef nageenya woyyuu waaqaa ergamee(qaalluu) eeguuf jecha gara ardaa Halloo Mokonnaa/Alaadduu amma Gujii Lixaa Aanaa Abbayaatti akka ergame ibsama. Akka himansa yuubqaalluu kanniiniitti, qaalluun tokko qaalluu ta'ee kan tajaajilu hanga du'aan boqotutti ta'ee, erga saniis hanga ammaatti, Qaalluu jalqabaatii hanga qaalluu ammaa (16ffaa)tti galma ijaarrachuun achumatti horee, haala jiruufi jireenya Gujii cufa qajeelchaafi sirna bulchiinsa Gujii hogganaa jiraachuutu ibsame.

Kana jechuun qaalluun Gujii akkuma dur qaallummaa isaa eegee hidhata sirna gadaa woliin qabu eegee guutumaa guutuutti tajaajila hawaasichaaf akka seera qaalluutti kennaa jira jechuu miti.Qabanni, akka ragaan abbaa qaalluu umrii 100 lakkoofsiseefi gorsaa qaalluu ammaatti ta'e aabba Mokkonnaafi yuubotaa Gadaa Kuraa, Jaarsoofi Waaccuufaa irraa argame inbsutti, qaalluun abbaa gadaa muuda. Abbaan gadaas qondaaltota isaa woliin qaalluu irraa muuda fudhatee aangoo guutuun ummata tajaajila. Haata'umalee, abbootiin gadaa, gadaa afurii as jiran qaalluudhaan hinmuudamne yookiin qumbii hinyaanne. Sababa, abbootiin gadaa qe'ee qaalluutti

dhufanii akka dur qaalluu irraa muudama hinfudhannes kan hinbeekamneefi abbootiin qaalluun qumbii hinyaatin kunneenis, akka kinniisa ilkee hinqabneetti kan ilaalaman ta'uu ibsan.

Bu'uura himansa olii kanaan, gadaan arfan abbootiin gadaa qaalluu irraa osoo muudama hinfudhatin yookiin qumbii hinyaatiniifi abbaan gadummaa isaanii qaalluun hinmirkanaa'in duudhaa darbaa dabarsaan dhufe dhiisan:

- Abbaa gadaa Godaanaa Kataa, fincaan Halchisa bara 1984 1991
- Abbaa gadaa Aagaa Xenxenoo fincaan Muudana bara 1992 hanga 1999
- Abbaa gadaa Waaqoo Duubee fincaan Dhallana bara 2000 hanga 2007fi
- Abbaa gadaa Jiloo Maandhoo fincaan Harmuufa bara 2008 hanga 2015 (kan Baallii harkaa qabu)ti.

Kana jechuun erga hariiroon abbootii gadaafi qaalluu Gujii addaan cite woggaa 26ffaa(2010-1984=26) keessa jira jechuudha.Kun immoo dhufaatii sirna bulchiinsa biyyoolessaa, dhaaba biyya bulchaa jiruufi ga'ee abbootiin gadaa akka woliigalaatti sirnicha keessatti ba'aa turaniifi jiraniinis wolqabatee ilaalamuu akka hinoolletti nitilmaamama.

Gama biroon, akka himansa yuubqaalluu kanniiniitti, hariiroon qaalluufi abbootii gadaa cituun dhaha irrattis dhiibbaa guddaa dhaqqabsiisuutu hubatame. Kunis, sirni abbootiin gadaafi qaalluun woliin ta'uun yuubota hirmaachisuun ayyaana itti lakkaa'an ergasanaa akka dhaabbateefi dhimmoota adda addaa raawwatamaa jiruuf qomuma irraa ayyaana himaa kan as ga'e ta'uutu ibsame. Kanaaf, qoratichis, sirni hedannaa dhahaa wolitti dhufeenya abbootii gadaafi qaalluu woliin woggaa dheeraaf gaggeeffamaa dhufes dimmoota ibsamaniin kan wolqabate ta'uu waan hubateef, qaamni dhimmi ilaalu hariiroo addaan cite kana cimsee beekumsi ganamaa qaaliifi aslii ta'e kun labata dhufutti akka ce'u abdateeti.

## 4.7 Ga'ee Dhahi Gujii Jiruuf Jireenya Gujii Keessatti Qabu

Akka ragaan himansa marii Yuubqaalluu Gujii aabba Qerqoofi Mi'eessaa woliin gaafa 10/09/2010; akkasumas, aabba Mokkonnaa, Kuraa, Jaarsoofi Waaccuufaa waliin gaafa 16/10/2010 gaggeefame mudhisutti, Gujiin jiruufi jireenya isaa dhuunfaanis ta'e gareen kan gaggeeffatu ayyaana dhahaa irratti hundaa'eeti. Kanarraa kan ka'e, Gujiin sirnoota akka: fuudhaa heerumaa, duulaafi adamoo, baallii kenniisa, godaansaafi qussumaa, dhaala miiloo, booyaafi eebbaafi kkf ayyaana keessa raawwatan qabu. Haala himansa isaanii kanaan akkuma guyyoonni

qofaatti milkii qabaniin filataman, ji'oonnis milkii qabaniin filatamnii sirnoonni adda addaa guyyootaafi ji'oota filataman sunniin qofa haalli itti gaggeefaman jiraachuutu hubatama.Akka mil'uu Gujiitti, ji'ootaafi ayyaana akka woliigalaatti woggaa keessatti jilli keessa gaggeefamu ilaaluun nidanda'ama. Fakkeenya, ji'a Adoolessa Fuudhiif heerumni, Maqbaasni, Baallii kennuufi fudhachuun, miiloo badaafachuu/eebbifachuufi kkftu itti raawwatu.Kanumaan wolqabatee, Jamajam& Dhadach(2011:325) guyyoota akka hedannaa Gujiitti ulfina guddaa qabaniifi woggaa keessatti jilli keessa gaggeefamu nijira. Areerii badhoo – Guyyaa Sirni Gadaan itti gaggeeffamu( Ji'a Arraasaa). Garba – guyyaa roobaa, akka ayyaana faalawa waaqaatti ilaalamu( ji'a Badheessa). Algaajima – Ayyaana yaa'aa(Ji'a Caansaa)fi Dullattii – Ayyana jaarsaa (Ji'a Adoolessaa) jechuun ibsee jira.

Kanaaf, Gujiin ayyaana dansaa hantuu ji'aafi guyyoottan keessa qunnaman dursee beekuun waan jiruuf jireenya keessa isaan qunnaman eebbaafi faloon qajeelchaafi hiikaa deema.Kunimmoo, dhalli namaa jiruufi jireenya isaa kan gaggeeffatu yeroon saganteeffatee akka ta'e mul'isawaan ta'eef, dhahi Gujii jiruuf jireenya Gujii qajeelchuu keessatti bakka guddaa kan qabuuta'uu hubachiisa.


### 2.9. Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Dhahaa Gujii

Akka ragaan odeeffannoo bilbilaan yuuba Jaarsoo Bonayyaa, Waaccuu Buudeefi barattoota godina Gujii Lixaa irraa dhufaniifi Afaan Oromoo digirii duraan Yuunvarsiitii Finfinneetti sagantaa gannaan barachaa jiran irraa gaafa 18/12/2010 argame ibsutti Dhahii Gujiifi moggaasni maqaa namaa Gujiin ilmaan isaaf moggaasu hariiroo qaba. Hariiroon moggaasa maqaa namaafi dhaha Gujii kanas karaa lamaan ilaalama. Tokko, hariiroo moggaasa maqaa namaafi dhahaa haala qoqqoodinsa yeroo Guyyaafi Halkanii tiin wolqabatu. Lama, hariiroo moggaasa maqaa namaafi dhaha Gujii ayyaana, ji'a, tibbaafi gadaan wolqabatani. Kanniinis, akkaataa duraa duuba ibsamaniin gaditti dhiyaatanii jiru.

#### 1.8.1 Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Dhahaa Haala Guyyaafi Halkanii Keessatti

Akka ragaan madden odeeffannoo ibsaman irraa argame mul'isutti hariiroon moggaasa maqaa ilmaan Gujii kan keessatti mul'atu keessaa tokko hedannaa qoqqoodinsa yeroo guyyaafi halkan keessatti mul'atu.Akkaataa qoqqoodamiinsa kanaatiin, guyyaan Boruu, Barii, Waareefi Orree(saafaa)tti; Halkan ammo, Galchuma, Galgala, Waariifi Halkan Gadhaati.Marsaan isaaniis

jalqaba guyyaa subiidhaa hanga guyyaan fi halkan marsanii subiitti deebi'anitti akkaataa gaditti kaa'ame kanaan ibsamee




***Fakkii 22 -  Marsaa qoqqoodinsa hedannaa yeroo gyyyaafi halkanii(Akkaataa dhiyyaannaa filannaa qorataani)***

Ibsa:

Boruu – Iyya lukkuu, simbirwocii, subii, barraaqa,yeroo boruun dayya'u, halkaniifi guyyaan wayita jalqaba wolfoo'u

Barii – Yeroo lafti/dukkanni ba'ee ifti sirriitti ifu, ganama

Waaree – Wayita loon elmamanii babba'an, bobbaa loonii


Orree – Saafa'a, guyyaa wadhakkaa

Galchuma – Wayita loon bobba'anii galan


Waarii (Galgala**)** – Wayita nami hojjataa oolee, tikseenis loon galchitee eegalee hanga hirbaata nyaatanii rafanitti jiru.

Halkan Gadhee – Halkan qixxee/wodhakkaa, dimma(yeroo sirriitti dukkanaa'u

Haala kanaan maqaaleen hedannaa qoqqoodinsa yeroo guyyaafi halkaniin wolqabatanii ilmaan Gujiif mogaafamanfi dhaha woliin hariiroo qaban keessaa muraasa heertoo ta'uu danda'an akka armaan gadiitti adda ba'uun kaa'amaniiru.




*Fakkii 23 - Maqaalee qoodamiinsa yeroo guyyaa irratti hundaa'uun namaaf moggaafaman*




***Fakkii 24 - Maqaalee qoodamiinsa yeroo halkanii irratti hundaa'uun namaaf moggaafaman***

### 1.8.2 Hariiroo Moggaasa Maqaa Namaafi Dhaha Gujii Ayyaana, Ji'a, Tibbaafi Gadaa Keessatti

Akka ragaan odeeffannoo bilbilaan yuuba Jaarsoo Bonayyaa, Waaccuu Buudeefi barattoota godina Gujii Lixaa irraa dhufaniifi Afaan Oromoo digirii duraan Yuunvarsiitii Finfinneetti sagantaa gannaan barachaa jiran irraa gaafa 18/12/2010 argame ibsutti Dhahi Gujii moggaasa

maqaa namaa woliin hariiroo qaba.Gujiin karaalee yookaan haallen ilmaan isaaniif maqaa itti moggaasan baay’ee keessaa tokko dhaha irratti hundaa’udhaani. Haallan dhaha irratti hundaa’uun maqaa akka moggaasan taasisan keessaa tokko ayyaana. Ayyaanni kaayoo yookaan milkii hoseefi hantuu guyyaan nami sun dhalate niqabaata jedhamee ilaalamuun kan moggaafamu. Kaayoon biroo ilaalamu kan ji’aafi tibbaan wolqabatu. Ji’iifi tibbi akkuma ayyaanotaa/ guyyootaa ayyaana yookaan kaayoo hoseefi hantuu qabu jedhamee waan amanamuuf. Haallan dhaha irratti hundaa’uun maqaan ilmaan Gujii itti mogga’u keessaa kan biraa, gadaadha. Gadaan sirna ittiin bulmaataa ayyaanota guyyaa, ji’aafi tibbaa hosee te’an keessa raawwatamu waan ta’eef dhimmoota gadaan wolqabatan giddu galeeffachuun nama yeroo sana dhaleef maqaan moggaafama.Maqaaleen dhaha irratti hundaa’uun Gujiin ilmaa isaaf moggaasuufi hariiroon dhaha woliin jiru keessaa kanneen akka fakkeenyaatti fudhataman muraasni gaditti dhiyaataniiru.

| Ayyaanaan | Ji'aan | Tibbaan | Gadaan |
|---|---|---|---|
| • Adulaa(Dh) | • Ji'oo(Dh) | • Bonisee(Du) | • Gadaa(Dh) |
| • Adulee(Du) | • Bakkalcha(Dh) | • Bonu(Du) | • Baallii(Dh) |
| • Areerii(Dh) | • Helloo(Du) | • Bokkeyoo(Du) | • Birmoo(Dh) |
| • Busaawaa(Dhi) | • Hellello(Dh) | • Roobaa(Dh) | • Roobalee(Dh) |
| • Golloo(Dh) | • Adoolaa(Dhi) | • Birraa(Dh) | • Qumbii(Dh) |
| • Dureettii(Du) | • Durrisa (Dh) | • Birre(Du) | • Jiloo(Dh) |
| • Deettii(Dh) | • Durroo(Du) | • Roodduu(Du) | |
| | • Goobanaa(Dh) | • Gannoo(Dh) | |

***Fakkii 25 – Maqaalee dhaha Gujii irratti hundaa’uun moggaafaman***

*(Qorataan kan galmaa’e)*

| JI'OOTTAN WOGGAA | Karaabicha | Gardaaduma | Busaawaa-qara | Busaawaa-jidduu | Busaawaa-eegee | Gidaadaa | Ruuda | Areerii-garbittii | Areerii-badhoo | Adulaa-qara | Adulaa-eegee | Harrattuu | Deettii | Garba | Bita-qara | Bita-jidduu | Bita-eegee | Soorsa | Algaajima | Arba | Bolla | Basaa-qara | Basaa-eegee | Carrawa | Dureettii | Dullattii | Shalbaana bidirsaa | Shalbaana deettii |
|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|---|
| Hagayya | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 |
| Birraa | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 |
| Onkoleessa | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 |
| Sadaasaa | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 |
| Arraasaa | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 1<br>28 | 2<br>29 | 3<br>30 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | x | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 |
| Qaamuu | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 |
| Badheessa | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 1<br>28 | 2<br>29 | 3<br>30 | 4 | 5 | x | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 |
| Bitdotteessa | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 |
| Caansaa | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 1<br>28 | x | 2<br>29 | 3<br>30 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 |
| Ella | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 | 10 | 11 |
| Woca | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | 24 | 25 | 26 | 27 | 28 | 1<br>29 | 2<br>30 | 3 | 4 | 5 | 6 | 7 | 8 | 9 |
| Adooles | 8 | 9 | 10 | 11 | 12 | 13 | 14 | 15 | 16 | 17 | 18 | 19 | 20 | 21 | 22 | 23 | x | 24 | 25 | 26 | 27 | 1<br>28 | 2<br>29 | 3<br>30 | 4 | 5 | 6 | 7 |

*Fakkii 26– Guca Haala Woliigala Hedannaa Guyyoota Ji'aa Agarsiisu (Akkataa Qorataan Filateen kan kaa'ame)*

# BOQONNAA SHAN: GUDUNFAA, ARGANNOO FI YABOO

## 5.1 Gudunfaa

Fookilooriin yaadrimee, beekumsa ummanni yookiin hawaasni waliin jiraatuufi bakka jirutti waan waliin qoodatu qabu tokko, jiruufi jireenya isaa qajeelchuuf, too'achuuf yookiin fala itti barbaaduudhaaf beekumsaafi falaasama isaatti fayyadamee uummate, hambaa hawaasaati. Kanaaf, wantoonni hawaasni tokko eenyummaa isaa, beekumsa isaa, qaroomina isaa, falaasama isaa, duudhaafi jiruuf jireenya isaa ittiin ibsatuufi too'atu hundi qabeenya isaati. Ummanni Oromoos hambaalee killayyaa fookiloorii Oromoo jalatti ibsamaniifi eenyummaa, amantii, beekumsa, qaroominaafi falaasama isaa ibsan, kanneen dhalootaa dhalootatti afaaniin dabarsaa tureefi dabarsaa jiru kanneen akka sirna gadaa, dhahaa, dhugeeffannaafi kkf walitti dhufeenya cimaa qabaniifi tokko kaan malee qofaatti beekumsa, amantii, falaasamaafi qaroomina ummata Oromoo ibsuun rakkisu hedduu qaba.Duudhaalee Orommoo beekumsi, siyaasni, qaroominniifi falaasammni Oromoon ittiin ibsamaniifi Oromoon jiruufi jireenya isaa ittiin qajeelfatuufi too'atu keessaa dhahi Oromoo hangafa. Hangafummaa dhaha Oromoof ammoo, sirna gadaa qaama dhaha Oromoo ta'eefi sirna bulchiinsaa seena-qabeessaafi dimokiraatawaa ta'uun mirkanaa'e kanaa ol ragaan biraa waan jiru hinfakkaatu. Dhahi Oromoofi sirni gadaas saantima takka ammoo, kan fuula lamaati.

Qorannoon kunis, duudhaalee Gujii keessaa dhaha Gujii beekumsa, qarooma, falaasama, hayyummaafi woyyummaa Gujii addeessu caalaatti bu'uureffata. Kaayyoon gooroo qorannichaas, hariiroo moggaasa maqaa guyyootaafi ayyaana guyyootaa ji'aa dhaha Gujii kan ji'a Hagayaa keessatti argamanii xiinxaluudha.Kaayyoo gooroo kana jalattis, kaayyooleen gooree qabxiilee gurguddoo akka: haala woliigala hedannaa dhaha Gujii, hariiroo mogaasa maqaafi ayyaana guyyootaa, ji'ootaa, tibbaa, haala hedannaa baraafi jilannaa bara haaraa gadaan wolqabatu, hariiroo dhahaafi duudhaaleefi haala qabatamaa dhahi Gujii irra jiru kanneen jedhamantu hammatameera.

## 5.2 Argannoo

Kaayyoolee gooree qorannichaa keessaa kan jalqabaa haala woliigala dhaha Gujii dhiyeessuudha. Dhahi Gujii qajeelchaafi kallattii isaaniin kaa'amuufi olaantummaan qaalluu caalaatti keessatti mul'atuun yuubonni hariiroo bakkalcha, urjii buusaa jedhaman kan

lakkoofsaan torba ta'aniifi addeessa gidduutti yeroo gara yerootti uumamu ilaaluun akka hedatamu taasifama. Kunis, bona ji'a Birraa (Onkololeessa) yeroo samiin qulqullooftee hariiroon buusaan, bakkalchaafi ji'aa caalaatti mul'achuu danda'utti galgala galgala qe'ee qaalluutti wolga'uun hedatama. Haallan dhahaafi kanneen haala dhahaa faana geeddaramaa deeman ilaaluun yookiin jijjiirama mul'achaa deeman irratti hundaa'uun hiikkoo kennaafi fala kaa'aa deemuun booda abbootiin gadaa gabalaa ofiitittiin galachuun jiruufi jireenyi hawaasa bal'aa akka ittiin qajeeluufi  too'atamu taasisan.

Haala hedannaa dhaha Gujii kana keessattis, guyyoonni ji'a tokko keessatti argaman lakkoofsaan ji'oota afuriif 27, ji'oota saddeetiif ammoo 28 ta'an. Haala kanaan, baay'inni ayyaanota ji'a Hagayaa 28. Tokkoon tokkoon isaanii kan lakka'aman lakkoofsaan osoo hintaane maqaa ayyaana/kaayoo isaan qabaniin moggafameeni.   Baay'ina guyyoota ji'aa kanniin adda adda kan taasise haala ji'aafi guyyaa/ayyaanaati. Adeensa hedannaa dhaha Gujii keessatti, ayyaanni 'Bita' jedhamu ji'oottan 12n keessaa Arraasaa, Badheessa, Caansaafi Adoolessaa keessa lama qofa (Bita qaraafi Bita eegee) waan ta'uuf, aayyaanonni ji'oottan kanniinii 27. Ji'oottan saddeettan hafan Hagaya, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Qaamuu, Bitdotteessa, Ellafi Wocabajjii keessa garuu ayyaanni 'Bita' jedhamu sadi (Bita qara, Bita jidduufi Bita eegee) waan ta'uuf ayyaanonni ji'aa wolitti 28.

Akka hedannaa dhaha Gujiitti ayyaanonni/guyyoonni ji'a tokko keessatti argaman haala ji'aa irratti hundaa'uun Addeessaafi Dukkana jechuun bakka gurguddoo lamatti qoodamu. Addeessi, guyyoota 1 -15 kan ji'i ifaa deemu yoo ta'u; dukkanni immoo, guyyoota 16- 30tti jiraniifi ifti ji'aa hir'ataa/dukkanaa'aa itti deemu. Haala kanaan, guyyaan ji'aa kan jalqabaa guyyaa dhuma ji'a duraa galgala mul'achuu ji'a jalqabaa baay'ee xiqqoo taateefi namni hundi arguu hindeenye kan Lu'oo/Lo'oo/Hellelloo jedhamuun beekkamtu mul'attu seena. Bariituu addeessa tokko jechuun ayyaana/guyyaa jalqaba ji'aa hedachuun jalqabama.  Kana jechuun, Gujiin Ayyaanota ji'aa 27 yookiin 28 jechuun kan hedatu ta'uyyuu, ayyaanotni ji'aa akka 30 ta'aniitti salphisee lakkaa'uuf ayyaanota jalqaba ji'aa 2 yookiin 3 irra deebi'uun hedata. Fakkeenya, ayyaanonni ji'a Hagayaa: 1(Shalbaana deettii), 2(Karaabicha), 3(Gardaaduma), 4(Busaawaa-qaraa)fikkf jechuun hanga ayyaana dhuma ji'aa 28(Shalbaana-bidirsaa)titti dhaabbata. Haata'umalee, ayyaanota/ guyyoota kanniin 30 akka guutan taasisuuf, ayyaana 29ffaa Shalbaana deettii, 30ffaa Karaabicha jechuun hedata.

Akka ragaan qorannoo kanaa argisiisutti, hedannaan dhahaa ayyaanaa/guyyaatti aanee jiru ji'aafi haala waktii yoo ta'an, akkaataa hedannaa Gujiitiin ji'oonni woggaa baay'inaan 12 yoo ta'an maqaafi tartiibni isaanii: Hagayaa, Birraa, Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaa, Qaamuu, Badheessa, Bitdotteessa, Caansaa, Ella, Wocabajjiifi Adoolessa. Haala kanaan, ji'i jalqaba woggaa Hagaya yoo ta'u, ji'i dhuma woggaa ammoo, Adoolessa.Gama biroon, akkaataa hedannaa Gujii kanaan waktiileen/tibboonni afur.Isaanis baay'ina ji'ootta ofjalatti hammataniitiin: Hagaya (ji'a Hagayaafi Birraa), Bona (Onkoleessa, Sadaasa, Arraasaafi Qaamuu), Ganna (Badheessa, Bitdotteessa, Caansaafi Ella)fi Adoolessa (Wocabajjiifi Adoolessa). Kunis, akkaataa hedannaa Gujiitti, tibboonni/waktiileen ji'oota woggaa wolqixa kan hinqabne yoo ta'u, kana kan fide ammoo, haala qilleensaa ta'etu ibsama.

Haala woliigala hedannaa dhaha Gujii qorannoo kana keessatti ilaalame keessaa tokko Gadaadha. Gadaan sirna ittiin bulmmaataa qindaa'aa, dimokiraatawaa, hirmaachisaa, bu'aa beekumsaa, qaroominaafi falaasama Oromoo addunyaan mirkaneessite. Kanaaf, Gadaafi dhahi kan wolitti hidhamaniifi gargar ba'anii hinilaalamne ta'uu agarsiisan keessaa tokko umriifi ga'een dhalli Oromoo(Gujii) jireenya isaa keessatti qabaachuu malu kan keessatti murtaa'u ta'uudha. Haala kanaan, akka beekumsaafi hedannaa dhaha Gujiitti, qoodamni ganna/umrii garee hawaasaa Dabballee hanga Ginyaati. Hangi bulchiinsa nama gadaa hogganuu turtii woggaatiin kan murtaa'u(woggaa 8) ta'uu isaa mul'isa. Gujiin (Oromoon) woggaa saddeet yoo ta'e walitti gadaa tokko jechuun akka woggaa haaraatti lakkaawwata, kabajatas. Qaabata gadaas, haalli gadaa ebeluu jechuun abbaa gadaa Gujii kan jalqabaatii(Jaajee Gobbaa 1424-1431) hanga isa ammaatti(Jiloo Maandhoo 2008-2010) qomaan himan irraa hubachuun nidanda'ama. Haala kanaan, Sirni gadaa Gujii erga jalqabee abbootii gadaa 74ffaa(bara 1424 hanga bara 2008) irra jira.

Kaayyoon gooree qorannoo kanaa kan lammataa, hariiroon mogaasa maqaafi ayyaana guyyoota ji'aa ti. Guyyoonni ji'aa moggaasa kan argatan ayyaana qabaniin yookaan kaayoo isaanii irratti hundaa'uuni.Ayyaanni gaarummaa qabu taatee guyyaa sanaa keessatti waan hosee irra deddeebi'uun ayyaana/guyyaa sana uumamuufi kaan irraa bakka guddaa qabatee mul'atu akka yaadannoo ayaanichaatti fudhatu. Kana irraa ka'uunis, ayyaana/guyyaa sanaaf maqaa waan hosee ayyaanichi ittiin qaabatamuu moggaafama. Fakkeenya, maqaa ayyaana ji'a Hagayaa, Karaabicha haa ilaalle, milkii hosee qaba jedhamee waan amanaamuuf yaa'a gaggeeffatu. Kana irraa kan ka'e, akka hedannaa dhaha Gujiitti, guyyaaf/ayyaanaaf maqaan kan mogga'u waan

ayyaana sana mudatu yookiin taatee ayyaana sanaa giddugaleeffateeti. Kaayoo hantuu yoo ta'es hammeenya ayyaana sanaatiif waan ka'umsa ta'eefi hammeenyummaa isaa ibsu irraa ka'uunis ayyaanotaa maqaa moggaasu. Fakkeenyaaf, ayyaanota ji'aa keessaa tokko Bita. Ayyaanni Bita jedhamu kaayoo namaa sa'aa hintolle qaba jedhamee waan amanamuuf akka guyyaa falfalaatti ilaalama. Bita jechuunis waan hantuu yookaan falfala jechuudha. Maqaan kunis milkii/kaayoo/ayyaana guyyichaa irratti hundaa'uun moggaafame jechuudha. Kanaaf, maqaan ayyaanota ji'aa taateewwan hosee yookaan hantuu hosummaafi hantummaan isaa jiruufi jireenya hawaasichaa keessatti baramaafi mirkanaa'aa dhufe irratti hundaa'uun moggaafama.

Hariiroo moggaasa maqaafi ayyaana dhaha Gujii ibsuu keessatti kanneen ilaalaman keessaa kan biroo hariiroo moggaasa maqaa ji'ootaafi ayyaana ji'ootaa woggaafi waktiileeti.Akka hedannaa Gujiitti, hariiroon moggaasa maqaa ji'ootaafi ayyaana ji'ootaa woggaafi tibbaa haala qilleensaa kanneen akka roobaa, aduu, dukkanaa, qorraa, bubbee, biqiltootaafi kkf wolqabatee jijjiirama lafarratti, samii irratti, nama irratti, beeyilada irrattiifi uumama biroo garagaraa irratti dhufaniin wolqabatee maqaan ji'ootaafi waktiilee moggaafama. Fakkeenya, ji'i Hagayaa seenuu marri Miirtuu jedhamtu ba'uun ilaalan.Kinniisni daraaraa marraa kanaa irraa damma dammeessa. Ji'a kana loon marraa bisaan qabu waan ta'eef ni'aanneessu. Ji'i kun sa'aa namaa quufaa nagaya waan ta'eef, qalatanii, daadhii naqatanii jilatuwaan ta'eef, Hagayi nageellicha.

Gujiin bara haaraa gadaan tokko dhumee inni itti aanu gaafa seenu akka bara haaraatti kabajata. Gadaa tokko yookaan woggaa saddeet keessatti bulchiinsi, seerri, kakuufi gulantaan ture gadaa itti aanu keessatti nihaaroma waan ta'eef, gadaa haaraan sirna bulchiinsaa haaraa, seera haaraa, kakuu haaraafi gulantaa haaraatti ce'uu waan qabuuf akka bara haaraatti kabajama.

Kaayyoo gooree qorannoo kanaa keessaa kan biroo haala qabatamaan dhahi Gujii irra jiru balballoomsuudha. Qaalluun abbootii gadaaf woyyummaa waaqayyo kenneef qooduun woggaa saddeet saddeetiin muudama kennaaf too'atas. Kana jechuun qaalluun beekumsaafi dandeettii eebbisanii dhaqqabsuufi aabaaranii gaggabsuu, haqummaafi wolqixxummaan bakka jiran deemuun hawaasa tajaajiluu abbootii gadaaf kenna. Abbootiin gadaas fulaa beekumsa dabalataa barbaadaniifi hiikkoon taatee haaraa isaan dhaqqabetti hoggansaafi deeggarsa qaalluun hawaasaaf tajaajila si'ataa kennaa turan.

Haata'umalee, akka bu'aan qorannoo kanaa ifoomsutti, qindoominni qaamota gurguddoo dhaha Gujii keessatti qooda olaanoo qabanii kan abbootii gadaafi qaalluu guutumaa guutuutti gadaa

afurii as addaan citeera. Abbootiin gadaa muuda qaalluu malee, kakuu haqaan tajaajiluufi kennaa woyyummaa kan ta'e qumbii qaalluu osoo hin nyaanne gadaa hogganuu eegalan. Imaanaa sirna bulchiinsaa duudhawaa jiruufi jireenya hawaasaafi qaama hawaasaa cufa hirmaachiseefi akaakileefi abaabilee irraa dhufe daran itti fufsiisuu itti kennames sirna bulchiinsa ammayyaan wolta makaa dhufan. Kana irraa kan ka'e, dhimmoota bulchiinsa duudhawaa hawaasaa cinatti dhiisuun ergama abbootii aangoo raawwachiisuuf kora adda addaa irratti bal'inaan hirmaachaa jiru. Kun immoo, caasaa, humnaafi hariiroo qaalluufi abbootii gadaa cimsuu irra laaffisaa dhufuu isaa godambaan ardaa jilaa Me'ee Bokkoo woggoota dheeraaf karoorfamee hanga ammaatti hinjalqabamin jiru ragaadha. Qaalluun, woyyuun Gujiis ulfina dhabee woyyummaan isaa laafaa akka dhufu taasisuunis qaalluun qaalluu amma jiruun duraa Saqoo Nagawoo mana amala sirreessaa seenee, ba'uunis dhibee achitti boqote caalaa ragaan dhibii hinjiru. Kunis, bu'aa taatee addaan citiinsa qaalluufi abbootii gadaa, gadaa afurii as (woggaa 26) uumameet. Kana irraa kan ka'e, sirni dhaha Gujii gadaa afuriif hamburameera.

Kaayyoo gooree qorannoo kanaa keessaa kan dhumaa, ga'ee Dhahi Gujii jiruuf jireenya Gujii keessatti qabu ibsuudha. Gujiin jiruufi jireenya isaa dhuunfaanis ta'e gareen kan gaggeeffatu ayyaana dhahaa irratti hundaa'eeti. Sirnootni akka fuudhaa heerumaa, sirna gadaa, duulaafi adamoo, godaansaafi qussumaa, dhaala miiloo, dhalootaa, du'aafi kkf ayyaana yookiin guyyaa; akkasumas, ji'oota keessa raawwatamaniifi hinraawwatamne qabu. Gujiin ayyaana dansaa hantuu ji'aafi guyyoottan keessa qunnaman dursee waan beekuuf, hantuu falachaafi ayyaana hosee eebbifachaa jiruuf jireenya isaa gaggeeffataa jira. Kun immoo, dhaha Gujii sadarkaa amma irra jiru kana akka ga'uufi salphaatti dagatamuu akka hindandeenye wolitti hidhiinsa bu'uuraa akka qabaatan taasiseera.

**5.3 Yaboo**

Dhahi Oromoo seenaa jireenya Oromoo keessatti bakka guddaa kan qabu, beekumsa, qaroominaafi falaasama Oromoo kan calaqqisiisu, hambaa killyyaa ummata Oromooti. Hambaa killayyaa kanas dhaloonni haaraan beekumsa ammayaa gargaaramee galma barbaadamu, akka biyyaattis ta'e akka addunyyaatti beekkamee kan ummanni Oromoo akka woliigalaatti bara ittiin lakkaawwatuun dhaqqabsuu qaba. Kanaaf, dhaha Oromoo Gujii beekumsa ammayyaa malee abbootiin qaalluu, abbootiin gadaafi yuubonni kalaqanii ittiin hawaasa tiksanii addunyaa

saayinsiifi teekinolojiin keessatti dagaagaa dhufeen ga’an kana, kufaatii jalaa baraaree caalaatti hundee akka godhatu taasisuun dirqama wayitaawaafi eenyummaa ba’uu gaafata. Kana taasisuufis;

1. Hariiroo hayyoota dhahaa (qaalluufi abbootii gadaa Gujii) gadaa afuriif addaan cite qorachuun akkaataa tokkummaan isaanii daran cimee hedannaan dhaha itti fufu taasisuun murteessaadha. Kuni immoo, qaamni dhimmi ilaalu hariiroo addaan cite kana caalaatti qorateefi cimsee beekumsi ganamaa qaaliifi aslii ta’e kun labata dhufutti akka ce’u taasifama jedhamee abdatama.

2. Madda moggaasa maqaalee: guyyootaa, ji’ootaa, waktiileefi gadaa kutaa Oromiyaa keessatti hayyootaan karaa adda addaa barraa’aa jiranii qoracuun kanneen waa’ee dhaha Oromoo (Gujii) beekuu barbaadaniif ka’umsa taasisuun barbaachisaadha.

3.Dhahi Gujii bifa gurmaa’eefi yeroo isaa eeggateen wiirtuu dhaha dhooftotaatti(qe’ee qaalluutti) gaggeeffamuun hafee bifa bittinnaa’een dhaha dhooftotaan bakka adda addaatti dhahamaa jiru, odeeffannoo dhaha Gujii bifa adda addaan akka himan taasisaa jira. Kanaaf, bu’uura dhaha Oromoo akka woliigalaatti qorachuun akkaataa wolitti dhufanii beekumsa, qaroominaafi falaasama Oromoo caalaatti itti calaqqisiisan taasisuun ga’ee hayyoota Oromoo ta’us, Biiroon Aadaafi Tuurizimii sadarkaa adda addaa jiran irraa hojii guddaatu eegama.

4. Duudhaaleen Oromoo Gujii kanneen akka sirnoota fuudhaaf heerumaafi fuudhaaf heerumaan wolqabatan Biriitiifi Harka nyaachisaa, dhaala miiloo, jiloota sirna gadaa:jaarraa utaaluu, guutimalaafi maqbaasaafi kkf jabeessanii gaggeessaa turuun har’a ga’uu dhaha Gujiif utubaa ta’eera.Kanaaf, duudhaalee wabii dhaha Gujii ta’an kanniin itti fufsiisuun dhaha Gujii itti fufsiisuufi dhaloota dhaalchisuu akka ta’etti ilaalamee xiyyeeffatamuu qaba.

## Wabii


Addunyaa Barkeessaa.(2011). **AKKAMTAA**. Finfinnee: Far East Trading Plc.

Alan Longstaff. (2005). **Calendars from around the world.** India: prentice Inc.

Amaan Hedatoo(2005). **Dhaha Arsii: Haala Hedannaa Baraa Godina Arsii Lixaa Irratti Xiyyeeffate**. Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Haramayaa. (Qorannoo hinmaxxanfamne.)

Asmarom Legesse.(1973). **Gada**. Three Approaches to the study of African Society.New York:Macmillan Publishing Co.Inc.

Ben-Amos Dan.(1971).**Toward A Definition of Folklore in Context**. The Journal of American Folklore,84(331),3-15.

Boonsamoo. (2009). **Madaala Sammuu**. Finfinnee:KeyLine Printing&Advertising Work PLC

Dastaa Dassaalany. (2007).**Bu'ura Qorannoo.** Addis Ababaa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dastaa Dassaalany. (2011). **Bu'ura Fookiloorii.** Moojula koorsii (INTRODUCTION FOLKLORE) jedhu. Kan hinmaxxanfamin.

Dirribii Damisee. (2012). **Ilaalcha Oromo: Barroo Aadaa, Seenaafi Amantaa Oromoo**. Finfinnee: Mana Maxxansaa Finfinnee

Dorsan, Richard Mercer. (1972). **Folklore and Folklife: An Introduction.** Chicago: The University of Chicago press.

Dundes Alan. (1965 ).**The Study of Folklore.** Berkley: prentice Hall Inc. FDRE. Central

Fiixaa Qachaa(2006). **QAACCESSA SIRNA HAMMACHIISAA QAALLUU AANAA MEETTAA ROOBII ABBAA DAAKAATIIN RAAWWATAMU**: Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa Guuttachuuf Yuunivarsiitii Finfinnee. (Qorannoo hinmaxxanfamne.)

Filee Jaallataa.(2016). **Beekumtaa Oromoo I(Oromo Folklore).**Naqamte, Oromiyaa:Mana Maxxansa Raajii

Finnegan, R. (1970). **Oral literature in Africa.** Kenya: Oxford University press.

Gemechu Megersa. (1999) . **The Oromo World view**. Naziret.

Gumii Waaqeffannaa Addunyaa. (2018). **Waaqeffannaa**. Norway:Oslo Press.

Hinseenee Mokiriyaa (2010*)*. ***Gaachana Kormaa*.**Addis Ababaa:printed by for Eest plc.

Jaatanii Diidaa. (2014). **JAARRAA**.**Haaromsa Aadaafi Seenaa BOORANAA**.Finfinnee Oromiyaa: ELLENI P.P.PLC.

Jamjam Uddeessaa &Dhaddacha Gololchaa.(2011). **The Gadaa DemocraticPluralism**. Addis Ababa: RELA Printing Press

Jamjam Uddeessaa.(2015). **BULCHUMMAA JEEBANAA**. HARAQALLOO:RELA Printing Press

Fr JOSEPH VAN DE LOO S.J.(1991). **GUJI OROMO CULTURE IN SOUTHERN ETHIOPIA**. DIETRCH REIMER VERLAG. BERLIN

Johansen, Jorgen D. (2002). **Signsin Use. An Introduction to Semiotics**.London:Routledge.

Josef Walmanbeg (2004).**Classics of Semiotics.** New York: Free Press.

LEELLISAA AADAA.(6413). **Kudhaama Seenaa.Oromiyaa.** Finfinnee:ELLENI P.P.PLC

Sims C. and Stephens M. (2005).**Living Folklore: An Introduction to the Study of people and their Traditions**. Utah; Utah State University press.

TONLEUS & Cynthia Salvadori (2006). **AADAA BOORANAA**. ADICTIONARY OF BORANA CULTURE.Addis Ababa, Ethiopia: Shama Books

Waajjira Aaadaafi Tuurizimii Godina Gujii. (2008). **Qorii Sona Aadaa**.Nageellee: Zak Print

Waldaa Aadaafi Duudhaa Oromoo. (6400/2006). **DAANIYAA**. Finfinnee Oromiyaa: Wiirtuu WBNO, KH.

Yaadasaa Tolasaa.(2008).**Malleen Qorannoo Waliigalaa**.Ambo:Far East PLC

http://www.gadaa.com/oromocalendar.html

http://machatulama.net/, Oromummaa as Oromo National Culture, Identity and Ideology

https://tseday.wordpress.com/2008/09/14/ethiopian-calendar/

http://www.math.sfu.ca/histmath/calendars/gregorian.html

http://www.infoplease.com/spot/gregorian1.html

The Chinese calendar. http://webexhibits.org/calendars/calendar-chinese.html

Chinese calendar; http://en.wikipedia.org/wiki/Chinese_calendar

Gregorian calendar in China, http://en.wikipedia.org/wiki/Gregorian_calendar

http://spaghettiboxkids.com/blog/mayan-numbers-for-kids/

www.britishcouncil.org/schoolsonline